# XIINXALA MOGGAASA BAKKEEWWAAN AANAA TOLEE

**BALLAXAA KABBADAA DILGAASAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA**
**DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMIISAAN GUUTTACHUUF**
**QOPHAA'E MUUMMEE AFAAN OROMOO, FOOKLOORIIFI**
**HOGBARRUUTIIF KANDHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,**
**JORNAALIZIMII FI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN**
**OROMOO HOGBARRUU FI FOOKLOORII**

**SADAASA 2014/2021**

**FINFINNEE**

# XIINXAlA MOGGAASA BAKKEEWWAN AANAA TOLEE

**BALLAXAA KABBADAA DILGAASAA**

**GORSAAN: AMAANU'EEL ALAMAAYYOO (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA**
**DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMIISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E MUUMMEE AFAAN OROMOO, FOOKLOORIIFI HOGBARRUUTIIF KANDHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMII FI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO HOGBARRUU FI FOOKLOORII**

**SADAASA 2014/2021**
**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**
**Sagantaa Digrii Lammaffaa**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, ogbarruufi fookloorii guuttachuuf mata duree Xiinxala Moggaasa Maqaa Bakkeewwan Aanaa Tolee Jedhamuun Ballaxaa Kabbadaa Dilgaasaatiin kan dhiyaatu,sadarkaa Ulaagaa Yuunivarsiitichi kaa'e guuteera.

## Koree Qormaataaa:

Gorsaa_____________________________Mallattoo_______________Guyyaa________________

Qoraa______________________________Mallattoo_______________Guyyaa________________

Qoraa______________________________Mallattoo_______________Guyyaa________________

_____________________________________________________________

**Itti gaafatamaa mummee yookin walitti qabaa sagantaa digrii lammaffaa**

## Axeerara

*Qorannoon kun mata duree xiinxala moggaasa bakkeewwan Aanaa Tolee jedhu kan bu'uureffate yemmuu ta'u, Kaayyoon isaas akkaataa moggaasa bakkeewwanii sakatta'uun ifa baasuudha. Xiyyeeffannoon hojii qorannoo kanaas hariiroon moggaasni bakkeewwanii aadaa hawaasa Aanaa Tolee waliin qabu maal akka fakkaatu, haala rawwii moggaasa bakkeewwanii, bu'uura moggaasa bakkeewwanii dhiibbaa moggaasa bakkeewwaniirra gahaa ture,qooda fudhattoota moggaasa bakkeewwanii faayidaa inni hawaasichaaf kennuu sakatta'amee qindaa'ee dhiyaateera. Adeemsa qorannoo kanaaf malli akkamtaa kan filatame yoo ta'u,iddattoonni odeeffannoo kennanis tooftaa miti carraan erga filatamanii mala akkayyoofi mala darbaa dabarsaatiin odeeffannoon akka funaanamu ta'eera. Ragaaleen funaanaman iddattoota afgaaffii fi maree garee xiyyeffannoo irraa yoo ta'an, mala akkamtaa hordofuun qaacceffamaniiru. Adeemsa kana keessatti ragaaleen funaanaman gara barreeffamaatti jijjiiramuun qaacceffamaniiru. Ragaaleen qaacceffamuun xiinxalamanii erga hiikamanii yaada goolabaarra gahuun danda'ameera. Kun immoo argannoo qorannoo kanaati. Qabxiileen argamanis akkaataan moggaasa bakkewwanii aadaa boonsaa fi beekamaa ta'uu isaati. Moggaasni bakkaa hawaasa bal'aa biratti akka beekamu taasisuurra darbee moggaasni gosa bu'uureffatee moggaafamu kabaja, wal gargaarsa, safuu, aadaafi seenaa darbe yaadachiisuun guddina Afaan Oromootiif gumacha. Adeemsi moggaasa maqaa dur tooba mataa isaa eegee kan deemaa ture yoo ta'u, sirnoota builchiinsaa darban keessatti maqaalee bakkeewwanii Afaan Oromootiin moggaafaman tokko tokkorratti dhiibbaan akka gahaa ture hubatameera.Moggaasni bakkeewwanii sanyii, siyaasa, qubsumaa,latiinsa, haala qilleensaa, teessuma lafaa,amantaa, seenaa goototaa,biqilootaafi kanneen kana fakkaatan bu'uureffachun moggaafama.Akkasumas moggaaasni bakkaa tokko bu'uura tokkoo ol qbaachuu danda'a. Gama biraan immoo, moggaasni bakkeewwanii tokko tokko aadaa hawaasa Oromoo waliin kan wal hinsimne nijiru.Sababni isaas sirnoota darban keessa bittoonni akkaataa aadaafi amantaa isaanii ibsutti bakkeewwan tokko tokko moggaasaa waan turaniif moggaasni bakkeewwan kunneenii aadaa hawaasa kanaa waliin hariiroo akka hin qabaanne ta'ee jira. Dhumarratti Waajjirri Aadaafi Turizimii, dhimma hawwaasummaa,hawaasa Oromoo Aanaa Toleefi qaamni dhimmi ilaallatu hundi safuu, aadaa, seenaafi duudhaa Oromoo gama moggaasa bakkaatiin darbu tursiisuun guddina Afaan Oromootiif gumaachuu akka qaban yaboo dhiyaate kana irraa hubachuun nidanda'ama.*

**GALATA**

Duraan dursa fayyaaf umrii naaf kennee waan hunduma keessatti kan na gargaare Waaqayyoof galanni kiyya daangaa hin qabu. Itti aansuudhaanis, qorannoo kana yemmuun gaggeessaa turetti naqajeelchaafi nagorsaa kan turan Amaanu’eel Alamaayyootiif (phD) galanni koo baay’ee guddaadha.Akkasuma ammo, yemmuun ragaa funaannadhutti, hirmaattota af-gaaffii, mare garee xiyyeeffannoofi qorattoota aadaa aanichaa humnaafi yeroo isaanii haarsaa gochuun beekkumsa qaban irra deddeebiin naaqooduun deeggarsa guddaa waan naagumaachaniif baay’een isaan galateeffadha. Dhumarrattis, gabaasa qorannoo kanaa yemmuun qaama dhimmi ilaallatutti ergaa turretti toora intarneetiitti akkan fayyadamu nuffii tokko malee haala kan naa mijeessaa turan obbo Galaanaa Kitaabaa osoon hingalateeffatiin bira hin darbu.

# Baafata

Axeerara ........ i

GALATA ........ ii

Baafata ........ iii

BOQONNAATOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 6

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 6

1.3.2 Kaayyoowwan Gooree ........ 6

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 8

1.6. Haala Waliigala Bakka Qorannoo ........ 8

1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 16

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 17

2.1 Maalummaa Moggaasaa ........ 17

2.2 Faayidaa Moggaasaa ........ 17

2.3 Maalummaa Maqaa ........ 18

2.4 Faayidaa Maqaa ........ 20

2.5 Bu'uura Moggaasa Bakkeewwanii ........ 21

2.5.1 Moggaasa Bakkeewwanii Siyaasa Waaliin Walqabatan ........ 21

2.5.2 Moggaasa Bkkeewwanii Sanyii Waliin Walqabatan ........ 22

2.5.3 Moggaasa Bkkeewwanii Gootummaa Ibsuurratti Xiyyeefatan ........ 23

2.5.4 Moggaasa Bakkeewwanii Amantaan Walqabatan ........ 23

2.5.5 Moggaasa Bakkeewwanii Maqaa Namaarrtti Xiyyeeffatu ........ 23

2.5.6 Moggaasa Bakkeewwanii Tokkummaafi Qubsumaarratti Xiyyeeffatan ........ 23

2.6 Qooda Fudhattoota Moggaasa Bakkeewwanii .................... 24
2.7 Yaadiddama Qorannoo Fookloorii .................... 24
2.8. Sakatta'a Barruu Walfakkii .................... 27
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA .................... 29
3.1. Saxaxa Qorannichaa .................... 29
3.2. Tooftaa Iddatteessuu .................... 29
3.3 Irraawwatamaa Qorannichaa .................... 31
3.4. Madda odeeffannoo .................... 31
3.5 Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo .................... 31
3.5.1 Afgaaffii .................... 31
3.5.2Marii Garee .................... 32
3.6 Mala Qaaccessa Odeeffannoo .................... 33
3.7 Muuxannoo Dirreefi Naamusa Qorannoo .................... 33
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE .................... 34
4.1 Aadaa Moggaasaafi Moggaasa Bakkeewwanii .................... 34
4.2 Haala Raawwii Moggaasa Bakkeewwanii .................... 38
4.3 Bu'uura Moggaasa Maqaalee Bakkeewwanii .................... 44
4.3.1 Moggaasa Bakkeewwanii Guyyoota Torbanii Bu'uureffatan .................... 45
4.3.2. Moggaasa Bakkeewwanii Siyaasa Waliin Walqabatan .................... 45
4.3.3 Moggaasa Bakkeewwanii Qomoo Waliin Walqabatan .................... 47
4.3.4 Moggaasa Bakkeewwanii Gootummaa Bu'uureffatan .................... 48
4.3.5 Moggaasa Bakkeewwanii HaalaTeessuma Lafaa Ibsan .................... 49
4.3.6 Moggasa Bakkeewwanii Seenaa Adda Addaa Ibsan .................... 50
4 3.7 Moggaasa  Bakkeewwanii Amantaa Bu'uureffatan .................... 51
4.3.8 Moggaasa Bakkeewwanii Haala Qubsumaa Bu'uureffatan .................... 52
4.3.9 Moggaasa Bakkeewwanii Maqaa Namaa Bu'uureffatan .................... 53
4.3.10 Moggaasa Bakkeewwanii Biqiloota Bu'uureffatan .................... 53

4.3.11 Moggaasa Bakkeewwanii Haala Qilleensaan Walqabatan ........................................ 54
4.3.12 Moggaasa Bakkeewwanii Mudannoo Bu'uureffatan ................................................ 55
4.4 Qooda Fudhattoota Moggaasa Bakkeewwanii ................................................................... 56
4.5 Faayidaa Moggaasa Bakkeewwanii ...................................................................................... 57
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO ................................................... 62
5.1 Cuunfaa ......................................................................................................................... 62
5.2 Goolaba ......................................................................................................................... 64
5.3 Yaboo ............................................................................................................................ 66
Wabiilee .............................................................................................................................. 67
Dabalee A: Gaaffilee Afgaaffii Manguddoolii Aanaa Toleetii Dhiyaatu
Dabalee B: Gaaffilee Afgaaffii Garee Maree Xiyyeeffannoo Manguddoolii
Dabalee C: Manguddootaafi Qorattoota Aadaa Aanaa Tolee Af-gaaffii irratti hirmaatan
Dabalee D: Manguddootaa Aanaa Tolee Maree Garee Xiyyeeffannoo
Dabalee E: Gabatee Bu'uura Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii
Dabalee F : Gandoota Aanaa Tolee

# BOQONNAATOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Moggaasni adeemsa dhalli namaa qabeenya uumamaafis ta'ee nam- tolcheedhaaf maqaa moggaasee ittiin waamuudha.Adeemsi kunis akkaataa aadaa hawaasaatiin adeemsifama.Sababni kana ta'eefis jiruufi jireenyi,aadaan,duudhaan hawaasa tokkoofi kan isa biroo addaa adda waan ta'eef, adeemsichis hawaasa garaa garaa biratti garaa gara ta'uun isaa nibeekama.Beektonni tokko tokkos moggaasnni maqaa aadaa hawaasa tokkoo waliin walqabataa akka ta'e ni ibsu. Yaada kana ilaalchisee Marsanii (2008:15) yoo ibsu, "Moggaasni maqaa aadaa saba tokkoo keessaa isa tokkodha. Hiikni maqaa moggaafamee sunis hiika sirrii kan argatu aadaa hawaasa maqaa sana moggaase keessatti qofa".Jedha. Yanni armaan olitti ka'e kun kan nama hubachiisu,moggaasni maqaa hawqaasa kam keessattiyyuu akkaataa aadaa isaatiin kan adeemsifamu ta'ee,yaada rimeen maqaa moggaafamee sunis kan hubatamuu danda'u haaluma aadaa hawaasichaatiin ta'uu isaati.Karaa biraa ammoo, adeemsichi aadaa hawaasa sanaan ala yoota'e, hiikni maqaa sanaa kennataa hin ta'u kan jedhullee ofkeessatti qabata.

Yaaduma armaan oliirraa ka'uun moggaasni maqaafi aadaan hawaasa tokkoo adda bahuu kan hindadeenyeefi tokko isa biraa malee kennataa hin ta'an. Maqaan moggaafamu sun kennataa yookin hubatamuu kan danda'u, adaan hawaasichaafi moggaasni maqaa yoo wal sime qofa. Kana ilaalchiisee, Eugene ( 2008) yookaasu, "Each place name has an image that shows the physical and environmental characteristics of the place, giving the user a wealth of information by the simple use of a name" jechuun ibsa.Yaada kanaarraa hubachuun akkuma danda'amu, maqaan bakkeewwanii kamiiyyuu fakkaattii haala teessuma laffaafi amala inni qabu kan agarsiisu ta'ee, maqaan moggaasamu sun ammoo namoota yookin hawaasa naannoo sana jiraatuuf odeeffanoo yookin hiika maqqan sun qabu akka isaan hubataniif gumaacha guddaa taasisaaf.Haaluma kanaan hawaasni naannoo sana juiraatu uumama naannoo isaatti argamu hundaaf akkaataa aadaa isaa ibsuun maqaa moggaasee erga raawwatee booda,isa tokko kan biroo irraa adda baasee waamaan. Sirna kana yemmuu gaggeessus,aadaa hawaasa naannoo sana keessa jiraatuu xiyyeeffannoo guddaa keessa kan galchu yoo ta'u,wantoonni biroo ilaalamanis jiru.Isaanis:Jiruufi jireenya hawaasichaa,duudhaa isaa, hawwiisaa, haala teessuma lafaa milkaa'ina isaa, qomoo, mudannoo, sirna yeroo sanaa,latiinsa,seenaa goototaa, qubsama biqiloota naannoo sanatti argamafi kanneen kana fakkaatan, amantii, faaa kaasuun nidanda'ama.

Maqaalee qabeenya uumamaa keessaa maqaaleen bakkaa isa tokko yoo ta'u, dhimma kana ilaalchisee, Room (1967:1) yoo ibsu, "Place names wether they be a city or a river a country or a mountain, denote something about the regions of the feature,sometimes telling in a word who founded a city." jedha.Akka yaada armaan oliirraa hubatamuutti, maqqaawwan bakkeewwanii kanneen akka maqqaalee magaalaa, maqaalee laggeenii,maqqaalee tulluuwwaniifi kanneen kana fakkaatan argama naannoo sanaa agarsiisu;yeroo tokko tokkos eenyu magaalaa sana akka argate yookin hundeese ibsuu danda'u. Maqaan jecha yookaan jechoota dhalli namaa namootaaf, bakkeewwaniifi wantoota naannoo isaa jiraniif moggaasee ittiin waamu akka ta'e hayyoonni tokko tokko ni ibsu. Yaada kana ilaalchisee Hornby (1995:771) yoo ibsu, "Name is a word or words by which a person, an animal, place or thing is known by and spoken to or about" jechuun ibsee jira.Yaadnii barreeffaama kanaa kana keessatti ka'e akka nama hubachiisutti ,maqaan jecha namoonni,beeladoonni,iddoowwan,meeshaaleen yookan wantoonni ittiin beekkamaniifi ittiin waamamaniidha.

Yaada armaan olii kana, Eddy (2005:549) akka jedhutti, "Name is a word to out and refer to a fellow human being, animal and an object, or class of such beings and an object" jedha. Barreeffamni kun akka ibsutti, maqqaan jecha dhalli namaa, beeladoonni, wantoonnifi gareewwan isaanii kan ittiin ibsamaniidha yaada jedhu of keessaa qaba.

Adeemsi namootaaf, bakkeewwaniif, laggeeniif, tulluuwwaniifi kanneen kana fakkaataniif maaqaa baasuu maggasa maqqaa jedhamuun beekkaama.Yaada kana, Powell (1990:1) yoo ibsa itti laatu,"Naming is the process of giving names to things using words and language. It is an aspect of every day taxonomy as we distinguish the object of our experience, together with their similarities and differences which we identify them to arrange in groups according to features that they have in common"jedhee yoo ibsu,yaadichis moggaasni adeemsa jechootaafi afaanitti fayyadamuun wantootaaf maqaa moggaasuudha. Adeemsichis guyyaa guyyaadhaan wantoota garee gareetti qoqqooduun tokkummaafi garaagarummaa isaanii kan ittiin adda baasnnuufi akka amala isaanitti ramadnee ittiin waamuu dandeenya kan jedhu of keessaa qaba.

Yaaduma armaan olitti ibsame Kana ilaalchisee, Crystal (1989:290) yoo ibsu," We have no direct knowledge of the origin and early development of language and names as well, nor it is easy to imagine how such knowledge is obtained." Jedha.Barreeffamichi kan nu hubachiisu, haalli jalqabiinsaafi guddina afaanifi maqaa daangaa beekumsa keenyaan ala ta'uufi

beekumsichis tasuma tilmaamuunillee akka hindanda'amne ta'uu isaati.Waan kana ta'eef maalummaafi yoomessa afaaniifi moggaasa maqaa adda baasanii hubachuun cimaafi bal'aa waan ta'eef daangaa dandeettii dhala nammaatiin ala ta'uu isaa nutti agarsiisa.

Yaaduma kan ilaachisee, Stewart (1967:5) itti aansuun, "No *one* knows when men came or who gave the first name. There is no sure beginning place and time for naming"jedha.Yaadni kun ilmi namaa yoom akka gara addunyaa kana dhufeefi maqaa isa duraa eenyu akka moggaase namuu beekuu akka hindadeenye lafa kaa'a. Akkasuma, moggaasni maqaa yoomiifi eessatti akka jalqabame beekuun rakkisaa ta'uu isaa yaada armaan oliirra hubachuu dandeenya .

Haaluma walfakkaatuun, Smith (1969:168) yoo ibsu, "Names undoubtedly originated during the very earliest beginning of the birth of language." Akka hayyuun kun ibsutti, hennaan jalqabbii moggaasa maqaafi jalqabbiin afaanii walirraa fagoo akka hintaaneefi yeruma afaan dhalatu maqaanis moggaafamuu jalqabuu isaa nu hubachiisa. Kun ammo moggaasa maqaa fi afaan dhala namaa gonkuma adda baasanii ilaaluun akka hindanda'amne namatti agarsiisa.

Yaaduma armaan olii kana, Nettle and Romaine (2000:50) yemmuu kaasan, "If a language doesn't have a term for something, it may mean that thing is probably not important in that culture. On the other hand, if a language has a set of names for something, then perhaps that thing reflects some cultural essence of the people." Jedhu.Yaadni kun kan nutti agarsiisu,afaan tokko jecha waan tokko ittiin hubatan hinqabu yoota'e,waantichi aadaa hawaasa sanaa keessatti barbaachisaa miti ta'a.Karaa biraa ammo,afaan tokko jechoota wantoota ittiin ibsan heddu qaba yoota'e,wantoonni sun aadaa hawaasa sanaa keessatti heddu barbaachisoofi fudhatama kan qaban ta'uu isaanii nu hubachiisa.

Hawaasni Oromoos akkaataa aadaa isaatiin maaqaa bakkeewwanii moggaasa. Sirnnichis kan gaggeeffamu yuubaa yookin guula duubaa dhuftee aadaa hawaasa Oromoo sirritti beekaniin adeemsifama malee namuuma fedheen miti. Maqaa yemmuu moggaasus akkasumatti waanuma moggaasuu qabuuf osoo hin taane, hawaasichi hubatee akka itti fayyadamuufi aadaa kana akkuma dhalootarraa fuudhan dhaloottattii dabarsuuf jecha.Kunis duubaa dhufteedhuma isaatiin hojiirra oolaa dhufee, ammas hojiirra oolaa, gara fuulduraas kan itti fufu ta'a. Akkaataa kanaan Oromoon aadaa isaa keessatti bakkeewwaniif, laggeeniif, tulluuwwaniifi kanneen kana fakkaataniif maqaa moggaasee ittiin waama. Yemmuu Sirna kana gaggeessus, dhimmoonni adda

addaa xiyyeeffannoo keessa galanis jiru. Isaanis haala jiruufi jireenyaa,aadaa,seenaa goototaa, sirna bulchiinsaa, gosummaa, argama lafaa, siyaasa, latiinsa hawaasichaa, fakkaattii wantootaa, qubsama hawaasaa, qabiyyee lafaa, amantii, horsiisa loonii, afaan, oomishaafi kanneen kana fakkaatan bu'uura godhachuun maqaa moggaasa. Moggaasni maqaa kun maalirraa ka'ee akka mogaafame ,akkamitti adeemsifamaa akka tureefi yeroo si'anaa kana ammo haala kamiin hojiirra oolaa akka jiru xiinxaluun adda baasanii lafa kaa'uun aadaa hawaasni kun karaa moggaasa maqaa qabu dhaloota dhufutti akka darbu taasisuufiidha.Yaada kana, Naomi (1993:6) yoo ibsu "Indigenous communities have kept their culture alive by passing on their world view, their knowledge and know how, their arts, rituals and performaneces from one generation to the next," jedha.Yaadni kun kan nu hubachiisu,hawaasn aadaan isaa akka hinbanne kan ittiin eeguufi, beekumsa,ogummaafi dandeettii isaa dhalootaa dhalootatti kan dabarsu karaa moggaasa maqaa ta'uu isaati.

Akka waliigalaatti yoo ilaalamu, moggaasni maqaa, aadaa,afaaniifi eenyummaan hawaasaa tokkoo walitti dhufeenya guddaa qabu.Kanaafuu, moggaasni maqaa bakkeewwanii aadaa hawaasaa waliin hariiroo guddaa kan qabaniifi gargar bahamanii akka hin ilaalamne qabxxiiwwan armaan oliirraa hubachuun nidanda'ama.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Moggaasni bakkeewwan Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee maalirraa ka'ee akka mogaafame ,akkamitti adeemsifamaa akka tureefi yeroo si'anaa kana ammo haala kamiin hojiirra oolaa akka jiru xiinxaluun adda baasanii lafa kaa'uun aadaa hawaasni kun karaa moggaasa maqaa qabu dhaloota dhufutti akka darbu taasisuufiidha.

Haalli moggaasa bakkeewwan, Aanicha keessa ture, maal maal irratti bu'uureffatee akka jiru, ,faayidaa hawaasichaaf kennuufi hubannoo hawaasichi maqaalee kanneenirratti qabu sakatta'amee qindaa'ee yoo taa'e dhaloonni fuulduraa hubannoo guddaa irraa argachuu danda'a amantaa jedhurraayi.Kana qofa osoo hintaane aadaa uummata Oromoo Aanaa Tolee tursiisuuf gumaacha guddaa qaba kan jedhamurra ka'ameeti.

Gama biraan immoo hiikkaan maqaalee bakkeewwan garaagaraa aanicha keessa jiran adeemsa akkamii keessa darbanii akka asgahan, maal irratti akka xiyyeeffatanii moggaafamaniifi aadaa hawaasichaa waliin walqabatee maaltu akka jiru qorannoo gadi fagootiin sakatta'amanii

qindaa’anii Waajjira Aadaafi Turuzimii aanichaa keessas ta’ee, bakkee biraa namoonni carraa argatanii dubbisuun beekumsa haaraa irraa argatan amma qorataan kun beekutti dhabamuu isaaniiti. Qorannoon akka ka’umsaatti Aanaa Tolee keessatti mata duree qorannoo kanaa waliin walitti dhufeenya qabaatee, moggaasa maqaa bakkeewwanii aanaa kanaa ilaalchisee dhaloota haaraaf bu’uura beekumsaa ta’u qabatamaan qoratamee, qindaa’ee ifatti kan lafa taa’e kan hinjirre ta’uusaati. Kun immoo aadaa hawaasni Oromoo aaanicha keessa jiraatuu gama moggaasa maqaatiin qabu tursiisuu irratti dhiibbaa guddaa akka qabu kallattii namatti agarsiisa.Qorataanis qaawwaan kunneen bu’uura godhachuudhaan qabxilee armaan gadii ka’uumsa godhateera.Issaanias:

- Moggaasa maqaa bakkeewwanii aanaa Tolee aadaa hawaasichaa waliin walitti dhufeenya qabaachuufi dhabuu isaa addaan bahee yoo qaacca’e dhaloota dhufuuf bu’uura beekumsaa ta’a yaada jedhurraa ka’ameeti.
- Moggaasni maqaa bakkeewwan aanaa Tolee akkamitti gaggeeffamaa akka jiru qoratamee dhalootaaf osoo lafa taa’ee, beekkumsa labata kanaa dabaluu danda’a yaada jedhurraa ka’ameeti.
- Hawaasni aanaa kanaa maqaa bakkeewwanii maal maalfaa bu’uureffatee moggaasaa akka turee, eenyu faa qooda fudhachaa akka tureefi, faayidaaan hawaasichaaf inni kennu maal maal akka ta’e osoo adda bahee qaacceffamee hojii moggaasa maqaa bakkeeww aaniiaanichaa waliin walqabatuuf ka’uumsa ta’uu danda’a.

Haaluma kanaan gaaffilee bu’uuraaa qorannoo kanaan deebii argachuu malu jedhamanii taa’an isaaan asii gadiiti.

- Moggaasni bakkeewwan hawaasa Oromoo aanaa Tolee hawaasa Aanichaa waliin hariiroo akkamii qaba?
- Haalli raawwii moggaasa maqaa bakkeewwan aanichaa akkamitti adeemsifamaa ture?
- Bakkeewwan Aanaa Tolee maal maal iirratti bu’uureffamuun moggaafamu?
- Moggaasni bakkeewwan hawaasa Oromoo AanaaTolee faayidaalee akkamii kenna?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

**Kaayyoo Gooroofi Kaayyoo Gooree**

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa akkaataa moggaasa maqaa bakkeewwanii haala qabatamaa hawaasa Oromoo aanaa Tolee xiinxaluudha.

#### 1.3.2 Kaayyoowwan Gooree

**Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:**

- Moggaasni maqaa bakkeewwanii hawaasa Oromoo aanaa Toleefi aadaan hawaasichaa hariiroo qabaachuu isaa adda baasuu.
- Moggaasni maqaa bakkeewwanii hawaasa aanaa Tolee haala kamiin raawwatamaa akka as gahe addeessuu.
- Bu'uurri moggaasa maqaa bakkeewwan Aanaa Tolee maal maal faa akka ta'an adda-baasuu.
- Moggaasa maqaa bakkeewwanii keessatti eenyu faa akka qooda fudhachaa tureefi eenyu qooda fudhachaa akka jiru addeessuu.
- Moggaasni maaqaa bakkeewwanii hawaasa Oromoo aanaa Toleetiif faayidaa akkamii kennaa akka turee ibsuu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Moggaasni maqaa uummata Oromoo biratti nibeekama. Maqaan kennamu kunis aadaa, duudhaafi safuu hawaasichaa kan calaqqisiisudha.Akkaata moggaasni maqaa bakkeewwanii Aanaa Tolee keessatti kennamaa turan sakatta'anii ifa gochuun barbaachisaadha.

Moggaasni maqaa bakkeewwanii hawaasa Aanaa Tolee biratti aadaa isaa waliin hariiroo qaqabachuu isaa, adeemsi raawwii isaa durii kaasee amma ammaatti maal akka fakkaatu, qaamoleen sirnicha keessatti qooda fudhatan eenyu faa akka ta'an, maal bu'uureffatanii akka moggaasanfi hawaasni aanichaa maal akka irraa fayyadamu qorannoo gageessuun adda baasanii addeessuun barbaachisaaadhasa.Akkasuma moggaasa maqaa bakkeewwanii ilaalchisee jaarsoliin aanichaa beekumsa guddaa waan qabaniif beekumsa kana duguuganii fayyadamuun

barbaachisaadha. Kana qofa osoo hintaane duuba dhufteen aadaan moggaasa maqaa bakkeewwan aanichaa dhama isaa osoo hin lakkisiin akka turuufi dhaloonni duraa dubaan dhufu beekumsa akka irra argatuuf qorannoon kun faayidaa guddaa qaba.

Haata'u malee qorannoon aadaa boonsaa moggaaasa maqaa bakkeewweanii qabeenya qaalii maallaqqaan jijjiiramuufi argamuu hin dandeenye kana sakatta'uun ifatti baasee hawaasichaaf kan dhiyeesse dhabamuu isaati. Kun ammo galaanni beekumsaa jaarsolii, yubootaafi luboota keessa dhokatee jiru akka ifatti bahee hin mul'anne godha.Kanaafuu isa kana duukaa bu'uun qoratanii faayidaarra akka oolu gochuun kan wal nama hingaafachisneedha.

Haaluma kanaan qorannoon aadaa moggaasa maqaa gaggeeffamu kunis dhaloonni aanaa kanaa beekumsa walitti qabame kana akka salphaatti argatanii dubbisuun hubannoo guddaa akka argatan ni gumaacha.Kana qofa osoo hintaane guddina afaan hawaasichaafillee daran barbaachisaadha.Yaada kana Brown (2006:486) yoo kaasu, "Name is obviously a piece of Language. Name is deeper aspect of your identity, both for yourself and others" jedha.Barreeffamni kun kan nu hubachhisu, maqaafi afaan gonkumayyuu gar gar bahamanii akka hin ilaalamneefi eenyuumma dhala namaa kan hibsu ta'uu isaati.

Yaaduma armaan olii kana, Andreas (20:.2) yoo ibsu, "In every culture, names have cultural and social context that identifise the bearer" jedha. Akka yaada kanaatti, aadaa kamuu keessatti maqaan aadaa waliin walitti dhufeenya kan qabaniifi hawaasa sana kan ibsaniidha.

Faayidaan moggaasa maqaa bakkeewwanii hawaasa Oromoo Aanaa Toleetiif qabu bal'inaan olitti ibsamee jira.Haaluma kanaan barbaachisummaan qorannoo kanaa kan bu'uuraa akka armaan gadiitti eeramee jira.Isaanis:

- Beekumsa gama moggaasa maqaa bakkeewwaniin walitti qabamu dhaloota dhufuuf dabarsuudhaaf fayidaa guddaa qaba.
- Aadaa moggaasa maqaa bakkeewwan Aanaa Tolee ifatti baasanii mul'isuuf gaheeqaba.
- Aadaa moggaasa maqaa bakkeewwanii aanichaa keessatti rakkoowwan ademsicha gufachiisaa turan yoo jiratan ifatti baasee saaxiluuf.
- Haala qabatamaa aanaa kanaafi aadaan mogaasa maqaa bakkeewwa aanichaa maaal akka fakkaatu beekuu nama barbaaduuf deeggarsa guddaa godhaaf.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Hawaasni kamiyyuu akkaataa aadaa isaatti bakkeewwaniifis ta’ee uummama hunda naannoo isaatti argamaniif maqaa moggaasa.Moggaasni kunis aadeemsa maqaa kennuu yemmuu ta’u, bakki, daa’imni yookin waanti maqaan kennameef sun kanneen biroorraa kan ittiin adda baafataniidha.

Hojii qorannoo Kanaa Keessatti, akkaataa bakkeewwan itti moggaafaman, faayidaaleen moggaasa maqaalee bakkeewwanifi bu’uura moggaasa maqaaleerratti hiika hawaasni qabu bu’uura godhachuudhaan bakkaafi matadureedhaan kan daangeffameedha.

Haaluma kanaan, Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Toleerratti kan xiyyeeffatamee yoota’u, mata duree ilaachisee “Xiinxala Moggaasa Maqaa Bakkeewwan Aanaa Tolee“ kanneen jedhaniin dangeffamee jira.Sababni isaas Oromiyaan bal’oo waan taateef moggaasa maqaalee bakkeewwanii qorachuuf hanqina yeroofi baajataan yoo ilaalamu, baajata guddaafi humna guddaa kan gaafatuudha. Kanaafuu namoota hojii qorannoo kanaarratti hirmaachuu danda’an salphaadhumatti argachuufi Karaa ragaan qorannoo kanaa itti funaanamu gabaabsuufi mijeessuudhaaf daangessuun hojii kanaaf barbaachisaa ta’ee argameera.

## 1.6. Haala Waliigala Bakka Qorannoo

Aanaan Tolee naannoo Oromiyaa,godina Shawaa Kibba Lixaa keessatti kan argamtu yoo taatu, magaalaa Finfinnee irraa fageenya kiilo meetira 83 irratti kan argamtu yoo taatu,magaalaa godinaa irraa ammo fageenya kilo meetira 76 irratti kan argamtuudha.Aanaan kun argamni ishii aanolee afuriin marfamtee kan argamtuudha.Isaanis:Bahaan aanaa Qarsaa Maallimaatiin, Lixaan aanaa Bachhootiin, Kibbaan aanaa Qarsaafi Sadan Sooddootiin, Kaabaan aanaa Sabbataa Hawaasiifi  Iluutiin yoota’u, moggaasni maqaa ishee kan irraa madde sababa aanaan kun haalli teessuma lafa ishee jireenya namaafi beeyladootaaf akkasumas lafa oomisha adda addaa yoo facaasan kan magarsitu ta’uu ishee irraan kan ka’e aanaa mijattuu yookan aanaa Toltuu yookan Tolee jedhee kan moggaase Abbaa Gadaa yeroo sanaa kan maqaan isaanii Galatee Guutee jedhamaniidha.Kanumarraa ka’uunis aanaan kun Tolee jedhamtee moggaafamuu ishii ragaan waajjira Aadaafi Turiziimii AanaaToleerraa argame nibsa.

Aanaan Tolee 410.19km2 yookan 410 heektara yoo bal’atu,kana keessaa dhibbaantaan 80% lafa diriiraa yoo ta’u, dhibbaantaan hafe tabbaafi sululaadha.Laggeen gurguddoo Bonaaa Ganna yaa’an aanaa kana keessatti ni argamu. Isaanis: laga Koocee, laga Shankooraa, laga Tajii, laga Tagabaa, laga Dhulaandhulaa fa’i.

Haalli qilleensa aanaaTolee akkaataa taa’umsa lafa aanichaatiin, dhibbaantaan torbaatamii shan (75%) badda daree yoota’u, dhibbaantaan digdamii shan (25%) ammo baddaadha. Aanicha keessa gammoojjiin kan hinjirreedha.

Olka’iinsi lafa ishee sirrii galaanaa irraa 2100-3080 meetira yoo ta’u , roobni aanittiin waggaatti argattu giddu galeessaan 1200mm ni ta’a jedhameetu tilmaamama. Haalli rooba aanichaas bakka lamatti kan qoodamu yoota’u,roobni Arfaasaa ji’a Bitootessaa irraa eegalee hanga dhuma caamsaatti kan turuudha. Roobni Gannaa immoo ji’a waxabajjii irraa eegalee hanga dhuma ji’a Fulbaanaatti kan turuudha.

Qaamni lafa Aanaa Tolee gosoota biyyee kanneen akka biyyee kootichaa, biyyee diimaa , biyyee cirrachaa , kan qabuudha. Biyyeen kootichaa kallattii aanichaa gara kaabaatti naannawa Bachoo jedhamutti argama. Biyyoo kootichaa kana irratti gosoota midhaanii kanneen akka xaafii, shumburaa, missira, gaayyoofi darbee darbees qamadiin bal’inaan irrtti kan oomishamuudha. Biyyoo diimaan (biyoo gomboreen) bal’inaan kallattii aanichaa gara kibbaatti yoo argamu midhaan kanneen kan akka qamadii, garbuu, baaqelaa, atara, missira fi xaafiin bal’inaan magarsu.

Aanaan Tolee lafa bosonaa heectagra 500-600 kan ta’u kan qabduufi mukkeen gurguddoo kan akka ejersaa, birbirsa, gaattiraa, garbii, laaftoo, muka arbaafi arbuun bal’inaan keessatti argau. Bineensonni bosonaas kanneen akka sardiidaa, fiichee/boortee, qamalee, kuruphee, xaddee, goljaa, waraabessa, hamaakosii, osoleefi kanneen biroo niargamu. Akkasumas, allaattiiwwan gosa garaa garaa kanneen akka cirrii, arraagessa, sololi’aa, gogorrii, cuquliisa, daakkiyyee, ruummicha, simbira halkkanii, culullee, risaa, makoodii, eeggalaafi kanneen biros baay’inaan argamu.

**Iddoo Seena Qabeessa Aanaa Tolee**

AanaanTolee bakkeewwan hawwata turiziimiif oolu danda'an kanneen akka dhagaa dhaabbii Armuufoo Soolee, fincaa'aa Laga Boosoo, Holqa Dhokaat, Siidaa Baalchaa Safoo Roobaa, Holqa Qaaxillaa, Holqa Laga Tajii, Dhagaa Dhaabbii Maalima Sadan Bottonnee, Holqa Gurboofi kanneen kana fakkaatan yoo ta'an, Isaan keessaa muraasni akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

**1. Dhagaa Dhaabbii Armuufoo Soolee**

Dhagaa dhaabbiin kun ganda Harmuufoo Sooleetti kan argamu yoota'u, Harmuufoo Soolee jechuun moggaasa bakka hambaan dhagaa dhaabbii kan itti argamuudha. Hambaan kunis moggaasa kan argate jechoota Afaan Oromoo lamarraa yoo ta'u, isaanis Harmuufoo fi Soolee yoo ta'an Harmuufa kan jedhu maqqaa ilma Liiban ta'ee, innis jecha harma guddaa jedhurraa kan moggaafame yoo ta'u, hiikni isaa harma aannan gahaa qabu jechuudha. Moggaasni kun haati ilmoof maqaa moggaaste akka ta'eefi moggaasa bakka namni Harmuufoo jedhu itti dhalateedha. Akkasuma jaalala haati ilmoof qabdu ibsuuf moggaasa Harmuufoo Soolee jedhamee waan beekkamuuf dhagaan kunis dhagaa dhaabbii Harmuufoo Soolee jedhamee akka moggaafame ragaan Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanaa Toleerraa argame ni ibsa.

**2. Fincaa'aa Laga Boosoo**

Fincaa'aan laga Boosoo Ganda Koocee keessatti kan argamu yoota'u, haalli moggaasa isaa nama beekkamaafi lafa bal'aa kan qabu Boosoo kan jedhamu iddoo sana jiraachaa waan tureef maqaa isaatiin kan moggaaafameedha. Laga Boosoo bosona dukkanooftuu jedhamee beekkamuun marsamee kan jiruufi mukkeen akka adaamii,birbirsa, gaattiraa, xaaxessaa, agamsa, kusaayeefi kanneen kana fakkaatan hedduminaan bakka kana kan jiran yoo ta'u, bineensonni kanneen akka waraabessaa, qamalee, kuruphee, borofa. Sardiidaa, xaddeefi kanneen kana fakkaatan nijiru. Akkasuma simbirroonni gosootaa adda addaa halluuwwan mimmiidhagoon faayaman bosona kana keessatti argamuu isaanii ragaan Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanichaarraa argaman ni ibsu.

**3. Holqa Dhokaat**

Holqi dhokaat bakka hawwataa turiziimii Aanaa Tolee qabdu keessaa isa tokkoodha. Holqi kunis kan argamu Aanaa Tolee ganda dhokaat jedhamu keessatti yoo ta'u, magaalaa guddoo Aanichaa,Baantuurraa gara bahaatti fageenya kiilo meetira 18 irratti argama. Haalli moggaasa

holqichaas ganda holqichi keessatti argamurraa akka ta'e ragaan Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanichaarraa argame ni ibsa.

**4. Siida Baalchaa Safoo Roobaa**

Aanaan Tolee bakkeewwan hawwataa turizimiif ooluu danda'an kanneen olitti tarreeffaman keessaa hanga ammaatti hawaasni hubachuun itti fayyadamaa kan jiru siidaa Baalchaa Safoo qofa. Siidaan kun Magaalaa Baantuu keessatti kan argamu yoo ta'u, bara 2001 kan dhaabbateefi beekkamtii miidiyaa hawaasaan kan qabuufi bakka bashannanaa hawaasa magaalaa Baantuuti. Akkasuma hawaasni gara biraaati dhufu bakkichi iddoo aara galfiis waan qabuuf achitti kan boqotaniifi achumaanis siidaa kana kan daawwatan ta'uu ragaan Waajjira Aadaafi Turiziimiirraa argame ni ibsa.

**Siidaa Baalchaa Safoo Ganda Baantuu 01 keessatti kan argamu**.



Dabalaataanis hambaaleen yookan ulfaawwan uummata Oromoo kanneen akka kallacha, caaccuu, bokkuufi alangaan Abbaa Gdaa aanaa kana keessatti yoo argaman, bakkeewwan Oromoon aanichaa itti irreeffatan kanneen akka malkaa tajii (malkaa faaqii), malkaa koocee, malkaa waatiraa,malkaa tagabaa, Ejersa cirfaa, Ejersa irreechaa,tummeefi yaayyaa,malkaa laga shankooraafi kanneen biro irratti bahuun yeroo hongee itti kadhatan nijiru

**Uummataafi Aadaa Aanaa Tolee**

Akka ragaan giddu-galeessa istaatiksii itoophiyaa bara 2000 akka lakkoofsa itoophiyaa agarsiisutti baay'inni uummata aanaa Tolee 70,202 yoo ta'u, kana keessaa dhiirri 35,473(50.5%) yoo ta'an , dubartoonni ammo 34,729 (49.5%) akka ta'an beekkameera. Uummata aanaa Tolee baadiyyaa jiraatan keessaa dhiirri 33,825 (50.43%) yoota'an, dubartoonni ammoo 33,196 (49.1%) akka ta'an ragaan ni agarsiisa.

Uummanni aanaa Tolee durii kaasee aanaa kana keessaa jiraataa ture, akka ragaan lakkoofsa manaafi uummataa biyyoolessaa bara 1994 akka lakkoofsa Itoophiyaa ibsutti, dhibbaantaan sadeettamii shan (85%) Oromoo, dhibbaantaan saddeet tuqaa shan (8.5%) Amaara, dhibbaantaan shan (5%) Guraageefi dhibbaantaan tokko tuqaa shan (1.5%) saba Tigireefi kan biro t'uu ragaan kaa'eera.

Uummata aanicha keessa jiraatan keessaa dhibbaantaan sagaltamii shan tuqaa shan (95.5%) ta;an maddi jireenya isaanii qonna irratti kan hundaa'eedha.

Haalli jiruufi jireenya uummata Oromoo aanaa Tolee safuu, aadaa, duudhaafi amantii sirna gadaa jalatti kan buluudha. Dhiibbaan garaa garaa irra gahaa haa turullee malee ,uummanni aanichaa aadaafi duudhaa isaatti dhimmuun hanga har'aatti ittiin bulaa jira.

Uummatichi karaa aadaafi safuu qabuun sirna fuudhaafi heerumaa waliin raawwata.Yeroo makara adda addaa kanneen akka qonnaafi haamaa jigiifi daboodhaan waliif bahee wal cinaa dhaabbachuudhaan wal gargaara.Yeroo gaddaafi rakkoo addaa addaas wal cinaa dhaabbatee wal jajjabeessa.

Nyaanni aadaa Oromoo aanaa Tolee yeroo ardaa jilaafi sirnoota adda addaa iratti dhiyaatan kanneen akka caccabsaa, dhodhoobboo, cuukkoo, marqaa, sukkuummaa, gaanjiraa, qummusii fi daabboofaa eeruun nidanda'ama.


Aadaa Oromoo keessatti uffanni aadaa iddoo olaanaa qaba. Kanaafuu, akka Aanaa kanaatti yeroo fuudhaafi heerumaa, yeroo ayyaana masqalaafi irreechaa, yeroo kabaja sirna gadaafi kabaja ardaa jilaa, yeroo ayyaana cuuphaa, yeroo sirna kabaja ateetee, yeroo kabaja kallachaafi caaccuu uffannaa aadaa uffataman kanneen akka wandaboo (dibbiqqoo), waaroo, dirriba, bulluukkoo, Skofoo, kofoo kantiibaafi balasee fa'aa eeruun nidanda'a

Meeshaaleen aadaa qabatamoo aanicha keessatti bal'inaan argaman kanneen akka Caaccuu, callee, wantaa (gaachana), eeboo, waciitii , okolee, gabatee mukaa, ciicoo, gubbeefi kanneen biroo eeruun nidanda'ama.


**Hidda Latiinsa Oromoo AanaaTolee**

Hiddii latiinsa Oromoo aanichaa ilmaan tuulamaa sadan keessaa sadan sooddoofi jahan bachhoo keessaa kan jiraatu. Uummanni aanicha keessa jiraatuufi kallattii gara kaabaatti argamu hortee yookan hidda jahan bachoo yoo ta'an, uummanni gara kibbaatti argaman uummata sadan sooddoo walhoraniii baayyatanii kan jiraatan ta'uu isaaniiti

**Latiinsa Sadan Sooddoo (BATO 1998:119)**




**Latiinsa Jahan Bachoo (BATO 1998:125)**





Haaluma armmaan oliitiin hiddi latiinsa Oromoo babal'achaafi guddachaa kan deemu ta'uu isaati. Akka waliigalaatti hiddi latiinsa Orommoo baay'ee hedduu ta'ullee, hidda latiinsa Orommoo aanaa Tolee ilmaan Tuulamaa gabaabinaan agarsiisuu danda'a jedhamee kan fudhatameedha.

**Seenaa Hundeeffama Magaalaa Baantuu**

Qorannoon kun seenaa aanaa Toleefi magaalaa Anaa Tolee Baantuu waliin kan wal qabatu dha.Magaalaan aanaa Tolee Baantuun Finfinneerraa kiilomeetira saddeettamii lama (82)fi magaalaagodinaa irraaa fageenya kiilomeetira torbaatamii lama (72) irratti kan argamtuudha.

Akka Seenaan barreeffama adda addaa ibsuufi manguddoonni buleeyyii ta'an irraa odeeffatametti, Baantuun bara 1928 akka lakkoofsa Itoophiyaatti hundeeffamuun ishii beekameera.Sababbiin hundeeffama ishii baruma jedhame kana Xaaliyaaniin biyya Itoophiyaa yeroo weerartuufi to'attu, bakki magaalaa kun ol ka'aafi kallattii afranuunuu laggeen bishaan qaban waan jiraniifi jireenya isaaniif mijataa waan ta'eef bakka kana akka filatan seenaan ni addeessa.

## Maappii Aanaa Toleefi Aanaalee daangessan



## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon Gaggeeffame kun bu’uuraafi adeemsi yookin haalli raawwii moggaasa maqaa bakkeewwanii  aadaa Oromoo kan Aanaa Tolee maal fakkaata kan jedhuufi akkasumas haala qabatamaa teessuma lafaa Aanaa Tolee ilaalchisee maaltu jira laata kan jedhu sakatta’uun xiyyeeffannoo qorannoo kanaati.Waan kana ta’eef,qorataan ragaalee gadifageenyaan funaannachuudhaaf af-gaaffii dhuunfaafi gareedhaaf mijatu erga qopheeffatee booda,bakka odeef-kennitoonni jiraatan deemuun raga funaannachuun hojii calqabaa qorannoo kanaati.

Haata’u malee, hojii kana akka barbaachisutti hawaasa keessa socho’uun ragaalee gara garaa funaannachuuf haalonni tokko tokko dhiibbaa geessisuu danda’aniiru.Isaan keessaa :

- Qorannoo kun kan geggeeffamu haawaasa baadiyaafi magaalaa keessa socha’uun ragaalee gara garaa funaannach’uudhaani.Kana gochuuf ammo, manguddootaafi warren dhimma kanaaf barbaachisan sababa weerara dhibee koranaarraan kan ka’e dhuunfaanis ta’ee gareedhaan walitti qabuun rakkisaa waan ta’eef odeef-kennitoonni kun qorataatti siqanii odeeffannoo kennuuf fedhii hin-qaban ture. Kana qofa osoo hintaane garee marii xiyyeeffannoo keessatti odeefkennitoota heddummeessuu nahanqiseera. Rakkoon akka addunyaatti mudate kun sodaachisaa ta’ullee, qorataan manguddootaafi hojjettoota Waajira Aadaafi Turizimii dhimmacharratti muuxannoo qaban adda baaffachuufi qofaa qofaatti akkasumas gareedhaan lakkoofsa isaanii xiqqeessuun af-gaaffii gaaffachuufi qaamaanis gandoota aanichaa keessa of eeggannoon naanna’ee raga barbaachisu funaannachuun hojichi akkaa milkaa’u taasifameera.
- Akkuma beekkamu dhaabbileen barnootaafi yuunivarsiitiiwwan sababuma weerara dhibee koronaarraan kan ka’e cufaa waan turaniifi hanqina “intarneetiirraa” kan ka’e kitaabilee wabii mata duree moggaasa maqaa bakkeewwanii waliin walitti dhufeenya qbu dhabuunis hanqina biroo ta’ullee,qorannoowwan walfakkii garagaraa dubbisuun akkasumas namoota dhunfaarraa kitaabilee tokko tokko ergifamchuun qorannichi akka milkaa’u ta’eera.
- Odeef-kennitoonni aanaarraa baay’ee fageenyarratti waan argamaniif hanqinni geejibaa tureera.Hanqina kana lukaan deemuudhaan akkasumas bakka baay’ee dadhabsiisaa ta’etti gaariidhaan kaffaltii dacha kaffaluun hojicha milkeessee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa armaan gadii kana jalatti dhimmoota, yaadirimeewwaniifi xiinxala moggaasa bakkeewwaniin walqabaturratti kan fuulleffatudha. Boqonnichi akka walii galaatti kutaalee lama ofkeessaa qaba. Isaanis: tokkoffaan yaadrimee hiika moggaasa maqaan walqabatan dhiyeessuu, lammaffaan yaadiddamoota qorannoon kun bu'uureffatee gaggeeffame dhiyeessuudha.

### 2.1 Maalummaa Moggaasaa

Moggaasni jiruufi jireenya haawaasummaa keessatti namootaaf, bakkeewwaniifi wantoota biroof maqaan kan ittiin kennamuudha.Maqaan yeroo moggaafamu aadaa, duudhaafi jiruufi jireenya hawaasaa sanaa yaada keessa galchuudhaani.

Yaada kana kan deeggaru Steward(1967:65) irratti yoo ibsu," Names are not conseiously planned like the origin and characterstics of language.It depends on some conditions during or befor it is given to things," jedha. Yaadni kun moggaasni maqaa haala yookan mudannoo hawaasa sanaa giddu galeeffachuun akka raawwatamu nuhubachiisa.kana jechuun, sirnicha adeemsisuuf haala qabatamaa yookan haala yeroo sanaatu murteessaadha kan jedhu of keessaa qaba.

### 2.2 Faayidaa Moggaasaa

Hawaasa kamiyyuu keessatti maqaan moggaafamu faayidaa mataasaa ta'e niqaba.Yaada kana ilaalchisee Nettle& Romaine (2000:1) akka armaan gadiitti ibsu, "Among many African cultures a name tells a lot about the individual that it signifies, the language from which it is drawn, and the society that ascribe it," Kana jechuun maqaan kennamus waa'ee dhuunfaa nama ardichaa ibsuufi hawaasa afaanichi keessaa madde kan ibsu ta'ee, hawaasa afaanichatti gargaaramus kan calaqqisiisudha.

Haaluma wal fakkaatuun barbaarchisummaa moggaasni maqaa ilaalchisee, Eugene (2008:1) yaada isaa yookaasu, "The use of place name is a multi functional. In general sense, place names used by aspecific community tie that community to aparticular area, creating a relationship with the landscape that provides the sense of home,"jechuun ibsa. Akka yaada kanaattii, barbaachisummaan maqaalee bakkeewwanii baay'ee ta'uu isaati. Akka waliigalaattii yoo ilaalamu maqaan bakkaa hawaasa tokko naannoo isaa waliin walitti hidhuun hawaasichi

naannoo sanaan akka beekamu godha. Akkasuma, haala taa'umsa lafaa sanaan walitti dhufeenya akka isaan horatan gochuun abbaa biyyaa ta'uu isaa akka itti dhaga'amu gochuu irratti faayidaa akka qabu yaada jedhu of keessaa qaba.

Yaaduma armaan olii kana ilaalchisee, Dunkling (1797:267) yemmuu kaasu, " A name has other association as well as verbal. It might suggest a particular recial group. It might suggest areligious denomination " jedha. Kun ammo, maqaan akkuma namoota waliin walitti dhufeenya qabu, jecha waliinis hidhata qaba. Akkasuma gosaafi amantii waliin hariiroo cimaa qabaachuu inuhubachiisa. Fakkeenyaaf, maqaalee aanaa Tolee keessatti argaman yoo fudhanne, Baantuu, Armuufoo Soolee, Boodhaafaa gosaan kan walqabataniidha. Shawaa Lxaa Keessaa yoo fuddhanne ammo, kanneen akka Wacan, Seeqattuu, Baaji, Ancabbiifi Kosobofaa kaasuu dandeenya.

**2.3 Maalummaa Maqaa**

Maqaan (name) moggaasa namaa, bakkaa yookaan waan tokkoo isa biroorraa adda baasuun ittiin waamuuf jecha kan kennamudha. Kunis namni bakkiifi wanti maqaan kennameef sun dhuunfaatti kan ittiin beekamu ta'a. Maqaan kunis kan dhalli namaa yeroo barnoonni si'anaa hin eegaliinitti bakkeewwaniif, namootaaf, wantootaaf, laggeeniif, tulluuwwaniifi kanneen kana fakkaataniif moggaasee ittiin adda baafachaa ture, ittiin waamaa tureefi ammas yeroo si'anaa kanas moggaasee ittiin waamaa jiruudha. Yaada kana ilaalchisee, Crystal (1989:112 ) yoo ibsu, "A name is a word or a phrase that identifies specific person, place or things " jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu, maqaan jecha yookin gaalee nama, bakkaafi wantoota adda baasee kan ibsu ta'uu isaati. Maqaa (noun) isa seerluga afaanii keessatti namoota, beeyladoota, wantootaa fi kanneen kana fakkaatan agarsiisuuf galuumsa (context) himaa fi keeyyataa keessatti tajaajilaniidha. Yaada kana ilaachisee, Takele ( 2008 :10 ) yoo ibsu " Nouns functions diffirently in a sentences, Forexample : as asubject, as an object of preposition, as asubject complement,"jedha. Yaadni kun akka nu hubachiisutti, maqaan (noun) kan jeddhu seerluga afaanii keessatti matimaafi aantima ta'anii kan hima keessatti tajaajila kennan ta'uu isaati. Garaagarummaan isaanis akkuma armaan olitti ibsuuf yaadametti, maqaan (name) kan jedhu, sirnaa fi aadaa moggaasaa wajjin walitti dhufeenya guddaa kan qabu yoo ta'u, name (noun) kan jedhu ammoo seerluga afaanii keessatti matimaafi aantima ta'anii kan himaa keessatti tajaajila kennaniidha.

Yaaduma arnaan olii kana, Tafarii (1988:98) yaada isaa yoo kaasu, “maqaan kan namoota, bakkeewwaniifi wantootni ittiin waamaman yookaan beekamanidha.” Jedha. Akka yaada kanaatti, maqaan wantooa qabatamaan jiraniifi akka yaadattillee kan jiran bakka bu’uudhaan akka isaan adda bahanii beekamaniif faayidaa guddaa qaba.

Dabalataanis, Getaachoon (2009:97) yoo ibsu, “Maqaan jecha nama, iddoo, meeshaa, yaadaafi kanneen kana fakkaatan kan bakkaa bu’udha,’’ jedha.Yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu, wantoonni qabatamaoo yookan yaadaan jiran tokko maqaa moggaafameen bakka bu’amuu isaaniiti.

Yaaduma kana, Nettle and Romaine (2000:58), yookaasan,

> *Name is a word by which reality is known and spoken of, is the most meaningful lexicoin the vocabulary of any language, and they are an importantpart of the language inventory as they not only name the environment, but also store allthe funa (animal) and flora (plant).When slaves were captured on the Africancontinent and brought to the New world, they brought with them, name as themeans to identify their environment and themselves.*

jechuun kaasu.kun kan nu hubachiisu, maqaan dhugummaan wan tokkoo kan ittiin adda bahee beekamuufi dubbatamu, hiika jechootaa afaan kam keessattuu kennaataa kan ta’e, naannoo qofa osoo hintaane biqiloonniifi beeladoonni ittiin waamamaniidha.yeroo gabroonni arddii Afrikaarraa qabamanii gara biyya birootti fudhataman, maqaan isaanii isaan waliin deema yaada jedhu of keessaa qaba.waan kana ta’eef, maqaan isaanii eenyummaa isaanii fi biyyaa yookin naannoo isaanii ibsuuf gahee guddaa kan qabuudha. Maqaan namoonni yookin hawaasni tokko naannoo isanii yookan wantoota naannoo isaanitti argaman kan ittiin waamaniidha.Kun ammo aadaa saba tokkoo, naannoofi eenyummaa saba tokkoo biyyoota birootti beeksisuudhaaf gahee guddaa qaba kan jedhu nutti agarsiisa.

Yaaduma armaan olii kana, Abdulsamad (1994:51) akka kaasutti, “Maqaan kan bakkeewwan, daa’immaniifi wantoota gara garaa ittiin waamuf itti gargaaramnuudha.” jedha.

Akkuma jalqabarratti garaagarummaa maqaa’name’ kan jedhuufi maqaa (noun) jedhu ilaaluuf yaalametti, qorannoon qorataan kun gaggeessuuf deemu moggaasa maqaa (naming) kan jedhurratti kan xiyyeeffate ta’a.

## 2.4 Faayidaa Maqaa

Moggaasni maqaa hawaasa kamiifuu faayidaa mataa isaa danda'e qaba. Yaada kana,Nettle & Romaine (200:1) yoo ibsan, "Among many African cultures a name tells a lot about the individual that it signifies, the language from which it is drawn, and the society that ascribe it,"jedhu.Aadaa Afrikaa hedduu keessati maqaan waa'ee nama moggaafameef sana sirritti ibsa yaada jedhu nu hubachiisa.

Faayidaa moggaasa maqaa bakkeewwanii ilaalchisee Eugene (2008:1) yoo ibsan, "The use of place name is a multi functional. In general sense, place names used by aspecific community tie that community to aparticular area, creating a relationship with the landscape that provides the sense of home" jedha. Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubachuun danda'amutti, maqaan bakkaa faayidaa hedduu qabu keessaa hawaasa muraasa hawaasa naannoo bal'aa ta'e waliin walitti fida; hariiroo isaan qabiyyee teessuma lafaa irratti waliin qaban cimsuudhaan miirri abbaa qabeenyummaa itti dhagahamuun akka qusataniifi kunuunsan gochuu danda'a.

Gama biraan immoo Dunkling (1977:267) yoo ibsu, "A name has other association as well as verbal. It might suggest a particular recial group. It might suggest areligious denomination," jechuun kaa'a.Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubatamu, maqaan dhimmoota biroo waliin akkuma hidhata qabuu, jecha waliinis walitti dhufeenya kan qabudha. Maqaan qomoodhaan kan walqabatu ta'uu danda'a. Akkasumas amantaa waliin hidhata cimaa kan qabuudha. Fakkeenyaf, Oromiyaa keessa maqaaleen Jidda, Jimma, Sooddoofi Liiban qomoodhaan kan walqabatan yoo ta'an, maqaaleen bakka manni amantaalee itti argamaniin moggaafaman keessaa: Dirree Sheekana Huseen, Tulluu Irreessaa, Hora Arsadeefi kanneen kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama.

Moggaasni maqaa akka madda seenaatti qubattoota jalqaba bakka qubatan sanatti akka beekaman gochuu danda'a.Akka Berit (2010:41) faayidaa moggaasa maqaalee bakkaa ilaalchisee ibsutti "Place names are used as source for settlement history, the foundamental assumption being there is a connection between a particular place name element and the gradual development of the settlement" jedha. Kana jechuun maqaaleen bakkaa qubsumaafi hariiroo qubsuma gidduu jiruuf akka madda seenaatti kan gargaarudha. Akkasumas adeemsa guddina haala qubsumaa keessatti ta'u kan agarsiisu ta'uu namatti agarsiisa.

Aadaa hawaasa tokkoo tursiisuun dhaloota dhufutti dabarsuu keessatti moggaasni maqaalee bakkaa gahee guddaa qaba. Helleland and Larsen ( 2005:11 ) yoo ibsan "The purpose of naming is to safeguard geographical names as cultural monoments, to determine a spelling which is practical and usable and to promote knowledge and active use of the name, " jedhu. Yaada barreessitoota kanarraa akkuma hubachuun danda'amu, aadaa hawaasaa tursiisuu keessatti maqaaleen haala teessuma lafaa gahee guddaa niqabu. Akkasumas Aadaafi seenaa gaarii akka qabaatu gochuufi tursiisuu keessatti qooda kan fudhatudha.

Dabalataanis, maqaan bakki tokko ganamuma yookaan dur ittiin waamamu dhalataa bakka sanaaf faayidaa hedduu qaba. Kanneen keeessaas: maqaan aadaa hawaasaa dhaloota haaraaf dabarsuuf akka ulaagaafi qajeelfamaatti gargaara. Namas qabiyyee lafaa waliin walitti hidhuun eenyummaa isaa ibsuuf akka mallattootti kan gargaarudha (Thomas 1988:11).

Maqaaleen bakkaa naannoo tokko keessa jiran bifa qindaa'aa ta'een waraabamanii taa'uun hawaasa naannichaaf bu'aa hedduu qaba.Yaada kana ilaalchisisee Eugene (2008:5) akka armaan gadiitti ibsee jira. Maqaaleen moggaafaman walitti qabamuun isaanii karoorfachuuf, kunuunsa qabeenya uumamaaf, dhimmoota naannoo irrattti, qorannoodhaaf, Aadaafi Tuurizimiif, tajaajila saffisaa hawaasichaf kennuuf, barnoota keessatti, hariiroo aadaa hawaasa tokkoofi kan biroo gidduutti uumuu, itti fayyadama lafa qonnaa, bulchiinsaafi yaadannoo gochaalee adda addaaf faayidaa guddaa qaba.

## 2.5 Bu'uura Moggaasa Bakkeewwanii

Moggaasni maqaalee bakkaa kaayyoofi sababa adeemsifamuuf qaba.Isa kana, Eliyaas, (2004:47) yoo kaasu, "Some names commemorate natural, political, social or cultural events at or around the time of the birth." Jedha. Akka hayyuun kun kaasutti, maqaaleen tokko tokko waanta uumamaan jiran, gocha siyaasa, hawaasummaafi aadaa keessatti dur raawwataman nu yaadachiisuuf gahee akka qabanidha.

### 2.5.1 Moggaasa Bakkeewwanii Siyaasa Waaliin Walqabatan

Moggaasa maqaa siyaasa bu'uureffachuun moggaafamu ilaalchisee, Eliyaas (2004:62) yoo ibsu, "During the colonial era, African Christian recieved chrisistian or western names along side their ethnic name," jedha. Barreeffamni armaan olii kun akka ibsutti, jaarraa Afrikaan warra

dhiyaatiin koloneeffatamtetti Afrikaanoonni amanttii kiristaanaa yookin maqaa diyarraa dhufe fudhachuu isaanii nu hubachiisa. Kana qofa osoo hin taane, hawaasni Oromoo maqaalee bakkeewanii akka aadaaa isaatti moggaafate osoo qabuu dhiibbaafi acuuccaa waarra dhiyaa irraan kan ka'e kan ofii isaa cinaatti dhiisee nagaan jiraachuuf jecha maqaalee alagaan moggaaseefitti fayyadamuun bakkeewwan isaa waamaa tureera. Kun ammo aadaa boonsaa sabni kun qabu akka hinguddanneefi akka quucaru gochuurratti gahee guddaa taphataa tureera. Fakkeenyaaf akkuma aanaa Toleetti yoo fudhanne, Ejersa Dammaa jehama kan tureen, 'Lideta mariam', Araddaa leeqaa jedhamaa kan tureen, ' Areda leka Gebriel ' yookin 'Gebriel ', Basii jedhamaa kan tureen, 'Besi Mikael ', xummee jedhamaa kan tureen ' Tume Gebreal ' fi maallima jedhamaa kan tureen 'Malima Geyorgis ' jechuun isa jarri moggaasaniin hawaasni Oromoo aanichaa bakkeewwan isaa waamaa tureera. **W**aan kana ta'eef, yaadni armaan olitti ka'e kun moggaasni maqaa bakkeewwnii siyaasa waliin hariirro qabaachuu isaa nutti agarsiisa .Kunis maqaan tokko tokko haala siyaasaa bu'uureffachuun kennamuu akka danda'u nuhubachiisa. aanaa kana kessatti immoo bakka Koocee jedhamuun ''Kocee Maariyaam,'' Ejersa Dammaa bakka jedhamuun ''Lidataa Maariyaam,'' jedhamuun akka maqaa aadaa hawaasasa Oromoo Aanaa Tolee hin ibsinetti moggaafmaanii waamamaa turaniiru.

### 2.5.2 Moggaasa Bkkeewwanii Sanyii Waliin Walqabatan

Duubaa dhufteen bakkeewwan hedduu yoo ilaalamu sanyii dhala namaa kan bu'uureffateedha. Yaada kana ilaalchisee, Hubert (1980:2) yemmuu kaasu, "The ecological attitude of traditional African religion is more based on fear or respect of ancesstral sprit than on respect for nature itself, " jedha. Akka ibsa kanaatti, dhalli namaa amantaa isaafi uumama irra sanyii isaa yookin duubaa dhuftee eenyummaa isaatiif iddoo guddaa kenna yaada jedhu hammata.,yaaduma armaan olii kana ilaalchisuun, Powell (1990 : 24 ) yoo kaasu, " many place names are derived from personal names ." jedha.Akka yaada armaan olii kanaatti, maqaaleen bakkeewwanii maqaa dhala nammaarratti yookan gosa tokkoorratti hundaa'uun akka moggaafamu danda'u yoo hubannu, hawaasni Oromoo aanichaas maqaa bakkeewwanii gosa isaatiin moggaase hedduu qaba. Akka fakkeenyaatti, Armuufoo Soolee, Baantuu, Boodhaa, Bachoofi kanneen kana fakkaatan kaasuun nidanda'ama.

### 2.5.3 Moggaasa Bkkeewwanii Gootummaa Ibsuurratti Xiyyeefatan

Saba Oromoo keessa gootonni daangaa fi kabajaa hawaasa isaanii eegsisuuf jecha seenaa gara garaa hojjetan hedduutu jiru . Waan kana ta'eefis gootonni kun seenaa gootummaaa hojjetanii yemmuu darbanitti yaadannoo isaaniitiif jecha maqqaa isaaniitiin bakkeewwan moggaafamaa turaniiru, ammas moggaafamaa jiru, gara fuul duras akkasuma. Yaada armaan olii Zalaviz (2001:2) yoo ibsu, "Some streets are named after famous or distinguished individuals, sometimes people directly associated with the street, usually after their death" jechuun kaasa. Yaadni kun, akka nuhubachisutti hawaasni Oromoos ta'ee kannee biro namoota waanta gaarii hojjetaniif, yookan bakkee sanatti seenaa gootaa dabarsaniif maqaalee laggeenii, kan daandiiwwanii Seenaa gootummaa isaa dabarsan waliin wealqabsiisuun kan moggaafamuudha. Fakkeenyaaf, dhagaa dhaabbii Harmuufoo soolee, Siidaa Baalchaa Safoo kaasuun nidanda'ama.

### 2.5.4 Moggaasa Bakkeewwanii Amantaan Walqabatan

Namoonni amanttaa isaanii waan jaallataniif maqaalee naannoo isanii amantaa isaniitti maxxansuun moggaasu. Kana ilaalchuisuun Kong (1990:355) "Religous experiences and the religious meanings transform pyisical spaces into sacred spaces," jedha. Yanni kun kan nu hubachiisu, Namoonni muuxannoofi iccitii amantaa isaanii keessa jiru mul'isuuf bakkeewwan waliin walqabsiisuun maqaa moggaaasu. Fakkeenyaaf, bakka Ayyaani yookin Qaalluun jiru yoo kaasne, Wacan, ancabbii, Seeqattuu, Baajiifi kanneen kana fakkaatan bakka ayyaanichi jiru ibsuuf yoo ta'u. Bakka Oromoon itti irreeffatu kanneen akka Hora Arsadee, Hora Finfinnee Tulluu Irreechhaafi kanneen kana fakkaatan kaasuun nidanda'ama,

### 2.5.5 Moggaasa Bakkeewwanii Maqaa Namaarrtti Xiyyeeffatu

Akkuma maqaa bakkaa maqaa namaatiin moggaasuun danda'amu, Maqaa namaas kan bakkaatiin moggaasuun nidanda'ama. Isa kana Powell (1990:24) yoo kaaasu" Many place names are drived from personal names, and also many personal names are derived from place names." Jedha. Akkuma armaan olitti kaasuuf yaalametti hawaasni maqaa bakkaa maqaa namaatiin akkuma moggaasu, maqqa bakkaas maqaa namaatti fayyadamee moggaasuu danda'a.

### 2.5.6 Moggaasa Bakkeewwanii Tokkummaafi Qubsumaarratti Xiyyeeffatan

Jiruufi jireenya dhala namaa keessatti qomoon tokko wal horaa yemmuu deemutti lafti irra jiraatu itti dhiphachuu danda'a.Waan kana ta'eef lafa bal'iffachuudhaaf jecha bakka tokkoo

ka’ee bakka birro qubata. Haaluma walfakkaatuun hawaasni Oromoos walhoraaf baldhachaa yemmuu deemutti lafti duraan irra jiraaatu waan itti dhiphatuuf isa angafaa dhiisee lafa margaafi bishaan qabu ilaalee qubata. Lafa qubate kanas gosa isaatiin irra deebi’ee moggaasa. Inni kun ammo tokkummaa isaa cimsachuuf gahee olaanaa qba ( B.A.T.O.1998:71 ).

### 2.6 Qooda Fudhattoota Moggaasa Bakkeewwanii

Sabni Oromoo Sirna kamuu yemmuu raawwatu adeemsaaf sirnaa mataa isaa danda’e qaba. Haaluma walfakaatuun Sirna moggaasa maqaa keessattis namni maqaa moggaasu hawaasa sana keessatti beekkamaadha, Kana ilaalchisee, dhaabbnni Land Information in New Zealand (2008:5) jedhamu lafa kaa’u, “The proposed names that have historic, geographic or particular local significance are generally acceptable, as are commemorative names of early explorers and discoverers, early settlers, surveyors and geographists and early notable people or events with some connection to the proposed area.’’ Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubachuun danda’amu karoora maqaa bakka tokkoo moggaasuuf yommuu jedhamu qophaa’u keessatti dhimmoota inni ofkeessatti hammachuu qabu keessa: seenaa, haala waliigala barbaachissummaa bakkichaa qabaachuu akka qabuudha. Maqaaleen moggaafaman kunniinis namoota bakkicha qorataniifi beeksisan, kan dura irra qubate, qiyyaastota, namoota beekamoofi naannicha waliin hidhata qaban ittiin yaadataniifi ibsan ta’uu akka qabu kan ibsuudha.Waan kana ta’eef maqaa bakkaa tokkoo ebelutu moggaase jedhanii jala muranii kaa’uun tarii nama rakkisuu danda’a.

### 2.7 Yaadiddama Qorannoo Fookloorii

Qorannoo fookloorii ilaalchisee, akkaataan qorannoon fookloorii gaggeeffamurratti hayyoonni garaa garaa yaada walfakkaataa ta'e hinqaban. Kunis, fooklooriin wantoota baay'ee bal'aafi wal xaxaa ta'e of keessatti hammachuu isaarraan kan ka’e ta’uu isaati. Haata'u malee, hayyoonni adda addaa yeroo garaa garaa keessa qorannoo adeemsisaa turanii jiru.Qorannoon tokko yammuu gaggeeffamu yaadiddama gara garaa hordofuun gaggeeffamuu nidanda'a.Haaluma kanaan, qorannoon kunis yaaxinna xiinsammuu (psychoanalytical Theory), Yaaxinna irra deebi’anii Ijaaruu (Historical-Reconstractional Theory),Yaaxinna Aadaa Hawaasaa (Falk-cultural Theory) bu’uura godhachuun kan raawwatame yoota’u,maalumma isaanii akka armaan gadiitti ibsi itti laatameera.

**Yaaxinna Xiinsammuu (Psychoanalytical Theory)**

Yaaxxinni kun qorannoon fookloorii xiinsammuu hawaasaatti fayyyadamuun hojii qorannootiif bu'uura godhachuudha jechuun lafa kaa'a.Akka yaaxinna kanaatti hawaasni kamiyyuu sababaafi yeroo itti fayyadamu qaba.Beekumsi hojiirra oolu sunis hawaasa garee sanaatiif tajaajila garaa garaa kennuufi yookin ergaa gara garaa akka walii dabarsaaniif isaan gargaara. Waan kana ta'eef,itti fayyadamni fookloorii hawaasaa,xiin-sammuu hawaasaa sanaa ka'uumnsa godhata. Haaluma kanaan hawaasni yaada sammuu isaa bu'uureffachuun jiruufi jireenya isaa gaggeessuuf carraaqqii godhu keessatti beekumsa isaa hojiirra yoo oolchu calliseetuma osoo hin taane, sababa raawwatuufi jedhuuf qaba jechuudha. Kanaafuu fooklooriin hundi waanta walfakkaatuuf osoo hin taane, hiikkaafi faayidaalee gara garaaf akka oolu namatti mul'isa. kanaafuu qorataan fookloorii tokko,xiinsammuu namoota fookloorii fayyadaman sana fudhachuun sababa isaan itti fayyadamaniif, ergaa akkamuii akka isaan dabarsan xiinxaluudha.

**Yaaxinna Irra Deebi'anii Ijaaruu (Historical-Reconstractional)**

Akka yaaxinna kanaatti beekumsi hawaasaa tokko si'uma tokko kan tajaajilu osoo hintaane, irra deebi'amuun faayidaa akka kennu kan hubachiisuudha. Yaaxinni kun beekkumsi hawaasa durii kan isa si'anaatiif bu'uura guddaa akka ta'eetti lafa kaa'a. Kanaafuu fookloorii duraan jiruufi kan si'anaa qorachuudhaaf kan gara duubaa jiru duubatti deebi'anii xiinxaluun waan hin oolleedha.Sababni isaas qorannoo fooklorrii tokko gaggeessuuf kan dura jiru sana bu'uureffachuun faayidaa guddaa akka qabu nutti agarsiisa.

**Yaaxinna Aadaa Hawaasaa (Falk-Cultural Theory)**

Akka yaadiddama kanaatti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimuuf bu'aan hawaasaa xiyyeeffannoo akka argatu taasisuudha. Yaadiddamni kun akka lafa kaa'utti qorannoon ammayyaa'aa ta'e tokko yaadiddama qofa kan giddu galeessa godhatu miti.Odeeffannoo dirree kanneen akka seenaa durii, waan durii irra deddeebi'anii fayyadamuu, xiin sammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa'ee fookloorii sanaa kan agarsiisuudha. Waan kana ta'eef qorannoon fookloorii duudhaa, fayaa aadaa, waan aadaa, qabeenya uummamaafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galcha jedha.

Haaluma yaaxinna armaan olitti ibsamaniin moggaasni maqaa bakkeewwanii aadaa hawaasa tokkoo waliin walqabataa akka ta’e barreessitoonni tokko tokko ni ibsu. Yaada kana ilaalchisee Marsanii (2008:15) yoo ibsu, “moggaasni maqaa aadaa saba tokkoo keessaa isa tokkodha. Hiikni maqaa moggaafamee sunis hiika sirrii kan argatu aadaa hawaasa maqaa sana moggaase keessatti qofa”.Haaluma kanaan, moggaasni maqaa raawwii aadaa hawaasa kamiiyyuu keessatti raawwatamu ta’ee, hawaasni addunyaa marti uummata isaaf akka fedhii isaatti maqaa nikenna. Garuu, akkaataan moggaasaa, akkaataan raawwiifi duudhaa keessatti calaqqisiifamu adda adda ta’uun isaa aadaa tokko kan biroorraa adda kan taasisudha. (Andreas, 2007:6 ).

Haaluma walfakkaatuun, maqaan bakkeewwanii moggaafamuun kan irra jiraatu aadaa hawaasaa bu`uureffachuutiin akka ta`e Dunkling (1977:47) yoo ibsu, “Men give names depending on the culture of society. ”Yaada barreessaa kanarraa akka hubatamutti maqaan bakkeewwanii yoo moggaafamu akka feeteedhumaan osoo hintaane, aadaa bu’uureffachuu akka qabu lafa kaa’ee jira jechuudha.

Yaadiddmuma armaan oliirraa ka’uun, moggaasni maqaa aadaafi jireenya hawaasaa waliin kan walqabatudha jechuun nidanda’ama. Hawaasni bakkeewwanii fi wantoota naannoo isaa jiraniif yeroo maqaa moggaasu, bifa aadaa isaa ibsuufi dabarsuu danda’uun maqaa nikenna yookin nimoggaasa. Kanas ilaalchiisee Eugene (2008) akka ibsutti, “Each place name has an image that portrays the physical and environmental characteristics of the place, giving the user a wealth of information by the simple use of a name” jechuun ibsa.Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubachuun danda’amutti, maqaan bakkaa, akkaataa taa’umsa lafaa, maalummaafi haala naannoo tokkoorratti odeeffannoo gahaa ta’een bakkichaa kan ibsuu danda’u maqaa moggaasee ittiin ibsata.

Akkaataa kanaan Oromoon aadaa isaa keessatti waan haaraa kalaqee argateefi bakkeewwaniif maqaa moggaasee ittiin waama. Bakkeewwan irra jiraatuufis ta’e kanneen naannoo isaatti argamaniif yeroo maqaa moggaasu, dhimmoonni adda addaa xiyyeeffannoo keessa galanis: haala jiruufi jireenyaa, mudannoo adda addaa, sirna bulchiinsaa, gosummaa, haala taa’umsa lafaa, haala qilleensaa, siyaasa, qubasumaa, fakkaattii wantootaa, jijjiirama, amantii, horsiisa loonii, afaan, oomishaafi kanneen kana fakkaatan bu’uura godhachuudhaan maqaa moggaasa.

Maqaalee qabeenya uumamaa keessaa maqaaleen bakkaafi lagaa isa tokko yoo ta'u, dhimma kana ilaalchisee, Room (1967:1) yoo ibsu, "Place names wether they be a city or a river a country or a mountain, denote something about the regions of the feature, sometimes telling in a word who founded a city." jedha. Yaada barreessaa kanarraa akkuma hubatamu, maqaaleen bakkeewwan jalatti ramadaman kanneen akka maqaalee, lagaa, maqaalee biyyaafi maqaalee tulluu ta'anii waa'ee naannoo sanii amalaafi eenyu akka hundeesse kan ibsudha.

### 2.8. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Moggaasa maqaa ilaalchisee qorannoowwan gaggeeffamanii jiru.Kanneen keessaa kanneen armaan gadiiti.

Isaanis:

1. Fiixaa (2007) qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf mata duree'Qaaccessa Sirna Hammachiisaa /Maqbaasa Qaalluu Oromoo Aanaa Meettaa Roobii Keessaa Abbaa Daakaatiin Raawwatamu' kan jedhuudha.

2. Tasfaayee (2010) Yuunivarsiitii Addis Ababaa qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf mataduree 'Xiinxala Moggaasa Maqaa Ilmaan Karrayyuu' kan jedhuudha.

**Cimina**: hojiiwwan qorannoo lamaanii armaan olii kun aadaan moggaasa maqaa Oromoo ifatti bahee akka beekkamuuf ka'uumsa ta'uu danda'u.Akkasuma, aadaa hawaasni Oromoo gama moggaasaatiin qabu kana dhaloota haaraa barsiisuurratti gumaacha guddaa qaba.

**Hanqina:**hojii qorannoo tokkoffaa keessatti, moggaasa daa'imman Anaa Meettaa Roobii Qaalluu Abbaa Daakaa jedhu kun yoomessa qabatamaan gaggeeffama waan ta'eef, yeroo sirnichi raawwatu yookan wayita hawaasaaaf tajaajila kennu qabatamaan suuraan deeggaramee hin ibsamne. Hojiin inni lammaffaas haaluma walfakkaatuun xiinxala raga keessatti yemmuu qorataan raga funaannatu kan agarsiisu malee ragaan sirnichi yemmuu raawwatu agarsiisu hin mul'atu. Kun ammoo qorannoo yoomessa qabatamaan raawwatamu keessatti hanqina guddaa dha.

**Walfakkeenya Qorannoo kana Faana Qaban:** matadureefi qabiyyeen qorannoo lamaanuu moggaasa maqaa kan ilaallatan waan ta'eef lamaanuu qorannoo kana waliin wal isaan fakkeessa.

**Garaagarummaa:** hojiin qorannoo tokkoffaafi qorannoo lammaffaa xiinxala moggaasa maqaa daa'immanii kan ilaallataniidha malee, kan bakkeewwanii kan hin ilaallanne ta'uu isaaniiti. Dabalataanis, qorannoowwan lamaanuu yoomessa qabatamaadhaan kan raawwatamaniidha. Namoonni moggaasa irratti hirmaatan yookin qooda kan fudhatan qabatamaan adeemsicha keessatti argamu. Akkasuma Aanaan qorannoowwan kunneen irratti gaggeeffaman Aanaa qorannoon kun itti gaggeeffameen ala ta'uu isaaniiti.

Waan kana ta'eef hojiin qorannoo kanaa sirni moggaasa bakkeewwan Aanichaa yoomessa qabatamaa akka kanneen narmaan olii yoomessa qabatamaa dhabus maanguddoota seenaa duubaa dhuftee sirritti beekanirraa qorachuun, dookumentii adda addaa sakatta'uun mata duree Xiinxala Moggaasa Bakkeewwaan Aanaa Tolee kan jedhu qofarratti xiyyeeffachuun xiinxalee dhiyeesseera.

## BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo gaggeeffamu keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta'uu qabu, maal irratti akka xiyyeeffatuufi maal akka fakkaatu adda baasanii beekuun raawwii qorannichaaf tumsa cimaa taasisa. Kanaafuu, saxaxa qorannoo adda baasuun barbaachisaa ta'a.Yaada kana ilaalchisee Victor ( 2009:203 ) akkas jechuun ibsa. "The research design is a plan of action that allows the researcher to know where they came from and where they are going." Jedha.Yaanni kun akka nuhubachiisutti, Saxaxni qorannoo tokko qorataan eessa akka jiruufi garamitti akka deemu beekuuf kan isa gargaaru ta'uu isaati. Haaluma kanaan qorannoon kun akaakuu saxaxaa keessaa mala akkamtaa kan hordofeedha.

Sababni qorataan akaakuu saxaxa kanaa filateefis, aadaa hawaasaa gama moggaasa bakkeewwaniitiin jiru maanguddoota murtaa'oo waa'ee aadaa kanaa sirritti beekan gadi fageenyaan qoratee odeeffannoo irraa erga argatee booda, dhimmicha haalaa qabatamaa Aanichaatiin sirritti ibsuu waan barbaadeef ta'a. Kanaafuu, malli dhiyaannaa qorannoo kanaa ibsaa (describtive) yoo ta'u, adeemsa akkasiitiin moggaasa bakkeewwan Aanaa Tolee ilaalchisee, bu'uuraaleefi akkaataa raawwiisaarratti ragaaleen aadaa hawaasichaa giddu-galeessa godhatan odeef-kennitootatti deddeebi'uudhaan erga funaanamanii booda, xiinxalamuudhan jechootaan ibsi itti kennamee jira.

### 3.2. Tooftaa Iddatteessuu

Qorannoo kanaaf tooftaan iddatteessuu filatame, tooftaa miti carraa (iddattoo itti yaadee) yoo ta'u, mala kana ilalchisee Jane (2003:7) yoo ibsu, " In a non-probability sample, units are deliberately selected to reflect particular features of or groups with in a sampled population." Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amu tooftaan miti carraa ittyaadnee iddattoo filachuuf qorataa gargaareera.

Dabalataanis mala kana ilaalchisee Dastaan (2013:136) yoo ibsu, " qorannoo qulqullaa'inaa keessatti yemmu mala iddattoo itti yaadee fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef-kennitootaitti yaanneetuma filanna," jedha.Akka yaada kanarraa hubatamutti, malli iddattoo itti yaadee kunkan hirmaattonni hundi caarraa filatamuu argatan osoo hintaane, mala qorannoo

keenya galmaan nuu gahuu danda'u jennee namoota muuxannoo naannoo sanarratti qaban itti filannuudha. Tooftaan qorannoo kanaas mala mit-carraa ta'ee malli itti yaadee (purposive sampling) fi malli iddattoo eerummaa (Snowball sampling) filatameera. Malleen kanneen lamaan akka filataman kan taasise, dhimmoota ijoo ta'an irratti kan hirmaataniifi dhimmichi kan isaan ilaallachuu danda'u gama odimtootaan kan eeraman jiraachuu isaaniiti.

Denscombe (2007:17) waa'ee iddattoo darbaa dabarsaa yoo ibsu, "With snowballing, the sample emerges through a process of reference from one person to the next," jedha. Kunis darbaa dabarsaan odimtoota odeeffannoo gahaa kennan filachuuf mijaawaa akka ta'e namatti agarsiisa. Qorannoo kana keessattis tooftaan darbaa dabarsaa (iddattoo eerummaa) kan filatamuu danada'e, dursa namoota kaayyoo qorannoo kanaa guutan kaayyeffachuun erga filatamanii booda ragaa barbaachisaa ta`e hanga beekan erga kennanii booda namoota ragaa isaanirra beekaan kan biroo waan eeraniifidha. Kunis qabxiilee ijoo ta'an keessaa waa'ee moggaasa maqaa bakkeewwanii kan beekan, dhimmicharratti hojjechaa kan turan, beekumsa haala moggaasaa irratti kan qabaniifi hawaasicha ibsuu kan danda'an Waajira Aadaafi Turuzimii Aanaa Tolee dhaquudhaan galmee odeeffannoo jaarsolii qabatan sakatta'uun akkasumas beektota waajiricha keessa jiran odeeffachuun warra moggaasa maqaa bakkeewwaniirratti muuxannoofi beekumsa qaban waan gidduu galeeffatef tooftaan kun qorataa gargaaruu danda'eera.

Sababni qorataan Aanaa kana filateefis hojiidhaan bakka sana waa njiruufi amma tokko naannicha waan beekuuf yoota'u, tooftaan inni maanguddoota hojii kan galmaan na gahuu danda'u jedhee yaade gargaarames, Waajjira Aadaafi Turuzimii dhaquudhaan galmee jaarsolii aadaa hawaasaa gadi fageenyaan beekan sakatta'uun maqaafi gandoota isaan keessa jiraatan adda baafachuun yoota'u, bakkaa isaan jiraatan dhaquudhaan qaamaa qaamatti ragaan yookan odeeffannoon barbaachisu irraa funaanamee jira.Adeemsi kunis odeeffaannoo sirriifi barbaachisaa ta'e argachuuf shoora guddaa taphateera.Adeemsuma kanaan maanguddoota shan (5) fi qorattoota aadaa moggaasa maqaa bakkeewwaniirratti muuxannoo yeroo dheeraa qaban dhiira lama(2) akkasumas ogganaa waajira aadaafi turizimii tokko (1) af-gaaffiin akkasumas jaarsolii shan (5) irraa ammo marii garee xiyyeeffannoo muuxannoo yeroo dheeraa mataduree qorannoo kanaa irratti qaban filachuun odeeffannoon irraa funaanameera.

### 3.3 Irraawwatamaa Qorannichaa

Aanaan qorannoon kun irraitti gaggeeffame Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee irratti yoo ta'u, hawaasa Oromoo aanaa kanaa bakka bu'uu danda'u kan jedhaman keessa manguddoolii hubannoo haala moggaasa maqaarratti qaban iddattoo qorannoo kanaa ta'uun fudhatamanii ragaan akka irraa funaanameera.

### 3.4. Madda odeeffannoo

Maddoonni odeeffannoo qorannoo kana gaggeessuu keessatti dhimma itti bahame, hawaasa Aanaa Tolee jiraatan keessaa maanguddoota,namoota dhimma kanarratti muuxannoofi gahuumsa qaban akka madda ragaa tokkoffaattiifi dookumentii garaa garaa akka ragaa lammaffaatti qorataan itti fayyadameera. Haaluma kanaan afgaaffiirratti maanguddoota shaniifi qorattoota aadaa lama, marii garee xiyyffannoorratti ammoo manguddoota shan qofa hirmaachisuun kan gaggeeffameedha.

### 3.5 Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Qorannoo kana keessatti ragaaleen funaanamanii qaacceffauun kan hiikaman yoo ta'an, meeshaalee qorataan gargaaramee ragaa ittiin funaannates kanneen asii gadii ta'u.

#### 3.5.1 Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi iddattoonni fuulaafuulatti walarganii odeeffannoo waliif kennanidha. Afgaaffiin meeshaa odeeffannoo funaannachuuf dhimmi itti ba'amudha. Dhimma kana ilaalchisee Nunan (1992:45) yoo ibsu, "There are two ways of data collecting methods to collect information during interview using recording materials and note taking methods," jedha. Kana jechuun odeeffannoon karaalee lamaaniin walitti qabamuu danda'a. Kunis qabsiisa qabachuufi gaaffii afaanii gaafachuuniidha. Af-gaaffiin kunis kan taasifame bara 2012 yoo ta'u, maanguddoota shan, qorattoota aadaa lamaafi maanguddoota marii garee xiyyeeffannoo shan kan hirmaachiseedha. Sababni filannoo kanaas iddattoo filataman irraa odeeffannoo qaamaan walbiratti argamuun ragaa barbaachisaa, asilii (original), qabatamaa, qulqulluu ta'eefi odimtoonni kunneen yaada isaanii akka barbaadanitti ibsachuuf yeroo afgaaffii ragaan bifa waraabbii sagaleefi yaadannoo qabachuun

waan mijatuufidha. Afgaaffiin qorannoo kanaaf itti gargaarames, afgaaffii miti caaseffamaafi caaseffamaati.

Gaaffileen qorannoo kanaaf barbaachisan erga qophaa'anii muuxannoon qaburraa ka`ee manguddoolii aanichaa moggaasa maqaarratti hubannoo qabanirraa odeeffannoo funaannachuudhaan madda ragaa kanan taasifadheera. Adeemsa ragaa funaannachuu keessatti kallattiidhaan gara qorannichaa osoon hinseeniin dura, Oromoon durii kaasee aadaa isaa keessatti akkaataa maqaa itti moggaasaa ture, faayidaa hawaasichaaf qabuufi maalirratit akka xyyeeffachaa ture waliin walbira qabuun dursa haasofsiifamaniiru. Haaluma kanaan fedhii isaanii gaafachuudhaan yaadannoo qabachaa viidiyoodhaan sagaleefi suurri waraabamuun hanga gaaffileen deebii argatanitti itti adeemameera.

### 3.5.2Marii Garee

Qorannoo kana keessatti mariin garee ragaa funaanuu irratti akka meeshaa tokkootti hojii irra kan ooludha. Haaluma kanaan, hirmaattota Aanaa Tolee Ganda Kooceefi Aallittii keessaa filataman bakka mijataa Aanichaa filachuun, mana barumsaa Koocee sadarkaa tokkoffaa Ganda Koocee keessatti argamurratti, maanguddoota shan gareedhuma tokko gochuun tokkoon tokkoon isaanii waliin marii erga taasisanii booda ragaan irraa funaanamee qaacceffameera. Malli kun akka meeshaa odeeffannoo funaanuu tokkootti kan filatameefis, mata duree dhihaate irratti yaada namoota adda addaa walitti fiduun kan odeeffannoo afgaaffiin sirriitti hin ibsamne irratti yaada bal'aafi bilchaataa ta'e walii walii isaani giduutti marii geggeeffamuun argachuun waan danda'amuuf. Kana malees, yaada marii kana keessatti dhihaaturratti hundaa'uun yaada irraanfatame, irra utaalameefi haaraa illee argachuun waan danda'amuuf, dhimmi itti bahameera. Kana ilaalchisee Kirstin, (2002:98) yoo ibsu, akkas jedhee kaa'a; "Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent and it focused the attention of a participant on a particular topic." Jedha.Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, isa namni tokko beeku inni tokko hin beeku, kan tokko dagate, inni biroo itti dabaluu danda'a. Kanaafuu, odeeffannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf tola.Kun immoo, qorataan odeeffannoo kennamu dhaggeeffatee yaadannoo qabachuufis ta'e, sagalee waraabbachuuf salphata.

### 3.6 Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Malli qorannoon gosa kanaa ittiin gaggeeffame mala hiikaati. Kana jechuun, mala odeeffannoowwan afgaaffii, daawwannaafi marii gareetiin argaman gadi fageenyaan xiinxalamanii hiikni itti kenname waan ta'eef, qarataan mala kanatti gargaaramee odeeffannoowwan karaa garaagaraan walitti qabaman kan qaaccesseedha. Odeeffannoon qorannoo kanaaf funaanamanis tooftaalee garaagaraatiin mala qoqqooddiifi irra deddeebiidhaan qaacceffamanii dhiyaataniiru. Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu funaanamee bakka adda addaatti qoqqoodamee ibsameera.Yeroo qoqqoodamus bifa tokko qofaan osoo hintaane bifa garaa garaatiin ilaalamuun qoqqoodame.Odeeffannoowwan, afgaaffii, daawwannaafi marii gareetiin funaanaman kunneen akkaataa walfakkeenya isaanitiin walitti guuramanii ibsamaniiru. Ibsi itti kenname kunis haaluma namoonni odeeffannoo kennaniin sababa isaanii waliiniidha. .

### 3.7 Muuxannoo Dirreefi Naamusa Qorannoo

Qorannoon dirree kan qorataan/ttuun tokko iddoo qorannichi itti adeemsisamu dhaquudhaan qorannoo kan gaggeessu/ssitudha. Adeemsi kunis, kan odeeffannoon qorannoo sanaaf ta'u irraa argamu (namoota, fakkii, hambaa, aadaa hawaasichaa, siidaawwaniifi kkf) bira dhaquun qabatamaan ragaa barbaachisu sassaabuuf fayyada. Haaluma kanaan, qorataanis bakka qorannoon kun irratti gaggeeeffame qaamaan deemee daawwateera.

Odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan kan walitti qabaman adeemsa adda addaa keessa darbuudhaani. Jalqaba qorataan odeeffannoo ittiin funaanuuf malawwan nagargaaru jedhe filate. Itti aansuunis, malleen kanaaf kan barbaachisan gaaffiilee afgaaffiif ta'an qopheeffatee, namootamalaiddattoo akkayyoo (itti yaadee) afgaaffiif filataman fedhasaanii ta'uun gaafatamee ragaa gahaan erga funaanamee booda, namoota raga kennan galateeffachuun raawwatameera.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen odeef-kennitoota irraa funaanamanii qaacceffamanii dhiyaatanii jiru. Qaacceessa kana keessatti adeemsa deemame ibsuun barbbaachisaa ta'a. Kunis akkumaodeef-kennitootaaf dhiyaataniin hiikni itti kennamuun qaacceffame. Ragaaleen bifa maree garee xiyyeeffannoofi afgaffiitiin odeef-kennitootarraa funaanamanii yaad-rimee tokko dhugoomsuu irratti walitti hirkatanii deemu. Haaluma kanaan hiikni ragaalee kanneenitti kennameera. Yaadni armaan olitti kenname kunis aadaa boonsaa Oromoon qabu keessaa akkaataa moggaasa bakkeewwanii Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee sakatta'uu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, akkaataa moggaasa bakkeewwanii haala qabatamaa aanichaan maal akka fakkaatu bifa maree gareefi afgaaffiitiin maanguddooliirraa funaanamee akka armaan gadiitti qaacceffameera.

## 4.1 Aadaa Moggaasaafi Moggaasa Bakkeewwanii

Adeemsa funaansa ragaa keessatti manguddoota Aanaa Tolee adda addaa waliin marii taasisuun odeeffannoon akka funaanamu ta'eera. Moggaasa maqaa bakkeewwanii ilaalchisee manguddoota aanichaa waliin (Ebla19, 2012 ALI) marii taasifameen gaaffiiwwan garaa garaa dhiyeessuun deebiin akka itti kennamu gochuudhan kan raawwatamedha. Haaluma kanaan af-gaaffii "Moggaasni maqaa bakkeewwaniifi aadaan moggaasaa hawaasa Oromoo aanaaTolee walitti dhufeenya qabuu?" gaaffii jedhu odeef-kennitootaaf dhiyaachuun deebiin akka itti kennamu ta'ee jira.Kanumarratti hundaa'uun odeeffannoon laatame akka armaan gadiitti taa'ee jira. Odeef-kennitoota kana keessaa obbo Rafuu Tulluu yemmuu yaada kennan, Oromoon aanaa kanaa akkuma yeroo daa'imni dhalattuufi yeroo guddifachaa fudhatan maqaa moggaasu, bakkeewwaniifis halaafi dhimmoota adda addaa irratti hundaa'uun maqaa moggaasa. Oromoon yeroo maqaa moggaasu yaada sammuu isaa keessa jirutti fayyadamuun maqaa isatti toleen fedhii isaa ittiin ibsachuuf daa'imaaf, tulluuf, laggeeniif,mukkkeeniif, bakkeewwaniif, gandoota isaafi gareewwan keessa jiraatuuf haala hawaasaaf hiika kennutti itti yaadee maqaa nimoggaasa.

Yaanni armaan olitti odeef-kennaan ka'e kun, yaada Smith (1969:268) "The exact connotation of each name is that in the mind of the giver," jedhu waliin walitti dhufeenya qaba.

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda'mu, maqaan bakkeewwanniifis ta'ee kanneen biroof moggaafamu walitti dhufeenya aadaa naannoo isaa waliin qaburratti xiyyeeffachuudhaan

kan moggaafamu ta'ee, hiikni moggaasa maqaa sammuu nama maqicha moggaasu keessaa akka maddu ta'uu isaati.

Waraabbiin armaan olii hariiroo aadaafi moggaasni maqaa bakkeewwanii hawaasa Oromoo aanaa kanaa waliin qaban kan namatti agarsiisudha. Oromoon akkuma maqaa da'imman isaafmoggaasu, bakka jiraatutti maqaa bakkeewwaniis moggaasee kan ittiin waamu ta'uu namatti agarsiisa. Kun immoo aadaa boonsaa hawaasicha biratti beekamu ta'uu isaati.

Gaaffiidhuma walfakkaataadhaaf marii garee xiyyeeffannoo waliin (Ebla12,2012) marii taasifameen manguddooliin yoo yaada kennan, moggaasni bakkeewwanii akka aadaa hawaasa aanichaa ibsuu danda'uufi akka hawaasichi hubachuu danda'utti moggaafama malee akkasumaanii miti. Bakkeewwan moggaafaman dhalootuma aadicha keessatti dhalatee guddatetu hiika isaa hubachuu danda'a. Bakka biraa kan dhufe akka dhalataa aadicha keessatti dhalatee guddateetti ergaa moggaasa bakkaa sana hubachuus himuus akka hindandeenye odeef-kennitoonni armaan olii yaada isaanii kennaniiru.

Yaadni maanguddoolii armaan olii kun yaada Dunkling (1977:47) "Men give names depending on the culture of society. Names have been given in the mystical relationship between the name & the person who bears it," jechuun ibse waliin kan wal fakkaatuudha. Kunis, haalli moggaasa maqaa hawaasa tokko yookin aadaa tokko keessatti gaggeeffamu kan hawaasa biroo yookin aadaa biroo irraa gargar ta'uu isaati. Kana jechuun moggaasni tokko hiika qabaachuu kan danda'u hawaasuma akka aadaa ofiitti bakkeewwan moggaase biratti qofa akka ta'e nama hubachiisa. Kun ammo aadaan moggaasaafi moggaasni bakkeewwan Aanichaa hariiroo cimaa qabaachuu isaa namatti agarsiisa.

Yaaduma armaan oliirratti hundaa'uudhaan moggaasni bakkeewwanii Oromoo biratti aadaa boonsaafi kabjamaa ta'uu isaa fakkeenya armaan gadiin yoo ibsan: "Maqaa baduu mannaa mataan baduu wayya," "Maqaan baateefi Karaan baate hindeebitu." Jechuun hawaasichi aadaa moggaasa bakkeewwaniitiif jaalalaaafi kabaja qabaachuu isaa ibsaniiru.

Hojii qorannoo kanaa mammaaksa waliin hidhannoo qaba osoo hintaane, maanguddooliin armaan olii mammaaksatti fayyadamuun aadaan moggaasa bakkeewwanii bakka olaanaa qabaachuu isaa kan ittiin ibsaniidha. Yaada kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti moggaasni bakkeewwanii aadaa hawaasa Oromoo biratti bakka olaanaa qaba. Akkasumas,

afoola isaa keessattillee bifa mammaaksaan haala jiruufi jireenya isaa waliin kan wal qabateefi fedhii namni tokko qabuufi hawaasummaadhaan naannoo isaaf qabu kan calaqqisiisudha.Kun immoo moggaasni bakkeewwaniifi aadaan hariiroo cimaa kan waliin qaban ta'uu isaanii yaada manguddooliirraa hubachuun danda'ameera. Dabalataanis, aadaa hawaasa Oromoo keessatti namni maqaa isaaf jecha waan hojjetu tokkotti akka cimuufi waan uummatichaaf hintolle yoo hojjete immoo jibbamaa ta'ee sammuu isaatti akka itti dhagahamuuf aadaa isaa keessatti moggaasa bakkeewwaniif dursi kennamuu isaa kan nama hubachiisu ta'uu namatti agarsiisa. Itti dabaluunis manguddooliin kunniin akka arman gadiitti ibsu.

Moggaasni bakkeewwanii akka hawaasa Oromoo aanaa kanaatti hiika niqabaata. Namoonnis maqaa bakkeewwanii maqaa dhahachuun wal barbaadu, walitti deemu, wal gargaaru, akkasumas walkabaju. Kun immoo hawwaasa birattis baay'ee waan beekamuuf aanaa kana keessatti beekamaadha.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubatamu maqaaleen bakkeewwanii aadaa hawaasa tokkoo bu'uura godhachuudhaan hawaasa maqaa sana baaseefi maqicha beekuuf hiika mataa isaa kan qabu yommuu ta'u, aadaan maqaa moggaasuufi hawaasni tokko walitti dhufeenya guddaa akka waliin qaban kan agarsiisu ta'uu yaada kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Aadaa moggaasa bakkeewwanii aanaa kanaa irra caalaatti kan beeku hawaasa bakka biroorra isuma asitti dahlatee guddate akka ta'e odeef-kennitoonni afgaaffii dhuunfaa akka armaan gadiitti ibsu.

Moggaasa bakkeewwanii aanaa kanaa irra caalaa kan beeku namuma baka kanatti dhalatee guddatedha. kana jechuun immoo namni hundi maqichi maaliif akka moggaafameefi hiikaa isaa walqixa beeka jechuu miti. Namni hundi hiika isaa walqixa himuu hindanda'u. Keessumaa, maqaaleen bakkeewwanii durii kaasee kan ittiin waamamaa dhufe akkuma umriidhaan walcaaluun jiru hiika maqichaa kennuurrattis walbuusuun nijira. Nama hundaan osoo himi jettee deebiin walfakkaataa ta'e argamuu dhiisuu danda'a.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amutti maqaan tokko kan moggaafamu callisee osoo hintaane, hawaasa maqicha mogaaseef hiika kan qabaatu yommuu ta'u, hiika maqichaas caalaatti kan beeku hawaasumsa maqicha moggaase ta'a. Kana jechuun immoo

waa’ee ofii kan beeku abbuma sana yoo ta’u , namni akkuma of beeku aadaa yookaan haala jiruufi jireenya isaa ibsuu beekuun hariiroo maqaafi aadaa gidduu jiru namatti agarsiisa.

Yaannii armaan olitti ka’uuf yaalame kun yaada Andreas (2007:2) **“**In every culture, names have cultural and social context that identify the bearer,” jedhu waliin walitti dhufeenya qaba.

Haaluma walfakkaatuun, hirmaataa af-gaaffii dhuunfaa kan ta’e obbo Rafuu Tuluu waliin (Caamsaa1, 2012) marii taasifameen yaada isaanii yoo kennan , Maqaaleen bakkeewwaniif moggaafaman aadaa waliin hariiroo cimaa qabu erga jedhanii booda, akkuma afaan ofiin yaada, hawwii, waa’ee lammii ofiifi seenaa darbe ibsachuun nidanda’ma jechuun yaada isaanii ibsaniiru.

Yaanni manguddoon af-gaaffiin godhameef kennan kun yaada Dunkling (1977:47) “Men give names depending on the culture of society. Names have been given in the mystical relationship between the name & the person who bears it,”jechuun ibse waliin kan wal fakkaatuudha.

Akkuma yaada armaan olii irraa hubachuun danda’amu, maqaan kutaa afaanii isa xiqqaa waan ta’eef, akkuma afaanii yaada, amanta, hawwii fedhiifi aadaa ofii kan ittiin ibsachuun danda’amudha. Kanaafuu aadaafi afaan walliti dhufeenya cimaa kan qaban ta’uu namatti mul’isa. Akka fakkeenyaatti, Moggaasni bakkeewwan aanicha keessatti moggaafaman kanneen akka: Dooroo Maanaqaa, Lidataa, Addis Katamaafi kanneen kana fakkaatan aadaa moggaasa bakkeewwanii hawaasa Oromoo aanichaa kan ibsan miti. Moggaasni bakkeewwanii kannen akka Araddaa Leeqaa, Bilii Maallimaa,Tummee yaayyaa, Dhokaat, Armuufoo Tajiin aadaa moggaasa bakkeewwan aanichaafi afaan isaa kan ibsaniidha. Fakkeenyaaf, Araddaan ilaala Bacho irratti bahee waaqa kadhatu yemmuu ta’u,Leeqaan ammoo maqaa namaa kan isa angafa ta’eeti. Akkasuma Armuufoon angafa lubaa yoo ta’u Tajiin malkkaa yookan laga ta’uu isaati.

Yaaduma kana Andreas (1997:6) yommuu ibsu, “Naming can be considered as universal cultural practice, every society in the world gives names as the practice tags to its people and place, but how the names are given, the practice and ritual inovlved and the names differ from society to society and from one culture to another,” Jedha**.**

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda’amutti haalli moggaasa maqaa hawaasa tokko yookin aadaa tokko keessatti gaggeeffamu kan hawaasa biroo yookin aadaa biroo irraa gargar

ta’uu isaati.Kana jechuun moggaasni tokko hiika qabaachuu kan danda’u hawaasuma afaan ofiin akka Haala Raawwii Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii aadaa ofiitti maqaa moggaase biratti qofa akka ta’e nama hubachiisa.

**4.2 Haala Raawwii Moggaasa Bakkeewwanii**

Kutaan kutaa kana dursee jiru walitti dhufeenya aadaafi moggaasa maqaa gidduu jiruufi haala raawwii moggaasa maqaa wal duraa duubaan dhiyaatee jira. Kutaa kana keessatti, akkaataan raawwii moggaasa maqaa ibsameera. Odeef-kennitoonni qorannoo kanaa gaaffilee dhiyaataniif hunda akkaataa moggaasa maqaalee bakkeewwanii durii kaasanii ibsanii jiru. Akkasumas qaama hawaasichaa ta’anii jiraachuun odeeffannoo argame xiyyeeffannoodhaan xinxaluudhaaf haala mijeessee jira.

Haaluma kanaan haaala rawwii moggaasa maqaa bakkeewwanii ilaalchisee manguddoota aanaa Tolee waliin (Ebla 27,2012 ALI ) marii taasifameen af-gaaffii “Moggaasni maqaa bakkeewwanii akka aanaa Toleetti akkamitti adeemsifamaa as gahe?” jechuun dhiyaaterratti hundaa’uun yoo yaada kennan, ibsi kenname akka armaan gadiitti taa’ee jira.Ibsa manguddoolii kana keessaa obbo Aangessaa Kootuu Odaa yoo yaada kennan, Oromoon akkaataa ittiin maqqaa moggaasu qaba.Akka feeteen osoo hin taane adeemsa mataa isaa qabaachuu isaa dubbataniiru.Maqaan yoo moggaafamu kan ilaalamu inni calqabaa tokko hiikolee maqaati. Maqaan Oromoo kan namaas ta’e, kan lafaa hiikoo ofdanda’e qaba. Hawaasa Oromoo aanaa kanaa biratti maqaan namaafi lafaaf qofa kan moggaafamu osoo hintaane, looniifi fardeeniif illee maqaan nikennama.

Yaada manguddoo armaan oliii irraa akkuma hubachuun danda’amu maqaan hawaasa Oromoo biratti dhala namaa, bakkeewwaniif moggaafaman hiikoo mataa isaanii kan qabaniifi gama aadaa kanaan yaadaafi hawwii qabu ibsachuu akka danda’u hubachuun danda’ameera. Kanaafuu maqaan yeroo moggaafamu ka’umsafi adeemsa mataa isaa kan qaabu ta’uu isaatu hubatama.

Haaluma wal fakkaatuun manguddoon kun moggaasni maqaa bakkeewwanii akkamitti raawwatamaa akka as gahe yoo ibsan, hawaasni yeroo bakka tokkotti walitti dhufanii carraa argatanis maqaa hawaasicha bakka tokkotti ibsuu danda’uun moggaafama. Gama kaaniin immoo maqaaleen bakkeewwanii yeroo bulchitoonni mootummaa biyya keenyaa jijjiiramaa turan hawaasa walirraa fagaatee bakka gara garaa jiraachaa ture walitti fidanii iddoo tokkotti bulchuuf jecha maqaa moggasaa turaniiru. maqaaleen bakkeewwanii yeroo gara garaafi haala gara garaa

keessa moggaafamaa turaniiru. Maqaaleen moggaafamaa turan keessaa akka fakkeenyaatti lafa kaa'ans, Laga Ulaandhulaa, Laga Koocee, Laga Kuyyuu, Laga Waatiraa, LagaTagabaa, Laga Cirfaa, Laga Taji, Laga Tamsa'aa, Laga Wagiddii, Laga Jijjigaafi kanneen kana fakkaatan fa'i.

Walumaa galatti yaada manguddoon armaan olitti ibsan kana irraa akkuma hubachuun danda'amu, maqaaleen bakkeewwanii yoomessa dhaabbataa ta'ee kan hin qabneefi tasa moggaafamuus akka danda'an ibsu. Itti dabaluunis maqaaleen bakkeewwaniif moggaafaman akka maqaa dhala namaa yeroo yerootti kan moggaafaman osoo hintaane, adeemsa bulchiinsa sirnoota garaagaraa bu'uureffachuu kan danda'an ta'uu isaanii nama hubachiisa.

Akkaataa moggaasa bakkeewwanii ilaalchisee, gaaffii "Moggaasni maqaalee bakkeewwanii Aanaa Tolee durii kaasee amma si'anaatti akkamitti moggaafamaa as gahe?" jedhuuf manguddoolii maree garee xiyyeeffannoo waliin (Caamsaa12,2012) marii taasifameen yaada isaanii yoo ibsan,"Maqaan bakkeewwaniif nikennama. Bakkeewwan yoo moggaafaman dhimmoota adda addaa waliin walqabsisuun ta'a. Akka fakkeenyaatti moggaasni dhala namaa bakkaaf moggaafamu nijira. Moggaasni bakkaa waa'ee maalummaa bakka sanaa ibsuufi tajaajila maqichi qabu waliin walqabsiisee moggaafama.

Haaluma armaan oliitiin, moggaasni bakkewwanii hawaasa Oromoo Aanaa kanaa maqaalee dhala namaa waliin walqabsiisuun akka moggaafaman manguddooliin maree garee xiyyeeffannoo yoo ibsan, Maqaan namaa bakkaaf, maqaan bakkaa namaaf nimoggaafama. Akka fakkeenyaatti, maqaan Abeebee, Bottonnee, Kuraa, Kocee, Bilii, Baantuu, Toleefi kanneeen kana fakkaatan maqaalee namaati. Garuu, bakkaaf moggaafamanii argamu. Faalla kanaan immoo Soboo, Qarsaa, Burqaa, Tulluu, Daandii, Araddaafi kanneen kana fakkaatan maqaalee bakkeewwanii namaaf moggaafamanii jiru.

Yaadni armaan olitti manguddooliin Aanaa Tolee akkaataa moggaasa maqaalee bakkeewwaniifi dhala namaa ilaalchise ibsan yoo ilaallu yaada Powell (1990:24) " Many place names are drived from personal names, and also many personal names are derived from place names." jechuun sakatta'a barruu keesatti ibse waliin walfakkata. Yaadni manguddooliifi 'Powell' ibsan, maqaa namaa bakkaaf, maqaa bakkaa immoo namaaf moggaasuun adeemsa moggaasa maqaa keessatti kan ilaalamu ta'uu nama hubachiisa. Akkasumas walitti dhufeenya dhalli namaa bakka waliin qabu nama hubachiisa.

Adeemsa moggaasa maqaalee keessatti bakkeewwanii laggeen adeemsa qubsumaa taasifamu waliin kan ilaalamu ta'uu manguddoon yeroo afgaaffii dhuunfaa akkaataa armaan gadiin ibsanii jiru.

Hawaasni Oromoo aanaa kanaa adeemsa lafa qubachuuf deemu irratti hundaa'uun maqaa moggaafata. Maqaan moggaafatu kunis, maqaa biqiloota, tulluu, laga, tabba, gandaafi kanneen kana fakkaatan irratti abbaa qabiyyee ta'uu isaa mul'ifata. Oromoon aanaa kana keesssa jiru dur Booranaa dhufee lafa qabatee yeroo ammaa kana sanyiin isaa baay'atee naannoo kana jira. Akkasumas dhimmoota adda addaan walqabsiisuun bifa garaa garaan maqaa moggaasa as gahee jira. Dur bakki tokko kan moggaafamu haala bulchiinsa yeroo sanaa bu'uura godhachuudhaan kan moggaafaman turan. Akka fakkeenyaatti yeroo Oromoon of bulchaa turetti hawaasni Oromoo aanaa Tolee maqaa gosa isaatiin lafa qubate irratti akka barbbadetti maqaa bakkaaf moggaasaa ture. Maqaaleen bifa kanaan moggaafamaan keessaa: maqaalee gandootaa yoo ta'an, isaanis haala gosa Oromoo bu'uureffatu. Maqaaleen gosa Oromoo bakkaaf moggaafamanii jiran keessaa gosa OromooTuulamaat.Tuulamnis ilmaan sadii qaba. Isanis: Daaccii, Bachoofi Jiillee jedhamu. Aanaa kanatti kan heddumatu Daaccii yoo ta'u, ilmaan Daaccii keessaa, Sooddo isa tokko. Sooddos ilmaan sadii qaba. Odiitu, Tum'eefiLiiban jedhamu.Ilmaan Odiituus: Siibaa, Abbaadhoo, Idooroo, Soolee, Maallima, yoo ta'an, Ilmaan Tum'ees: Guusaafi Hiddoo jedhamu. Inni sadaffaan Liiban yoo ta'u, innis: Boodhaa, Harmuufoo Bilii, Kuraa, Baantuu, Daayyuu, Wanbar, Corree, Kooyyeefi Hambaay jedhamuun beekamu. Odeeffannoon argame kunis kunis odeeffannoo (BATO 1998:119) irraa argame waliin walitti dhufeenya qabaachuun isaa mirkanaa'ee jira.

Maqaaleen bifa kanaaan wal duraa duubaan tarreeffaman adeemsa moggaasa maqaalee bakkeewwanii keessatti gandoota AanaaTolee hedduu keessatti bifa kanaan moggaafamuu isaanii af-gaaffii (Ebla 27,2012) gaafatamee odeeffannoo argame irraaa hubatameera. Kanuma irraa ka'uun gandi Maallimaa Sadeen Bottonnee, Boodhaa, Baaantuu, Kuraa, Harmuufoo, Bilii, Corree, Yaayyaa, Koocee, Allanuu,Jawaaroo Basiifi kanneen kana fakkaatan adeemsa moggaasa maqaa gosaa waliin wal qabatanii moggaafamanidha.

Yaadni armaan olitti ibsame kana irraa akkuma hubachuun danda'amu,Oromoon yeroo maqaa moggasu adeemsa lafa barbbaacha deemu waliin walqabsiisa. Hangaftiifi quxisuun maqaa gosa tokkoon waamamu. Akkuma addaan fagaachaa deemaniinis maqaa gosa isaanii deebisanii

moggaasuudhaan babal’achaa deemu. Kunis kan ta’uu danda’e, adeemsa qubsumaa deemamu keessattidha. Maqaan gosa tokkicha akka irra deddeebi’amee kan waamauu tokkummaa Oromoon qabu agarsiisuufi. Kana irraa ka’uun gosti Oromoo maqaa bakka tokkotti waamamuun bakka birootti beekama.Akkasumas, Maqqleen bakkeewanii hawaasa Oromoo aanaa Tolee biratti adeemsa qubsumaa taasifamuun maqaa gosa ofii deebisanii moggaafachuun sirna moggasa maqaa hawaasichaa durii kaasee maal akka fakkaatu kan ibsuu danda’udha. Kun immoo tokkummaa hawaasichi qabu kan cimsuufi kan isa boonsu ta’uu namatti agarsiisa. Itti dabaluunis Oromoon dur yeroo maqaa moggaasu akkaataa safuufi aadaa isaa cimsachuu danda’uun maqaa moggaafata.  Akka fakkeenyaatti, maqaalee anichatti moggaafaman keessaa: Araddaa Jaboo, Baddaa Qeerroo, Mataa hidhaa, Areeree, Agamsa Jilaa, Cariifi jechoota aadaa hawaasicha ibsaniifi kanneen kana fakkaataniin moggafachaa akka turan manguddoonni niibsu. Adeemsi kun immoo moggaasni maqaalee bakkeewwanii adeemsa qubsumaa taasifamu keessatti abbaa qabiyyee lafaa ta’uu, daangaa qabate kan biroo irraa addaan baasuufi dhimma siyaasa lafaa waliin wal qabsiisun maqaa  moggaasuun akka danda’amu nama hubachiisa

Yaadni kun yaada Eugene (2008:1) “The use of place name is a multi functional. In general sense, place names used by aspecific community tie that community to aparticular area, creating a relationship with the landscape that provides the sense of home” jedhee sakatta’a barruu keesatti ibse walin walitti dhufeenya guddaa qaba.Akka yaada manguddooliifi “Eugene” ibsanitti, adeemsa moggaasa maqaa keessatti dhimmi hafuu hinqabne dhimma aadaati. Akka aadaa Oromoo aanaa kanaatti maqaan dur yeroo moggaafamu bifa aadaa isaanii ibsuun moggafamaa akka ture kallattii namatti agarsiisa.

Akka manguddoon yeroo afgaaffii dhuunfaa taasifameefiin ibsanitti, moggaasni maqaa yeroo Oromoon caffee caffeetiin wal bulchaa turetti adeemsa tooba qabuun kan gaggeeffamaa ture ta’uu ibsu. Oromoon bifa aadaafi seenaa isaa ibsuun maqaa moggasa ture.Booda garuu, yeroo Oromoon gita bittaa jala galee turetti akkaataan moggaasa maqalee hawaasa Oromoo aanaa Tolees ta’e kan ilmaan Oromoo tooba isaa gadhiisee ture. Maqaan moggaafamu abbootii lafaan, afaan isaaniifi amantaa isanii akkaataa ibsuu danda’uun moggaafachaa turan. Maqaan magaalotaafi maqaan namaa yeroo bittaa Minilikiifi yeroo Hayila Sillaasee  (bara Jaanoo )  kan amma Aanaa Tolee jedhamtu kun biyya Dajjaazmaach Baalchaa Abbaa Nabsoo, biyya

Giraazmaach Kaasaayee, biyya Giraazmaach Habta Maariyaam Nigaatuufi kanneen kana fakkataniin moggaafamtee waamamti ture.

Akkuma bara Minilik, Bara Jaanoos (Bara Hayila Sillaasee) akkuma maqaan lafa Oromoofi uummata Oromoofi gara Afaan Amaaraatti jijjiiramuu itti fufe. Yeroo lafti harka uummataa galte jedhamus yeroo sirna Motummaa Darguus moggaasni maqaalee bakkeewwanii tokko tokko hawaasa Oromoo Aanaa Toleefi akka Oromiyaattillee maqaan namaafi lafaa jechoota afaanichaan kan moggaafamaa turan osoo hintaane, afaan aadaa, amantaafi seenaa hawasichaa kan hinibsineen bakka tokko tokkotti moggaafamaa turan. Maqaaleen gandootaas wantaa irratti hundaa'uun kan moggaafamaa turan yoo ta'an, wantaan digdamni ganda tokko ta'uun bakka tokkotti dhufuun maqaa abbaa lafaatiin waamamaa ture. Akka fakkeenyaatti aanaa amma Tolee jedhamtu, "Tolee Wereda,"Ganda amma Baantuu jedhamtu " Bantu Qebele" Kan amma Yaayyaa jedhamtu, "Yaya Qebele" Bilii kan jedhamtuun, " Bili Qebele" Kocee kan jedhamtuun "Koche Mariyam"jechuun maqaalee gandootaa waamaa turan. Maqaaleen daandiiwwanis adeemsuma kana kan hordofanidha.Fakkeenyaaf, "Ye Bantu Debre Genet Menged" jechuun waamamaa ture. Maqaaleen akka Godina keenyyaa keessatti yeroo sana haala kanaan moggaafamuun waamamaa turan, Walisoo kan turte "Giyon" kan amma Asgorii jedhamtu, "Debre Genet" kan amma Amboo jedhamtu, "Hagere Hiyiwet" kan amma Ejeree jedhatuun, "Addis Alem" jechuun yeroo sana godina Amma Shawaa Dhihaa jedhamu jalatti waamamaa turan.

Akka yaada armaan oliitti, adeemsa moggaasa maqaa keessatti dhimmi hafuu hinqabne dhimma aadaati. Akka aadaa Oromoo aanaa kanaatti maqaan dur yeroo moggaafamu bifa aadaa isaanii ibsuun moggafamaa akka ture kallattii namatti agarsiisa. Kanaafuu, moggasni maqaalee hawaasa Oromoo aanaa kanaa biratti sirnoota darban keessa aadaa, seenaa, safuu, kabaja, afaan, amntaafi kaayyoo hawaasichaa kan ibsaa hin turre ta'uu namatti agarsiisa. Adeemsa kana irraa kan hubatamu hawaasichi duraan aadaafi afaan inni ittiin maqaa moggaafachaa tureefi boodaimmoo maal akka ta'e kan ifa baasuudha.

Moggaasa maqaalee bakkeewwanii haala yeroo ammaa ilaalchise manguddoota aanaa Tolee waliin (Ebla 27, 2012) af-gaaffii dhiyaaterratti hundaa'uun ibsi kenname akka armaan gadiitti taa'ee jira .Ibsa manguddootaa kan keessaa obbo Aangessaa Kootuu Odaa yoo yaada kennan, maqaan qubsumaa akaakilee keenyaanis waamamaa ture sirnoota darban keessa haala adda

addaan yoo jijjiiramuuf yaales, yeroo ammaa kana amma tokko adeemsa sana kan jijjiirrate fakkaata. Akka fakkeenyaatti, maqaaleen dur maqaalee abbootii lafaan waamamaa turte, Biyya Dajjaazmaach, Giraazmaach, Fitawaraariifi kanneen kana fakkaatan, Ganda Abeebee, Ganda Dhokaat, Ganda Kusaayeefi kan kana fakkaataniin moggaafamanii ittiin waamamaa jiru.

Yaada armaan olitti manguddoon kun ibsan yaada Room (1967:1) "Place names wether they be a city or a river a country or a mountain, denote something about the regions of the feature, sometimes telling in a word who founded a city." Jedhee sakatta'a barruu keesatti ibsame waliin yoo ilaallu, kan wal simatudha. Kunis moggaasni maqaa kan duraan ture dhiisuun deebi'anii kan biroo moggaasuu keessatti dhimmi duraanii akka yaadatamuufi akka hinyaadatamne yoo barbbaadan maqaa moggaafame dhiisuu kan jedhu bu'uureffata. Kanaafuu, hawaasa Oromoo aanaa kanaa biratti adeemsonni sirnoota darban keessa raawwatamaa turan aadaa, seenaafi afaan hawaasichaa waan hinibsineef isa irraanfachuun kan aadaa, seenaafi afaan hawaasichaa ibsuu danda'u gargaaramuun maqaalee bakkeewwaniif moggaasuun akka danda'amu irraa hubachuun nidanda'ama.

Ittidabalees akka manguddoon kun ibsanitti, akkaataa maqaaleen yeroo ammaa kana afaan ofiin, akka fedhii ofiitti akka moggaafamaa jiran ilaalchisee akkaataa armaan gadiin yoo ibsan, Maqaaleen yeroo ammaa kana moggaafaman akka fakkeenyaatti maqaale gaarreewwanii mukkeenii,laggeen,maqaalee namaa,akka amantaa, gosaa, qabiyyeefi kanneen kana fakkaatanitti gargaaramuun afaan keenyaan ofuma keenya moggaafanna. Fakkeenyaaf, Golba Lalisaa ,Hulaa Geetoo, Lalisee, Malkaa Irreechaa, Dhiibuu, Malkaa Amanii, Nasee, Gulloo Tulluu, Abbaadhoo, Absoo, Beerreefi kanneen kana fakkaatan garee keessatt moggafamaa jiru jechuun yaada isaanii dabalataan qorataaadhaa kennanii jiru.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amu xiyyeeffannoon aadaa hawaasa tokkoo adeemsa maqaan ittiin moggaafamu, hiika isaafi maqichi maal irraa akka ka'ee moggaafame, hariiroo seenaa darbee kan amma hawaasichi raawwachaa jiruufi kan dhufu waliin wal qabsiisuun dhimma hawaasichaa irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaa agarsiisa. Kun immoo hawaasichi aadaa, amantaa, seenaafi eenyummaa isaa kan ibsuu danda'utti gargaaramuun moggaafachuun mirga afaan ofiin of ibsuu kan jedhu mirkaneessuu danda'a.

Gama biraatiin immoo yeroo ammaa kana maqaaleen bakkeewwanii garee tokko tokko keessatti kanneen aadaafi afaan hawaasichaa waliin wal hinqabanneen kan moggaafamaa jiranis manguddoon armaan olii afgaaffii dhuunfaa irratti hirmaatan yoo ibsan,maqaaleen tokko tokko darbanii darbanii afaanuma hawaasa keenyaa kan hinibsineefi hiika isaa hin beekneen moggaafamaanii jiru. Kun immoo tasa osoo itti hinyaadiin mudannoo adda addaa waliin wal qabatanii nimoggaafmu.Fakkeenyaaf, Dooroo Maanaqaa, Maarkaatoo, Massaalamaa, Addis Katamaafi kannen kana fakkatan darbanii darbanii moggaafamaa jiru.

Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, maqaaleen bifa kanaan moggaafaman keessumaa naannoo magaalaatti akka ta'an nihimu. Maqaaleen kunniin jechoota afaan hawaasichaatiin kan wal hinqabannedha. Kun immoo aadaa hawaasa Oromoo kan ibsu miti. Maqaaleen bifa kanaan moggaafaman maqaalee magaalaa gurguddaa keessatti moggaafamanii jiraniifi Afaan Ingiliziifi Afaan Amaariffaatiin moggaafamuun aadaafi eenyummaa hawasichaa kan hinibsine ta'ee argama.

**4.3 Bu'uura Moggaasa Maqaalee Bakkeewwanii**

Oromoon wantoota hundaaf yemmuu maqaa moggaasu jechuma gara sammuu isaatti dhufeefi akka feeteen maqaa hinmoggaasu. Waan bu'uura godhatu qaba. Bu'uura moggaasa maqaa bakkaa ilalchisee manguddoolii (Ebla12, 2012ALI) marii taasifameen afgaaffii "Hawaasni Oromoo aanaa Tolee maqaa bakkeewwanii yemmuu moggaasu, maalirratti bu'uureffatee moggaasaa as gahe?" jechuun dhiyaaterratti hundaa'uun manguddooliin mare garee xiyyeeffannoo haala maqaan bakkeewwanii itti moggaafamu keessaa haala qubsamaa waliin walitti dhufeenya jiru yoo ibsan, hawaasa Oromoo aanaa kanaa biratti maqaaleen yeroo moggaafaman adeemsa qubsumaa irraa ka'uun moggaafamu. Maqaaleen kunniinis, tulluu, lagaa, tabba,ganda, bakka awwaalaa, bakka irreechaa, dirree bala'aa ta'eef, bakka horiin itti tikfamuu, bakka gootni itti ajjeese yookaan itti du'e, bakka biqiltuu, garee, daandii, bakka walgahiifi seenaa qabeessa ta'e tokkoof maqaan moggaafamee ittiin waama. Akka fakkeenyaatti, Tulluu Jaarii, Tulluu Guutee,Laga Tagabaa, Awwaala Booruu Jimaa, Awwaala Harmuufoo Sooleefi kanneen kana fakkaatan nijiru. Maqaaleen kunniin marti qabiyyee namaa ta'uu ibsu.

Yaadni armaan olitti manguddooliin ibsuuf yaalan yaada Eliyaas (2004:47) " Some names commemorate natural, political, social or cultural events at or around the time of the birth."

Jedhee sakatta'a barruu keessati ibse waliin wal faakkaata.Yaada manguddooliifi Eliyaas kana irraa akkuma hubachuun danda'amu maqaan moggaafamu tokko yaadannoo waa'ee uumamaa, siyaasaa, hawaasummaa, yeroo gochaaleen aadaa raawwataman yookaaan yeroo uumama gochoota kanneenii bu'uura godhachuun qabeenya uumamaatiif kan moggaafaman ta'uu hubachuun danda'ameera.Kanuma bu'uura godhachuun moggaasa maqaa bakkeewwanii aadaa Oromoo keessatti dhimmoonni akka bu'uurraatti ilaalaman kessaa sakatta'amanii dhiyaatanii jiru.

### 4.3.1 Moggaasa Bakkeewwanii Guyyoota Torbanii Bu'uureffatan

Akka manguddooliin yeroo maree garee xiyyeeffannoo waliin (Caamsaa 12,2012 ALI) afgaaffii taasifamerratti ibsan, aadaa hawaasa Oromoo aanaa kanaa keessatti maqaaleen bakkewwanii tokko tokko maqaa guyyoota torbaniin wal qabachuu isaanii yoo ibsan, maqaaleen guyyoota torbanii yeroo bakka tokkoof moggaafamu bakka sanatti guyyaa gochi tokko itti raawwatame ka'umsa godhachuun kan moggaafamudha. Adeemsa kana waliin wal qabachuun kan mogaafaman keessaa tokko iddoowwan bittaafi gurgurtaan itti gaggeeffamuudha. Iddoowwan kanaan hawaasni lafa gabaa jewchuun waama. Fakkeenyaaf, aanaa kana keessatti lafa Gabaa Jimaataa, Lafa Gabaa Absoo, Lafa Gabaa Hojaduree, Lafa Gabaa Kamisaafi Lafa Gabaa Sanbataa jechuun hawaasni bakkicha gocha bittaafi gurggurtaa waliin walitti fiduun waama.

Yaada Manguddoolii kanneen irraa akkuma hubachuun danda'amu moggaasni maqaalee bakkeewwanii hawaasa Oromoo aanaa kanaa biratti guyyoota torbaniin walqabataanii kan moggaafaman ta'uufi hawaasicha biratti hiikaa mataa isaanii kan qaban ta'uutu hubatama. Akkasumas Hawaasichi maqaalee kanneenitti gargaaramuun haala jiruufi jireenya isaanii kan gaggeeffatu ta'uu hubatameera.

### 4.3.2. Moggaasa Bakkeewwanii Siyaasa Waliin Walqabatan

Moggaasa maqaa bakkeewwanii sirna bulchiinsaa bu'uureffatan ilaalchisee manguddoota aanaa Tolee waliin (Caamsaa 12, 2012 ALI) marii taasifameen ibsi kenname akka armaan gadiitti taa'ee jira. Ibsa manguddootaa keessaa obbo Gowwomsaa Bayyanaa Birraatuu yoo yaada Kennan, maqaaleen tokko tokko hawaasa Oromoo aanaa kanaa biratti haala yeroo sirni bulciinsa tokkoo jijjiiramee dhufuun maqaan duraan tures duukaa irra deebi'ee moggaafama. Kun immoo fedhii, kayyoofi amantaa warra biyya bulchaa turan sanaa agarsiisa. Sirna bulchiinsa Minilik,

Sirna Hayila Sillaaseefi sirna dargii keessa, akka fakkeenyaatti maqaan Kocee ture, "Kocee Maariyaam," Maqaan Tum'ee Cirfaa ture, "Lidataa" jechuun sirna bulchiinsa gara garaagaraarratti hundaa'uun akka aadaa hawaasa Oromoo hin ibsinetti maqaan yeroo afgaaffii dhuunfaa taasifameefiin ibsanitti, moggaasni maqaa yeroo Oromoon caffee caffeetiin wal bulchaa turetti adeemsa tooba qabuun kan gaggeeffamaa ture ta'uu ibsu**.** Oromoon bifa aadaafi seenaa moggaafamaa tureera.

bifuma walfakkaatuun**,** manguddoon isaa ibsuun maqaa moggasa ture.Booda garuu, yeroo Oromoon gita bittaa jala galee turetti akkaataan moggaasa maqalee hawaasa Oromoo aanaa Tolees ta'e kan ilmaan Oromoo tooba isaa gadhiisee ture. Maqaan moggaafamu abbootii lafaan, afaan isaaniifi amantaa isanii akkaataa ibsuu danda'uun moggaafachaa turan. Maqaan magaalotaafi maqaan namaa yeroo bittaa Minilikiifi yeroo Hayila Sillaasee kan amma Aanaa Tolee jedhamtu kun biyya Dajjaazmaach Baalchaa Abbaa Nabsoo, biyya Giraazmaach Kaasaayee, biyya Giraazmaach Habta Maariyaam Nigaatuufi kanneen kana fakkataniin moggaafamtee waamamti ture.

Akkuma bara Minilik, bara Hayila Sillaasees maqaan lafa Oromoofi uummata Oromoo Afaan Amaaraatiin deebi'ee moggaafamuu itti fufe. Yeroo lafti harka uummataa galte jedhamus, yeroo sirna Motummaa Darguus moggaasni maqaalee bakkeewwanii tokko tokko hawaasa Oromoo aanaa Toleefi akka Oromiyaattillee maqaan namaafi lafaa jechoota afaanichaan kan moggaafamaa turan osoo hintaane, afaan aadaa, amantaafi seenaa hawasichaa kan hinibsineen bakka tokko tokkotti moggaafamaa turan. Maqaaleen gandootaas_wantaa irratti hundaa'uun kan moggaafamaa turan yoo ta'an, wantaan digdamni ganda tokko ta'uun bakka tokkotti dhufuun maqaa abbaa lafaatiin waamamaa ture. Akka fakkeenyaatti aanaa amma Tolee jedhamtu, 'Tolee Wereda' Ganda amma Baantuu jedhamtu ' Bantu Qebele' Kan amma Yaayyaa jedhamtu,' Yaya Qebele' Bilii kan jedhamtuun, ' Bili Qebele' Kocee kan jedhamtuun 'Koche Mariyam'jechuun maqaalee gandootaa waamaa turan. Maqaaleen daandiiwwanis adeemsuma kana kan hordofanidha.Fakkeenyaaf, 'Ye Bantu Debre Genet Menged' jechuun waamamaa ture.

Yaanni armaan olitti manguddoo eerameen ka'e kun yaada Eliyaas (2004:62 " During the colonial era, African Christian recieved chrisistian or western names along side their ethnic name,"jedhu waliin wakitti dhufeenya qaba.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amu maqaaleen haala siyaasaan wal qabatanii moggaafaman tokko tokko kaayyoo sirni bulchiinsaa sun qabatee ka'e galmaan gahuuf akka deemu beekamaadha. Akkaataa hawaasa Oromoo aanaa kanaa yoo ilaallu dhimmi amantaafi aadaa romoo dhiisee aadaa hawaasa biroofi amantaa biroo ibsuuf raawwatamaa turuu isaa agarsiisa.

### 4.3.3 Moggaasa Bakkeewwanii Qomoo Waliin Walqabatan

Moggaasni maqaalee bakkeewwan laggeen Aanaa Tolee irra caalaan isaanii maqaa gosaa ibsuu irrati kan bu'uureffatan ta'uu ilaalchisee manguddoo aanichaa obbo Gowwomsaa Bayyanaa waliin (Caamsaa 12, 2012 ALI) marii taasifameen yoo ibsa kennan, aanaa kana keessatti maqaaleen bakkaaf moggaafaman hedduminaan maqalee qomoo bu'uureffatanidha. Kun immoo haala qubsumaa Oromoon qabiyyee lafa isaarratti qabufi seenaa akakileefi abaabilee isaa yaadachuuf jecha bakka deemee lafa qabatu irratti moggaafatudha. Akka fakkeenyaatti, gosa Tum'ee jedhamuun "Tum'e namni kee wal hinargiin, yaadni kee wal hin dhabiin." Jechuun hariiroo Oromoon gosa isaa waliin bakka deemee lafa qabatutti akka wal yaadatu, fageenyi akka wal isaan hindhabsiifneefi fagaachaafi babalachaa deemuun tokkumma isaanii hindaangessu. Aanaa kana keessatti gosti Oromoo heddumatu gosa Oromoo Tuulamaa yoo ta'u, Tuulamni ilmaan sadii qaba. Isaanis: Daaccii, Bachoofi Jiilledha. Daacci keessaa immoo Sooddoon isa tokko. Sooddos ilmaan sadii qabu keessaa: Odiitu,Tum'eefi Liiban jedhamu. Ilmaan Odiituus, Siibaa, Abbaadhoo, Idooroo, Soolee, Maallima, yoo ta'an, ilmaan Tum'ees: Guusaafi Hiddoo jedhamu. Inni sadaffaan immoo Liiban jedhama. Ilmaan isaas: Boodhaa, Baantuu, Harmuufoo, Bilii, Kuraa, Daayyuu, Wanbarii, Corree, Kooyyeefi Humbaay jedhamu. Ilmaan Tuulamaa keessaa aanaa kana keessatti maqaalee bakkeewwan ittiin moggaafaman keessaa gosa Bachoo jalatti kanneen waamaman immoo: Basii, Biliidaa, Abukeekkoofi Aallee fa'i. Maqaaleen gosii armaan olitti eeraman kunniin yeroo ammaa kana maqaalee gandootaa aanaa kanaa ta'uu isaaniiti. Dabalataanis bakkeewwan adda addaafi laggeeniif maqaaleen moggaafaman kannen bu'uura godhachuudhaan ittiin waamamaa jiru. Akka fakkeenyaatti, Laga Kocee, Laga Bottonnee, Allanuu, Yaayyaa, Tum'ee, Garee Siibaa, Holqa Koocee, Dhakaa Dhaabbii Harmuufoo Soolee, Dhakaa Dhokaatiifi kanneen kana fakkaatan bu'uuruma maqaa gosaatiin moggaafamanii jiru.

Yaada manguddoon kun armaan olitti ibsan irraa wanti hubatamu, aadaa hawaasa Oromoo aanaa Tolee biratti kabajni inni guddaan kabaja sanyiin walqabatu yommuu ta’u, kabajni kun immoo gama maqaatiin kan ifudha. Maqaa haalli kun ittiin ifu keessaa tokko maqaa bakkaati. Maqaan bakkaas gosa waliin waan wal qabatuuf namoonni walsafeeffatu; wal kabaju; waliifis dhagahu jechuudha. Adeemsi moggaasa maqaa gosa bu’uurefatu kun hawaasa Oromoo biratti bakka olaanaa kan qabu ta’uu isaa hubachuun nidanda’ama.Itti dabaluunis moggaasa maqaa bakkaa gosaan wal qabsiisuun, bakka irra jiraataniif maqaa malkaaf, karaafi tulluuf moggaasu. Kunis maqaa nama beekamaa tokkoon kan moggaafamufi eenyummaan gohsa tokkoo akka hindagatamne gumacha gochuu isaa manguddoon kun osoo hin ibsiin hin dabarre.

Yaannii armaan olitti ka’e kun yaada sakattaa barruu keessatti ka’e kan Hubert (1980:2) “The ecological attitude of traditional African religion is more based on fear or respect of ancesstral sprit than on respect for nature itself.”jedhu waliin walitti dhufeenya qaba. Yaada barreessaa kanarraa akkuma hubachuun danda’amu, aadaafi amantaa ardii Afrikaa keessatti ilaalchi haala naannoo waliin walqabatee calaqqisiifamu sodaa uumamaarra caalaa, sodaa sanyii ofii kabajuu irraatti  kan xiyyeeffatu ta’uu namatti agars

#### 4.3.4 Moggaasa Bakkeewwanii Gootummaa Bu’uureffatan

Maqaaleen bakeewwaniifi laggenii gootummaa irratti bu’uureffachuu isaanii ilaalchisee (Ebla27, 2012 ALI) af-gaaffii dhiyaaterratti obbo Angasaa Kootuu yaada isaanii yoo kennan, maqaaleen bakkeewwanii tokko tokko bakka namni tokko hojii cimaa ta’e itti raawwate waliin wal qabsiisuun nimoggaafama. Maqaan bakka sanaaf keennamus gootummaa namichaa akka agarsiisuuf mogga’a. Seenaan isaa akka yaadatamuufi inni lubbuun jiru irraa barata. Keesumaa namni daangaa biyya isaa kabachiisuuf jecha diina ajjeesuus ajjeefamuus nidanda’a. Bakki kunis maqaa nama sanaan moggaafamee waamama. Akka fakkeenyaatti, bakka Siidaa Baalchaa Abbaa Nabsoo, Dhakaa Giraany, Laga Waatiraa, Awwaala Tufaa Daadhii ,Awwaala Ingidoo Guceefi kanneen kana fakkaataniin moggaafamanii jiru.

Yaadni armaan oliitti ibsame yaada Zalaviz (2001: 2) “ Some streets are named after famous or distinguished individuals, sometimes people directly associated with the street, usually after their death” jedhu waliin wal fakkaata. Kunis maqaaleen bakkaa gootummaa nama tokkoo ibsuu irratti bu’uureffatanii moggaafaman, nama hojii gaarii hawaasichaafi biyyaaf hojjete yaadachuufi akka

irraa barataniif yaadannoo bara baraa akka ta’u gochuurratti kan xiyyeeffatu ta’uu yaada armaan olii kana irraa hubachuun danda’ameera.

Gama biraan immoo (Ebla 19, 2012 ALI) marii taasifameen obbo Rafuu Tulluu yaada isaanii yemmuu kennan, maqaan goota tokkoo kan moggaafamu daangaa biyyaa kabachiisuu waliin akka walqabatu kaasuun, dur namni Ahimad Giraany jedhamu saba Amaaraa lafa qabatanii jiran ari’ee dhakaa dhaabee ture. Dhakaan inni dhaabe hanga ammaatti maqaa gooticha kanaa waamsisaa akka jirullee yaada isaanii laatanii jiru.

### 4.3.5 Moggaasa Bakkeewwanii HaalaTeessuma Lafaa Ibsan

Moggaasa maqalee haala bakkeewwanii ibsuu irratti xiyyeeffatan keessaa tokko tokko amala bakki sun qabu irraa ka’amee ta’uu isaa manguddoota aanaa Tolee waliin (Caamsaa 1,2012ALI) marii taasifameen obbo Rafuu Tulluu yaada yoo kennan, maqaan akkaataa kanaan moggaafamu immoo haala teessumsa lafaa, waan bakka sanarratti argamuufi kanneen kana fakkaataniin moggaafama. Faayidaan inni qabus aadaa moggaasa maqaa kanaa tursiisuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuudha. Akka fakkeenyaatti, maqaan Ilaala Daalatti, Laga Tamsa’aa, Gololee, Laga Ulaandhulaa, Ganda Jiijigaa, Golba Lalisaa, Daandii Ashaboo, Laga Carii,Laga Mataa Hidhaa, Garee Qarsaa, Laga Qallaa, migiriddiifi kanneen kana fakkaatan aanaa kana keessatti moggaafamanii ittiin waamamu. Akkasumas maqaaleen godina keenya keessatti daangaa aanaa Tolee irra jiran haala kanaan moggaafaman: Tulluu Boolloo, Qarsaa, Qooraafi kanneen kana fakkaatan nijiru.

Yaanni armaan olitti ka’uuf yaalame kun yaada Helleland and Larsen (2005:11) “The purpose of place naming which is geographical names to determine a spelling which is practical and usable, to promote knowledge and active use of the name, ” jedhu waliin hanga tkokko walitti dhufeenya qaba. Yaada barreessitoota kanarraa akkuma hubachuun danda’amu, aadaa hawaasaa guddisuufi tursiisuu keessatti maqaaleen haala teessuma lafaa gahee guddaa qabaachuu isaati

Walumaaglatti waraabbii armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda’amu, maqaaleen bakkewwanii aanaa kana keesatti moggaafaman amala bakki sun agarsiisu bu’uureffachuun odeeffannoo waa’ee naannichaa salphaatti akka hubatamu gochuu, aadaa hawaasichaa tursiisuufi dhalootatti daddabarsuuf gahee inni qabu nutti agarsiisa.

### 4.3.6 Moggasa Bakkeewwanii Seenaa Adda Addaa Ibsan

Moggaasni bakkewwanii tokko tokko seenaa adda addaa kan bu'uureffatan ta'uu isaanii qorataa aadaa Aanaa Tolee Obbo Damaamuu Bajigaa waliin (Caamsaa 5,2012 ALI) af-gaaffii taasifamerratti muuxannoo hojii qorannoo keessatti gonfatan yoo naaqoodan akka dubbatanitti, maqaaleen aanaa kana kessatti moggafaman tokko tokko seenaa abboottii keenyaa, akkaataa bulciinsaa, aadaafi haala jiruufi jireenya isaanii kan darbe ibsuuf kanneen moggaafamaniidha. Isaan keessaas: Siidaa Balchaa Abbaa Nabsoo kan jedhamu namichi goota waan tureef bakka sanatti diinaan waan ajjeefameef yaadannoo isaaf kan hojjetamee jirudha. Bakki Dhakaa Ahimad Giraany jedhamu dur uummata Amaaraa lolee lafa irraa yeroo ari'atu, farda isaa hidhachuudhaaf dhakaa guddaa dhaabee ture. Bakki Baddaa Qeerroo jedhamu immoo dur dargaggoonni Maccaafi Sooddoo aannaniin machaa'anii tulluu kana gubbaa bahanii wal lolaa turani. Maqaan kunis kanuma irraa ka'uun moggaafame. Tulluu Tolchaa kan jedhamu immoo, uummanni aanaa kanaa yeroo waaqa kadhatu bakka kanatti walitti qabamee akka roobni roobu, akka dhibee irraa baraaramaniif bakka kanati waaqa kadhatu. Akka fakkeenyaatti, dhukkuba Maariyyee jedhamu, Golfaa, Fanxoofi kanneen kana fakkaatan irraa baraaramuuf waaqa uumaa isaanii kadhatu. Bakka Awwaala Harmuufoo Soolee kan jedhamu seenaa waa'ee gosa kanaa kan ibsuu danda'udha. Kanaafuu bakkeewwan kunneen seenaa hawaasa Oromoo aanaa kanaa sirriitti kan ibsanidha jechuun beekumsa isaanii naaf qoodaniiru.

Yaanni armaan olitti odeef-kennaan ibsame kun yaada sakkattaa barruu keessatti ibsame,Land Information in New Zealand (2008:5) "The proposed names that have historic, geographic or particular local significance are generally acceptable, as are commemorative names of early explorers and discoverers, early settlers, surveyors and geographists and early notable people or events with some connection to the proposed area.''jedhu waliin walitti dhufeenyha qaba.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amu maqaaleen bakkeewwanii aadaa, seenaa, amala afaanii, siyaasaafi kanneen kana fakkaatan ibsuuf gahee guddaa waan qabaniif bu'uura taasifachuun akka danda'amu namatti mul'isa. Aanaa kana keesatti bakkeewwan haala kanaan moggaafaman seenaa uummata Oromoo ibsuurratti gahe kan qabu ta'uun hubatama.

**4 3.7 Moggaasa Bakkeewwanii Amantaa Bu'uureffatan**

Maqaaleen bakkeewwanii tokko tokkoo aanaa Tolee keessa jiran dhimma amantaa bu'uureffatanii moggaafamu isaanii ilaalchisee manguddoota aanichaa waliin (Ebla 12, 2012) marii taasifameen afgaaffii dhiyaaterratti hirmaattonni maree garee xiyyeeffanoo yoo ibsan, maqaaleen bakkeewwanii akka aanaa kanaatti dhimma amantaa ka'umsa godhatanii moggaafaman nijiru. Akka fakkeenyaatti, Malkaa Irreechaa, Malkaa Amanii, Tulluu Jaarii, Malkaa Ilmaan Odaa, Malkaa Tolchaa Garbii Ateeteefi kanneen kana fakkaatan bakkeewwan hawaasni Oromoo aanaa kanaa taa'ee itti waaqa isaa kadhatudha. Gama biraatiin immoo Maaramii Kocee, Mikaa'ela Baantuu, Adaadii Maaramiifi kanneen kana fakkaatan dhiibbaa aadaafi amantaa gabromfataa sodaachuun itti madaqanii jiraachaa turan malee bakkeewwan aadaa hawaasa Oromoo kan ibsan miti. Bakki dur seenaa Oromoo naannoo kanaa ibsuurratti xiyyeeffatee ture, yeroo hacuuccaan Oromoo irraan gahaa turetti maqaan akka haaraatti akka moggaafamu ta'ee ture.

Yaanni odeef-kennitoota armaan olii yaada Kong (1990:355),"Religous experiences and the religious meanings transform pyisical spaces into sacred spaces." Jedhu waliin walitti dhufeenya qaba.

Haaluma kanaan maqaalee muraasa sirna minilikkii kaasaa hanga sirna yeroo ammaatti yoo ilaallu, maqaa dur Araddaa leeqaa jedhamaa ture,'Areda leka gebreal' fi 'Gebreal' jedhamuun kan moggaafame yemmuu ta'u,yeroo ammaa kana ammo, Gabreelii Araddaa leeqaa jedamee waammama. maqaa dur Hora Gijoo jedhamee waammamaa ture ' Besi Mikaell' jedhamuun kan moggaafame yemmuu ta'u, yeroo ammaa kana ammo Mikaa'ela Basii jedamee maammamaa jira. maqqaan dur Tulluu Tolchaa jedhamee waammamaa ture 'Tume Gebriel' kan moggaafame yemmuu ta'u,yeroo ammaa kana ammo Gabri'eelii Tummee jedhamee waammamaa jira.Maqaan dur Bakka irreecha Agamsa Jilaa jedamee moggaafame, ' Malima Giyorgis ' jedhamee deeb'ee kan moggaafame yemmuu ta'u,yeroo ammaa kana ammoo,Goorggisii maallimaa jedhamee waammamaa kan jiruufi maqaan dur Bakka Irreecha Goosuu yedhamee waammamaa ture, 'Lideta' jedhamuun kan moggaafame yemmuu ta'u,yeroo ammaa kana ammoo, Maaramii Lidataa jedamee amantaarratti hundaa'uun moggaafamee waammamuu isaa ragaa manguddooliirraa argameen mirkanaa'ee jira.

Kanaafuu, maqaaleen bakka dhimma amantaa waliin walqabatanii moggaafaman ilaalcha jiru bifa qabatamaafi dhoksaa ta'een dabarsuuf gargaara. Kana jechuun immoo bakki akkaataa amantaa hawaasa Oromoo ibsuufi eenyummaa hawaasichaa calaqqisiisuu keessatti bakka olaanaa qabaachuu isa namatti agarsiisa. Maqaaleen armaan olii kunneen akka fakkeenyaatti dhiyaatan dur bakka Oromoon itti waaqaa kadhatuufi seenaa qabuun kan beekamu yoo ta'an, sirnoota adda addaa keessa maqaa gara garaa moggaasuun aadaafi amantaa Oromoo akka hinibsine ochuufi seenaa hawasichaa dhoksaa turuu isaa hubatameera.

Gama biraan immoo bakki amantaa akka naannoo kannaatti beekamu oromoon gosa gosaan walitti dhufee bakka itti waaqa isaa galateeffatu ilaalchisee manguddoo aanichaa waliin (Ebla19, 2012 ALI) afgaffii dhuunfaa irratti marii taasifameen obbo Rafuu Tulluu yaada isaanii yoo kennan, naannoo kanatti bakki irreechaa malkaadhaan beekama. Kunis, Malkaa Gololeefi Harbuu Tolchaati. Gosa Halaakuufi Oborraatu itti irreeffata.Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubatamu, bakki amantaa bifa kanaan beekamu maqaa seenaa oromoofi aadaa Oromoo kan ibsu ta'uu nama hubachiisa.

### 4.3.8 Moggaasa Bakkeewwanii Haala Qubsumaa Bu'uureffatan

Oromoon yeroo lafa barbaacha deemutti bakka irra qubate sanaaf maqaa nimoggaasa. Akka maqaa moggaasu kan isa taasisu ilaalchisee manguddoota aanaa Tolee waliin (Caamsaa 1,2012 ALI) marii taasifameen afgaaffii dhiyaaterratti hundaa'uun ibsi kenname akka armaan gadiitti taa'ee jira. Ibsa manguddootaa kana keessaa obbo Rafuu Tulluu yeroo afgaaffii taasifameefiitti yoo ibsan, Oromoon yeroo lafa barbaacha deemu bakka deeme sanattis ta'e, bakka jirutti maqaa moggaafatee ittiin waama.Maqaan moggaafamu kunis gosa isaa yaadachuuf jecha kan moggaafamu ta'a. Adeemsa kanaan yoo babal'achaa deemanis tokkummaa isaanii cimsatu. Maqaalee akka fakkeenyaatti ibsan keessaa: Maallima, Tum'ee, Leeqaa, Bilii, Allanuu, Kuraafi kanneen kana fakkaatan gandootaa aanaa kana keessatti deddeebi'amanii moggaafamanii jiru.

Yaanni armaan olii odeef-kennaan ibsame kun yaada Berit (2010:41) "Place names are used as source for settlement history, the foundamental assumption being there is a connection between a particular place name element and the gradual development of the settlement" jedhu waliin walitti dhufeenya qaba.

Kanaafuu, hawaasa Oromoo biratti maqaalee haala qubsumaa bu'uureffachuun moggafaman kunniin aanaalee biroo keessattillee mul'achuu akka danda'an yaada armaan olii kana irraa hubachuun nidanda'ama. Adeemsi kun tokkummaa hawasichaa waan cimsuu danda'uuf bu'uura godhachuun barbaachisaa akka ta'e hubatameera.

### 4.3.9 Moggaasa Bakkeewwanii Maqaa Namaa Bu'uureffatan

Maqaalee bakeewwanii maqaa namaa bu'uureffatanii moggaafama ilaalchisee hojetaa Waajjira Aadaafi Turizmii waliin(Caamsaa 5,2012 ALI) maarii taasifameen obbo Nigaatuu Daammanaa afgaaffii dhiyaaterratti hundaa'uun ibsa yoo kennan, maqaaleen bakkaa maqaalee namaa bu'uureffachuun kan moggaafaman nijiru. Sababiin maqaan namaa kennamuufii danda'us, bakkichatti dursee argamuun, bakka sanatti waan beekamuufi waan adda ta'e hojjechuu waan danda'uuf ta'a. Akka fakkeenyaatti, Abebee, Lalisee, Laga Tagabaa, Laga Tajii, Ciibsaafi kanneen kana fakkaatan maqaalee namaa bakkeewwaniif kennamanidha.Faallaa kanaan immoo maqaaleen bakkeewwanii namaafis kennaman,Tulluu,Burqaa,Daandii, Araddaafi kanneen kana fakkaatan akka jiran ibsu. Namoonni kunis hawaasa keessatti beekkamoo warra ta'an, goototaafi hawaasichaaf maqaa biyyaafii gosa isaanii warra waamsisan ta'uu dhugaa bahanii jiru.Yaada kana irraa akkuma hubachuun danda'amu, maqaan namaa bakkaaf akkuma moggaafamu, kan bakkaas namaaf moggaafamuu danda'a. Kanaafuu maqaaleen bakkaa namaaf kennaman amala bakka sanaa dhala namaa gonfachiisuufi kan dhala namaa immoo bakkaaf yeroo kennamu hariiroo namichi qubsumaa waliin qabu kan ibsu ta'uu yaada kanarraa hubatamee jira.

Yaanni armaan olitti deef-kennaarraa argame kun yaada Powell (1990:24 )"Many place names are drived from personal names, and also many personal names are derived from place names." jedhu waliin walfakkaata. Kunis maqaaleen bakkaa maqaalee namaan moggaasuun akkuma danda`amu maqaalee namaas maqaalee bakkaan moggaasuun akka danda'amu nama hubachiisa. Fakkeenyaaf Oromiyaa keessatti maqaaleen Maallima, Siibaa, Guduruu, Odiituu, Kuraafi kanneen kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda`ama.

### 4.3.10 Moggaasa Bakkeewwanii Biqiloota Bu'uureffatan

Maqaaleen bakkaa wantoota naannoo sanatti baay'inaan argaman biqiloota fa'aa bu'uureffachuun moggaafamuu danda'u. Kana ilaalchisuun manguddoonni garee xiyyeeffannoo aanaa Tolee (Ebla 12, 2012 ALI) marii taasifamerratti ibsa yoo kennan, maqaaleen bakkaa

hawaasa Oromoo Aanaa Tolee biratti kan biqiloota waliin wal qabsiifamee moggaafamu darbee darbee nijira. Maqaan kunis namni biqiltuu dhaabuun kan ittiin waamamudha.Yeroo kana raawatus lafa qabiyyee isaa irratti dhaabuunis ta'e, kunuunsuun kan ittiin waamamudha. Akka fakkeenyaatti, Laga Qacaa, Laga Somboo, Laga Leemman, Ganda Kusaayee, Hadaafi Qoree , Qarree Ejersaa, Ganda Harangamaa, Agamsa Jilaa, Garee Alaltuufi kanneen kana fakkaatan maqaalee biqilootaa bu'uureffatanii moggaafamaii jiru.

Yaada armaan oliirraa kanarraa akkuma hubatamu maqaan bakkaa tokko wantoota bakka sanatti baay'inaan argamurraa moggafamuu nidanda'a. Kanaafuu yaanni armaan olii wantonni bakka sanatti argaman keessaa tokko biqiloota ta'uu isaa nutti waan agarsiisuuf maqaan bakkeewwanii biqilootarraa moggaafamuu nidanda'a jechuudha. Moggaasni haala kanaan kennamus, akka aadaa hawaasa Oromoo aanaa kanaatti waa'een eenyummaa naannoo kanaa gama biqilootaan ibsamuu akka danda'uufi jaalalli biqilootaaf jiru kan dhala namaa waliin adda akka hintaa'ne hubatameera.

### 4.3.11 Moggaasa Bakkeewwanii Haala Qilleensaan Walqabatan

Mogaasa Maqaalee bakkeewwanii haala qilleensaan walqabachuun moggaafaman ilaalchisee manguddooliin aanaa kanaa waliin (Caamsaa5, 2012 ALI) afgaaffii dhiyaaterratti marii taasifameen obbo Angasaa Kootuu ibsa yoo kennan, Aanaa kana keessa maqaaleen haala kanaan moggaafamanii jiran qilleensuma naannoo sanaa ibsuutiin akka ta'e ifa taasisu.

Yaanni odeef-kennaa armaan olii kun yaada Eug (1997:2) "Each place name has an image that portrays the physical and environmental charactorstics of the place," jedhu waliin walitti dhufeenya qaba. Akka fakkeenyaatti, ganda Bubbisaa jedhamu yoo fudhanne, haala qillieensa isaatu yeroo birraa akka malee bubbisuu isaa nutti agarsiisa.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubatamu maqaalen adeemsa kanaan moggaafaman aadaa hawaasa Oromoo aanaa kanaa biratti bakka kan qabu yommuu ta'u, maqaalee bifa kanaan moggaafamaniin aadaan hawaasaa ibsamuufi waa'ee maalummaa bakkichaa salphaatti beekuun akka danda'amu kallattii namatti agarsiisa.

Dabaltaanis manguddoon kun maqaalee bakkaa haala qilleensaa bu'uureffatanii moggaafaman yoo ibsan, ganda Dagaa jedhamu dur Amaaratu moggaase.Oromoon baddaa jedha. Bakka kanatti mishingaafi shunburaan hinbiqilu jechuun qorataaf yaada isaanii kennanii jiru.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amu, moggaasni maqaa haala qilleensaa bu'uureffatee moggaafame kun, jecha aadaa Oromoo hinibsineen moggaafamee jira. Yaada kana irraa kan hubatamu jalqaba bakka kana kan qubatee ture eenyu akka ta'e tilmaamuu nama dandessisa. Kanaafuu jechoonni aadaa hawaasa tokkoo hammataanii qabuu iratti gahe akka qaban nama hubachiisa.

### 4.3.12 Moggaasa Bakkeewwanii Mudannoo Bu'uureffatan

Maqaaleen bakkeewwanii moggaafaman tokko tokko mudannoo adda addaa irraa ka'uun moggaafamu. Maqaan bifa kanaan moggaafamu hawaasa sana biratti kan beekamu ta'ee argama. Kana ilaalchisee (Ebla 19, 2012) manguddoon afgaaffii dhuunfaa taasifameef,obbo Rafuu Tulluu yoo ibsan, maqaaleen bakkeewwaniifi hambaalee tokko tokko gocha raawwatamu irraa ka'uun moggaafamu. Akka fakkeenyaatti Dhakaa Saddeeqaa kan jedhamu dur nama baay'ee beekamaa ta'e, Ahimad Giraany jedhamu dhakaa kana dhaabe. Dhakaa kana irratti saddeeqni taphatamaa ture. Bakki kun yeroo ammaa kana maqaa kanaan waamama. Dabalataanis Holqa Huummoo kan jedhamu bakka galma aallaattii waan ta'eef maqaan kun ittiin moggaafamee jira. Daandii Guraagee kan jedhamu immoo dur daandiin kun saba Guraageetu irraa deemee daldala ture. Bakki ka'umsa isaa Aanaa Sadan Sooddoo kan jedhamu irraa dhufee, Aanaa Tolee keessa qaxxaamuree hanga Finfinneetti kan deemudha. Maqaan kun kan moggaafameefiis yeroo sana irra caalaa kan daldalu saba kana waan ta'ef maqaan kun ittiin moggaafamee hafe. Hurufa Garmaamtuu kan jedhu immoo dirree bal'aa bakka itti fardeen garmaamsisan waan ta'eef maqaan kun moggaafaamee ittin waamame.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amu maqaan bifa kanaan moggaafamu hawaasa Oromoo Aanaa Tolee biratti gocha raawwatame bu'uura godhachuun maqaan akka moggaafamu namatti agarsiisa. Adeemsa akkasii keessa maqaan moggaafamu waan tasa ta'erraa ka'amee akka moggaafamuufi maqaan moggaafamu sun garuu, jecha aadaa hawaasa Oromoo ibsuu danda'utti gargaaramuun hawaasa sanaaf hiika akka qabaatu ta'ee argamuun isaa bu'aa moggaasni maqaa hawasa tokkoof qabu nama hubachiisa.

### 4.4 Qooda Fudhattoota Moggaasa Bakkeewwanii

Qooda fudhattoota moggaasa maqaa bakkeewwanii ilaalchisee manguddoota aanaa Toleefi qorataa seenaa aanichaa waliin (Caamsaa1, 2012 ALI) marii taasifameen afgaaffii,"Akka aanaa kanaatti maqaa bakkeewwanii moggaasuu keessatti qooda kan fudhatu eenyu fa'i?" jedhuuf. Maanguddoota Aanaa kanaa keessaa obbo Rafuu Tulluu ibsa yoo kennan, Oromoon aanaa kanaa durii kaasee maqaa daa'imaa isaaf, loon isaaf, lafa isaafi qabeenya isaa walii galaaf maqaa moggaasee itiin waamaa ture; ammas waamaa jira. Keessumaa daa'ima isaaf yeroo maqaa moggaasu abbaafi haadha, akaakayyuu, ayyaantuufi firoottan isaatu maqaa moggaasa. Akkasumas, namni dhala dhabe guddifachaa yeroo fudhatee galu maqaa nimoggaasa. Adeemsi akkasii kun aadaa moggaasa maqaa daa'imaati. Akka aadaa Oromoo aanaa kanaatti Ayyaantuu jechuun nama uumaa isaa biraa ergaa fudhachuun carraa gara fuulduraa ibsuu danda'u, nama beekaa akka ta'etti beekama. Ayyaantuun dhimmoota hawaasummaadhaan walqabatan keessatti iddoo guddaa kan qabuudha. Adeemsa moggaasa maqaa bakkaa keessattillee qooda qabaachuu danda'a. Maqaa bakkaaf moggaasuun dura nama bakkicha jiraatuuf maqaan nimoggaafama. Nama bakka birootii dhufe yoo ta'e, gosa bakka sana jirutti dabaluuf adeemsi maqaa gosaaf moggaafamu nijira. Namichi bakka birootii dhufe maqaan akka moggaafamuuf nigaafata. Maqaa kanas kan moggaasu Abbaa Bokkuu yookin Guula. Sana booda akka gosa Oromoo tokkootti hawaasa Oromoo waliin osoo hinqoodamiin kabajaafi jaalalaan akka jiraatu ifa taasisu.

Itti dabaluunis qorataan seenaa aanichaa,obbo Damaamuu Bajigaa yeroodhuma walfakkaatuttti manguddoo armaan oliirra fuudhuudhaan yaada dabalataa yoo kennan, bakka tokkoof maqaa kan moggaasu abalutu kenna jedhamee dhaabbataadhaan kan bekamu ta'uu dhiisuu danda'a. Akka fakkeenyaatti, Abbaan Jifaar godina keenya keessatti bakka deemee bule kessatti maqaa kennee ture. Isaan keessaas; Tullu Boolloo, Asgorii, Tafkiifi Sabbataafi kanneen kana fakkaataniif maqaa moggasaa ture. Sababni moggaasni kun kennameefis waan isaan mudaterraa ta'uu isaaa odeef kennaan armaan olii kun ibseera. Fakkeenyaaf, Tafkii waanti jedameef Abbaa jifaar Jimmaa bahanii yemmuu bakkicha bulanitti tafkiin waan isaan nyaatteef akka ta'e odeef kennaadhuma kanarraa odeeffadheera.Kanaafuu maqaan kan moggaafamus namoota hawaasicha biratti kabajamoofi beekamoo ta'aniin, Abbaa Gadaafi Haadha Caaccuutiin moggaafamaa ture. Akkasumas, hawaasnis aangoo maqaa kennuu niqaba.

Maqaan magaalotaafi maqaan namaa yeroo bittaa Minilikiifi yeroo Hayila Sillaasee (bara Jaanoo) kan amma Aanaa Tolee jedhamtu kun biyya Dajjaazmaach Baalchaa Abbaa Nabsoo, biyya Giraazmaach Kaasaayee, biyya Giraazmaach Habta Maariyaam Nigaatuufi kanneen kana fakkataniin moggaafamtee waamamti ture. Waan kan ta'eef, moggasni maqaa bakkaa baay'een isaanii namoota durii tarii amma kan hawaasicha keessa hinjirren kan moggaafamuudha jechuun ibsa kennaniiru.

Yaada kana haaluma sakattaa barruu boqonnaa lama keessatti argamutti,dhaabbata Land Information in New Zealand (2008:5) jedhamu yoo ibsu,"The proposed names that have historic, geographic or particular local significance are generally acceptable, as are commemorative names of early explorers and discoverers, early settlers, surveyors and geographists and early notable people or events with some connection to the proposed area.'' jedha. Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubachuun danda'amu karoora maqaa bakka tokkoo moggaasuuf yommuu jedhamu qophaa'u keessatti dhimmoota inni ofkeessatti hammachuu qabu keessa: seenaa, haala waliigala barbaachissummaa bakkichaa qabaachuu akka qabuudha. Maqaaleen moggaafaman kunniinis namoota bakkicha qorataniifi beeksisan, kan dura irra qubate, qiyyaastota, namoota beekamoofi naannicha waliin hidhata qaban ittiin yaadataniifi ibsan ta'uu akka qabu kan ibsudha.Waan kana ta'eef maqaa bakkaa tokkoo ebelufaatu Moggaase jedhanii jala muranii kaa'uun tarii nama rakkisuu danda'a.

### 4.5 Faayidaa Moggaasa Bakkeewwanii

Hawaasa kamiyyuu keessatti maqaan moggaafamu faayidaa mataa isaa niqaba. Faayidaa moggaasa maqaa ilaalchisee manguddoolii mare garee xiyyeeffannoo aanaaTolee waliin (Caamsaa 12,2012ALI) Marii taasifameen afgaaffii "Hawaasni Oromoo aanaa Tolee moggaasa maqaa bakkeewwaniirraa faayidaa maalii argata?" jedhuun dhiyaaterratti hundaa'uun manguddooliin kun ibsa yoo kennan, maqaaleen bakkeewwaniif kennamu faayidaa hedduu hawaasa Oromootiif qaba. Fayidaa inni hawaasichaaf qabu keessaa, hawaasa afaanichatti gargaaramuufi hawaasa afaanichi keessaa madde kan ibsudha. . Akka fakkeenyaatti maqaaleen Waayyuu, odiitu, Bachoo, Daaccii Abbaadhoofi kanneen kana fakkaatan saba Oromoo ta'uu ibsu jechuun ibsa kennanii jiru.

Yaannii armaan olitti manguddooliin ka'e kun yaada Nettle & Romaine (2000:1) "Among many African cultures a name tells a lot about the individual that it signifies, the language from

which it is drawn, and the society that ascribe it,"jedhu waliin walitti dhufeenya qaba.Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubachuun danda'amu maqaan bakka tokkoof kennamu waa'ee nama dhuunfaa yookaan hawaasa bakka sana jiraatuu kan ibsudha. Akkasumas, madda afaan maqichi ittiin moggafamee kan calaqqisiisudha. Kanaafuu aadaan moggaasa maqaa hawaasa Oromoo Aanaa Tolee bu'aa yookan faayidaa qabaachuu isaa kan ibsudha.

Yaaduma armaan olii kan ilaalchisee qorataa seenaafi aadaa obbo Damaamuu Bajigaa ibsa qorataadhaa yoo laatan, namni bakka jiraatu sanatti maqaa teessoo niqaba. Bakka jireenya isaa kan ta'e kanaan immoo waamama; ittiinis beekama. Akkasumas hawaasa murtaa'oo ta'e hawaasa bal'aa ta'e biratti akka beekamu godha.

Yaani kun yaada Eugene (2008:1) **"**The use of place name is a multi functional. In general sense, place names used by aspecific community tie that community to aparticular area, creating a relationship with the landscape that provides the sense of home" jedhee sakatta'a barruu keessatti ibse waliin wal fakkaata. Yaada armaan olii kanarraa akkuma hubachuun danda'amu, moggaasni maqaalee bakkeewwanii faayidaalee hedduu kan qabu yoo ta'u, eenyummaa namaa yookaan saba tokko kan  ibsudha. Maqaa teessoo qabaachuun immoo akkuma barbbaachisu maqaan bakka jireenya isaa kan ibsamu teessoo sanaan akka ta'e beekamaadha. Kanaafuu aadaan moggaasa maqaalee bakkeewwanii hawaasa Oromoo aanaa kanaas hariiroo uummatichi gama moggaasa maqaa qabiyyee lafaatiin waliin qabu kan cimsudha. Akkasumas hawaasa murtaa'oo hawaasa bal'aa biratti akka beekamu gochuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uu namatti agarsiisa.

Gama biraatiin faayidaa moggaasa maqaalee bakkeewanii irratti (Ebla 12,2012ALI) marii taasifameen afgaaffii dhiyaaterratti manguddooliin mare garee xiyyeeffannoo ibsa yoo taasisan, maqaan bakka tokkoof moggaafamu cal jedhee kan kennamu miti; hiikas niqaba; dhimma adda addaa waliinis walqabata. Oromoon yeroo waaqa waammatu tulluufi laga deemee, achi taa'ee, uumaa isaa kadhata. Isa waamee yoo irraa argates achuma taa'ee galteeffata.Yeroo kana bakki isaan itti wal gahan kun maqaa niargata.Inni achitti waaqa kadhatus, inni bakka biroo jirus maqaa hawaasichi kenneen waamama. Fakkeenyaaf, Garbii Ateetee, Malkaa Irreechaa, Malkaa Ilmaan Odaa, Malkaa Amanii, Malkaa Quunnii, Ilaala Duumessa Booruu, Ejersa Goosuufi kanneen kana fakkaataniin aanaa kana keessatti maqaa bakka waaqa itti kadhatan ta'uun beekamu.

Yaadni manguddoolii kanaa yaada Dunkling (1797:267) “A name has other association as well as verbal. It might suggest a particular recial group. It might suggest areligious denomination “jechuun sakatta’a barruu kessatti ibse waliin wal fakkaata. Kanaafuu maqaan kan namootaas ta’e, kan bakkeewwaniif moggaafaman dhimma amantaa ofii ittiin ibsataniifi hariiroo gosa tokko gidduu jiruu kan ibsudha.Adeemsi kun immoo hariiroo hawaasa Oromoo Aanaa Tolee gidduu jiru kan cimsu ta’uu hubachuun danda’ameera.

Itti dabaluunis (Ebla19, 2012 ALI) marii taasifamerrattui manguddoon aanichaa obbo Rafuu Tulluu faayidaa moggaasa maqaa ilaalchisee ibsa yoo kennan, maqaaleen bakkeewwaniif moggaafaman maqaa abbaa qabiyyee lafaa waliin walqabatanii kan moggaafaman hedduun nijiru. Isaanis qubsumaafi hariiroo qubsumaa gidduu jiru agarsiisu. Akkasumas maqaalee abaabileefi akaakilee keenyaati. Haala qabiyyee isaaniifi akkamitti akka argatanis kanuma waliin walqabsiifnee hubanna. Maqaaleen bakkeewwanii dur nama tokkoon waamaman, yeroo ammaa qabiyyee nama hundaa ta’eera. Kun immoo baay’inni hawaasaa dabalaa deemuu agarsiisa. Akka fakkeenyaatti maqaaleen gandoota aanaa kanaa dur biyya Badhaadhaa Jiruu jedhamu, yeroo ammaa, Tum’ee Yaayyaa, Kan dur biyya Galatee Guutee ture, amma Koocee jedhamti. Kan dur biyya Dibaabaa Badhaasee jedhamu, amma Boodhaa jedhama. Kan dur biyya Gannaa Danboo ture, amma Jawwaaroo Koraafi bifa kana fakkaataniin waamamaa as gahanii jiru.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda’amu, faayidaan moggaasa maqaa haala qubsumaafi hariiroo qubsumaa giddu jiru kan ibsudha. Kun immoo akka madda seenaatti kan tajaajiluudha. Kanaafuu akka aanaa kanaatti seenaa darbe adeemsa qubsumaa keessatti moggaasa maqaaleetiin akka baruun danda’amu ifa taasisa jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun (Ebla 27, 2012 ALI) hirmaataan afgaaffii dhuunfaa obboAngasaa Kootuu faayidaa moggaasa maqaalee bakkeewwanii seenaa, aadaafi eenyummaa saba tokkoo dhaloota haaraaf dabarsuu yoo ibsu, maqaan bakkaaf kennamu maqaa namaa ta’uu danda’a; sababa maqaan kennamuufiis nijira. Kanaafuu, eenyummaa nama sanaa gama maqaa sanaan beekuun nidanda’ama. Akka fakkeenyaatti, Tabba Tufaa Daadhii, Gaattiraa Gurree, Tulluu Guutee, Laga Tagabaa, Awwaala Tigrii, kan jedhamu bakki kun gosti saba Islaamaa ta’e aanaa kana keessatti bakka itti awwaalamedha. Dhakaa Giraanyi, Gabaa Hulluuqaa, Awwaala Mishiree, Tulluu Caasaa, Gaara Siibaafi Laga Kocee fa’i.

Yaada kana irraa kan hubatamu, maqaan bakki tokko dur ittiin waamamu dhalataa bakka sanaaf faayidaa hedduu qaba. Kunis aadaa hawaasaa dhaloota haaraaf dabarsuu irratti gahee guddaa taphatga.Akkasumas nama qabiyyee lafaa waliin walitti fiduun eenyummaa isaa akka ibsu taasisa. Kanaafuu, hawaasa Oromoo aanaa kanaa biratti moggaasni maqaa karaa hawaasichi aadaa isaa dhaloota dhufuuf ittiin dabarsu ta'uun isaa ilaalamee jira.

Faayidaa moggaasa maqaalee bakkeewwanii ilaalchisee manguddoo aanichaa waliin (Caamsaa 1,2012ALI ) marii taasifameen afgaaffii dhiyaaterratti hundaa'uun ibsi kenname akka armaan gadiitti taa'ee jira.Ibsa manguddootaa kana kessaa obbo Rafuu Tulluu yoo yaada kennan,hawaasa keenya biratti maqaan gosaan waamamu nijira. Maqaaleen bakkeewwanii bifa kanaan waamaman faayidaa hedduu hawaasichaaf nikennu. Kanneen keessaas: Gosti gosa isaa balleessaa uume gorsachuuf, walbarbaaduuf, kan nama ajjeese gargaaruun gumaa kaffaluuf, walitti araarsuuf, isa biyyaa bahe barbaaduuf, fuudha keessatti sanyii qorachuufi kanneen kana fakkaataniif dursa kan gaafatamu maqaa gosaati. Kana waliin walqabsiisuun mammaaksa “Tum'ee manni kee wal hinargiin, yaanni kee wal hin dhabiin.” jechun akka jiru ibsaniiru. Kana jechuun immoo gosti gaafa rakkoo akka waliif birmatu kan jedhu of keessaa qaba. Akka fakkeenyaatti, Maallima gosa jedhamu kana dura laga hince'ani; wal hineebbisan. Sababni isaa safuu qaba waan ta'eefi. Kanneen hafanis Siibaa, Tum'ee, Bilii, Kuraa, Harmuufoo, Koocee, Baantuu, Yaayyaafi kanneen kana fakkaatan maqaalee gosaati.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amu, maqaaleen bakkeewwanii maqaalee gosaa waliin walqabatanii akka moggaafamaniifi tajaajila hawaasa gosa sana jala jiraniif qabu ilaalchisee hawaasni Oromoo Aanaa Tolee dhimma adda addaa waliin walqabsiisuun akka itti gargaaramuufi namas gargaaruun wal kabajee waliif dhagahu, walii galuufi kanneen kana fakkaataniif dhimma kan itti bahan ta'uu agarsiisa.

Gama biraatiin immoo maqaalee bakkeewwanii biqiloota waliin wal qabsiisuun moggaafaman irratti hawaasichi akka dhala isaatti akka ilaalu taasisuu keessatti gahee guddaa akka qabu (Caamsaa12, 2012 ALI) manguddooliin garee mare xiyyeeffannoo marii garee irratti yoo ibsan,namni dhala dhabe lafa isaa irratti biqiltuu dhaaba. Maqaa biqiltuu sanaanis waamama. Karaa kanas hawaasicha biratti beekama. Akka fakkeenyaatti, Gaattiraa Gurree, Birbirsa, Harbuu Guutee, Birbirsa Wayyeessaa, Baargamoo Buttaa Jimaa, Ejersa Goosuufi kanneen kana fakkaatan akka jiranis ibsuuf danda'eera.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amutti, maqaaleen bakkaa maqaalee biqilootaafi maqaalee namootaa waliin walqabsiisanii waamamuun aadaa hawaasa Oromoo Aanaa kanaa keessatti isa jaallatamaafi miidhagaa akka ta'e namatti agarsiisa. Akkasumas, aadaafi seenaan Oromoo akka badee hinhafne gochuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaa namatti agarsiisa.

Faayidaa moggaasni maqaa hawaasaaf qabu ilaalchisee Hjjetaa Waajira Aadaafi Turuzimii Aanaa Tolee waliin (Caamsaa5,2012 ALI) marii taasifameen afgaaffii dhiyaaterratti hundaa'uun obbo Nigaatuu Daammasaa yoo yaada kennan, moggaasni maqaalee bakkeewwaniifi laggeenii faayidaa dhimma bulchiinsaa keessatti daangaadhaan walqabsiisuun tajaajila saffisaa argachuufi to'annoodhaaf haala mijeessa erga jedhanii booda, dur Oromoon lagaan wal bulcha. Lagdi akka daangaatti gargaara. Namni daangaa sana darbee wal hinlolu; walittis hinbu'u; maqaan laga sanaas kan moggaafamu qabiyyee nama sanaa keessaa waan madduufis ta'uu danda'a. Akka fakkeenyaatti, Laga Kocee, Laga Tagabaa, Laga Waatiraa, Laga Bottonnee, Laga Wagiddiifi kanneen kana fakkaatan nijiru.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma hubachuun danda'amu maqaaleen laggeeniif moggaafaman akkuma maqaalee biroo eenyummaa saba tokkoo ibsuufi hawaasichi eessa jalatti akka to'atamu beekuuf nigargaara. Aanaa kana keessatti maqaaleen kunniin adeemsa daangeffamuu gandoolii aanaa kanaan kan walqabatan yoo ta'an, namoota aanaa kana hinbeekneef illee odeeffannoo bal'aa kennuu kan danda'an ta'uu maqaalee kanneen irraa hubachuun nidana'ama.

Akka walii galatti yaada manguddooliin yeroo maree garee xiyyeeffannoo faayidaa maqaaleen bakkeewwanii ibsanitti,maqaan tajaajila hawaasummaaargachuu, qabeenya uumamaa kunuunsuu irratti, waliif birmachuu, waa'ee naannoo ofiifi waa'ee eenyummaa ofii beekuu, bulchiinsa gaarii uumuufi kanneen kana fakkaatan ibsuu keessatti maqaan gahee olaanaa qaba.

Yaada manguddooliin armaan olitti ibsan irraa akkuma hubachuun danda'amutti moggaasni maqaalee bakkeewwanii adeemsa dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti, mudannoo, seenaa, haala teessuma lafaa, sirna bulchiinsaa, siyaasa guddinaafi kanneen kana fakkaatan ibsuu irratti gahee guddaa qaba. Kanaafuu moggaasni maqaalee bakkeewwaniifi laggeenii hawaasa Oromaanaa kanaa biratti aadaa boonsaafi kabajamaa ta'uu yaada manguddoolii kanneen irraa hubachuun danda'ameera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun mata duree ‘‘Xiinxala Moggaasa Maqaalee Bakkeewwanii Aaana Tolee’’ jedhu iratti kan gaggeeffame yoo ta`u, kanas daangessuun waan barbaachisuufi qabatamaa taasisuuf haala qabatama Godina ShawaaKibba Lixaa Aanaa Tolee irratti xiyyeeffachuun danda’ameera.

Moggaasni maqaalee bakkeewwanii aanaa kana keessatti akkamiin akka raawachaa turee as gahe xiinxaluuf odeffannoo manguddooliirraa guuramee xiinxaluun hiikni ittti kennamee akka qaacceffamu ta`eera. Haaluma kanaan akka aadaa Oromoo aanaa kanaatti moggaasni maqaalee bakkeewwaniifi laggeenii akkamitti akka raawachaa turan sakatta`uun qorannoo kana keessatti qaacceffamuun hiikni itti kennameera. Kunis boqonnaa kana jalatti wal duraa duubaan qindaa`ee taa`eera.

Qorannoo gaggeeffame kana keessattis kaayyoo barbaadame galmaan gahuuf mala qorannoo `akkamtaa` jedhamu fayyadameera. Iddattoo filachuu keessatti akkaataa iddatteessuu miti carraa keessaa mala akkayyoo ( purposive ) fayadamuun manguddoolii aanaa Tolee dhimma kana irratti hubannoofi muuxannoo qaban itti yaaduun erga filatamanii booda manguddoolii dhiiraa shan mare garee xiyyeeffannoo keessatti hirmaachifamaniiru. Afgaaffii keessatti  walii gala namoonni saddeet qaama qorannoo kanaa ta`aniiru.

Gaaffilee afgaaffii maree garee xiyyeeffannootiif dhiyyaatanis gaaffilee miti caaseffamaati. Kanuma irratti hundaa`uun gaaffilee manguddooliif dhiyaatanii odeeffannoon akka ragaatti bu`uureffachuun erga funaanamee xiinxalamee hiikni itti kennamuun akka dhiyaatu ta`ee jira.

Adeemsa sakatta`a qorannoo kana keessatti aadaa Oromoon aanaa kanaa qabu keessaa tokko aadaa moggaasa maqaalee bakkeewwanii ta’uun isaa hubatameera. Akkasuma aadaan hawaasichaafi moggaasni maqaalee bakkaawwanii hariiroo waliin qabaachuun isaanii hubatameera. Maqaan moggaafamus hawaasichaaf hiika qabaatee argamuu, jechoonni ittiin moggaafaman afaan saba kanaa kan ittiin ilaaluun danda`amu ta`uu, hawaasni kun akka isaaf tolutti maqaa baafachuu, aadaa, seenaafi duudhaa isaa kan ittiin ibsatu ta`uufi hiika qabaachuun isaa hawaasa kana biratti kan beekamu ta`uun isaa hubatameera.

Faayidaa moggaasni maqaalee bakkeewwanii haala qabatamaa aanaa Toleetiin hawaasa Oromootiif qabu keessaaa eenyummaa isaa ibsuu, sabni biroo illee saba kanatti dabalamee jiraachuu yoo barbaade maqaan gosaa akka moggaafamuuf nigaafata. Abbootiin Gadaa walitti dhufanii gosa tokko jalatti moggaasu. Kun immoo hawaasa Oromoo biratti akka jaallatamuufi beekamu isa taasisa. Akkasumas hawaasni murtaa`oo hawaasa bal`aa biratti akka beekamu godha. Keessumattuu, maqaaleen qomoo yookaan gosa bu`uureffatanii moggaafaman, kabaja waliif kennuu, fuudhaafi heeruma kessatti qomoo ofii qorachuun haraamuu jalaa bahuuf, gumaa kanfaluufi araara uumuu keessatti hariiroo hawaasichaa cimsuun seenaafi aadaa durii yaadachuufi irraa barachuuf kan gargaaru ta`ee, isa gara fuula duraaf haala mijeessuun guddina afaanii irratti gahee guddaa akka qabu hubachuun danda`ameera.

Akkaataan moggaasa maqaalee bakkeewwaniifi laggeenii dur irraa eegalee jijjiirama akkamii keessa darbee akka as gahe ilaalameera. Maqaan sirnoota bulchiinsa adda addaa keessa kaayyoo adda addaa qabaachuun dhimma barbaadame galmaan gahuu keessatti bakka olaanaa akka qabu hubatameera.

Maqaan moggaafamu kunis yoomessa dhaabbataa ta`e kan qabu osoo hin taane, dhimmoota adda addaan wal qabsiifamee kan moggaafamu akka ta`e raga manguddoolii irraa argame ka`umsa godhachuun qaacceffamee ibsi itti kennamuu danda`eera.

Akkaataa moggaasa maqaa bakkaafi lagaa keessatti akka ka`umsaatti maal maal akka bu`uureffachuun raawwatamu qorannoo kana keessatti ragaan manguddoolii irraa argameen kan qindaa`edha. Kunis bu`uurri moggaasa maqaa sanyii waliin wal qabate, siyaasa, amantaa, qubsumaa, teessuma lafaa, haala qilleensaa, biqiloota, gootummaa, bakka jireenya bineensotaa, seenaa darbe yaadachuufi kanneen kana fakkaataniin walqabsiisuu irratti akka ta`e sakatta`amee erga qaacceffamee booda hiikni itti kennameera.

Walumaa galatti yoo ilaalamu Oromoon aadaa moggaasa maqaa bakkaa kan mataa isaa kan qabuufi adeemsa maqaan itti moggaafamu keessaa xiyyeeffannoon aadaa, seenaa, afaaniifi eenyummaa isaaf bakka olaanaa kan kennu yoo ta`u, kunis durii kaasee hanga ammaatti jijjiirama adda addaa agarsiisuun kan as gahedha. Dabalataanis sirnoota darban keessatti dhiibbaan irraan gahamaa turus aadaafi seenaa uummatichaa rarraasee kan qabee deemu ta`uun hubatameera. Kanaafuu hawaasni Oromoo aanaa kanaa akka aadaa isaatti yeroo bakkaaf maqaa

kennu dhimma bu`uureffatu kan qabu ta`uu isaati. Dhimma kana immoo seenaa darbe ittiin yaadachuun isa ammaa ittiin madaallee kan dhufuuf haala ittiin mijeeffachuuf akka gargaaru ilaalamee jira.

Kanaafuu aadaa Oromoo keessatti moggaasni maqaalee bakkeewwanii kennamu bakka sana ittiin waamuuf qofa osoo hintaane, maqaan sun akka yaadaafi fedhii hawaasaatti mallattoo eenyummaa isaa ta`uun tajaajila. Aadaan boonsaafi miidhagaa ta`e kun yeroo ammaa kana hawaasichaan qabamee yoo jiraateyyuu bifa barreeffamaan qindaa`ee kan taa`ee hinjiru. Kanuma bu`uureffachuun akkaataan moggaasa maqaalee bakkeewwaniifi laggeenii haala qabatamaan aanaa kanaatti argameefi yaanni hayyootaa gama kanaan ibsanii jiran qorannoo kana keesatti akka sakatta`amee xiinxalamu ta`eera. Kunis bay`inaan kan wal simu ta`ee argama. Galma gahiinsa qorannoo kanaafis ragaan manguddoolii aanaa.Tolee irraa suuraa fi sagaleen viidiyoodhaan waraabamee hiikameefi ibsame gahee guddaa gumaacheera.

## 5.2 Goolaba

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti ragaaleen manguddoolii irraa argaman boqonnaa afur keessatti qaacceffaman xiinxalamanii jiru. Ragaaleen qaacceffamanii erga xiinxalamanii booda hiikamanii ibsamaniiru. Kun immoo qorannoo kana keessatti akka argannootti taa`eera.

- Hawaasa Oromoo Aanaa Tolee biratti moggaasni maqaalee bakkeewwanii aadaa boonsaafi beekamaa ta`ee hawaasicha waliin hariiroo cimaa kan qabu yoo ta'u,aadaa hawaasichaa keessatti hiika qabaachuu qaba.Akka aadaa hawaasichaatti maqaa bakkeewwanii kan moggaasu namuma iddoo sana beekuufi jiraatuudha.Kun immoo aadaan hawaasaafi moggaasni maqaa bakkeewwanii gar gar bahuu akka hindandeenye sakatta'amee bira gahamee jira.
- Akkaataa moggaasa maqaalee bakkewwanii hawaasa Oromoo aanaa kanaa ilaalchisee yeroo Oromoon of bulchaa turetti hawaasni bakka tokkotii walitti dhufee carraa argatetti fayyadamuun bakkeewwan kan moggaasu, tooba isaa eegee kan deemaa tureefi waa`ee eenyummaa saba kanaa ibsuurratti kan xiyyeeffate yoo ta`u, sirnoota bulchiinsa adda addaa keessa garuu, akkuma uummatichi hacuucamaa ture maqaalee bakkeewwanii Afaan Oromoon moggaafamaanii irrattis dhiibbaan akka ture kan namatti agarsiisudha.

Dabalataanis kaayyoon moggaasa kanneeniis amantaa, sirna bulchiinsaafi daangaa babal`fachuu isaanii kan galmaan gahaa ture ta`uun adda bahuu danda`eera.

- Hawaasni Oromoo maqaa bakkaa yoo moggsu waan akka ka`umsaatti bu`uureffatu qaba. Akka bu`uuraatti kanneen ilaalaman keessaa amantaa, siyaasa, seenaa, gosa, haala qilleensaa, biqiloota, teessuma lafaa, qubsumaa, guyyoota torbanii, gootummaafi kanneen kana fakkaatan yoo ta`an, kanneen kana xiyyeeffannoo keeessa galchuun akka maggaafaman hubatameera. Dabalataanis, maqaaleen tokko tokko bu`uura tokkoo ol qabaachuu akka danda`an qorannoo kanaan mirkanaa`era. Fakkeenyaaf , maqaa 'Maallima' jedhu yoo fudhnne, karaa tokko maqaa sa Oromoo yoo ta`u, karaa biroo immoo maqaa namaafi bakkaa yookaan qubsumaa ta`uun beekama.

- Maqaan bakkeewwanii namoota hawaasicha biratti kabajamoofi beekamoo ta'aniin, Abbaa Gadaafi Haadha Caaccuutiin moggaafamaa turuun isaa hubatameera.Haata'u malee, maqaaleen bakkeewwaniif kennaman aadaa hawaasa Oromoo hinibsine darbee darbee kan tureefi ammas akka jiru adda bahee hubatameera. Akka fakkeenyaatti Araddaa Leeqaa kan ture 'Areda leka Gabri'el' Hora Gijoo kan ture 'Besi Mika'el,' Tulluu Tolchaa kan ture 'Tumme Gebri'el'Bakka irreecha Jilaa kan ture 'Malima Giyorgis,' Irreecha Goosuu kan ture 'Lideta,' Kocee kan ture 'Koce Mariyam,' jedhamuun sirnoonni gita bittaa moggaasa bakkeewwanii tokko tokko duraan akka aadaa Oromoottii moggaafamee ture cinaatti akka fedhii, amantaafi siyaasa isaanii ibsutti deebisanii moggaasuun isaanii hubatameera. Dabalataanis maqaaleen, Dooroo Maanaqaa, Addis Safar, Addis Ketemafi kanneen kana fakkaatan magaalaafi baadiyaa keessatti maqaa garee ta`uun aadaa hawaasichaan walitti dhufeenya tokkollee kan hinqabneen moggaafamaanii argamuun isaanii hubatamee jira.

- Haala ragaa qabatamaa aanaa kanaattii faayidaa moggaasni maqaalee bakkeewwanii hawaasa Oromootiif qabu keessaa, hawaasa murtaa`oo ta`e hawwaasa bal`aa biratti akka beekamu taasisa. Madda seenaati; eenyummaa namaa ibsa.Akkasumas nidaawatama. Moggaasa maqaa keessaan, aadaa, seenaa, xiinqooqaafi haalli jireenya hawaasaa ni ilaalama.Akkasumas guddina Afaan Oromootiif shoora olanaa akka taphatu hubatameera.

### 5.3 Yaboo

Ragaaleen funaanamanii qaacceffamuun gaaffileebu`uuraaf deebii argamsiisan irratti hundaa`uun yaada kallattii qorannoo fuulduraaf kaa'uun barbachisaadha. Kanaafuu aadaa moggaasa maqaa aanaa Tolee hinsakatta`amiin jiru bifa armaan gadiin taa'aniiru.

- Aadaa moggaasa maqaa bakkeewwanii hawaasa Oromoo Aanaa Toleefi jechoota moggaasa maqaa bakkeewwanii aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasichaa ibsan qaamni dhimmi isaa ilaallatu irra deddeebiin sakatta'ee, barreessee dhaloonni dhufu akka irraa baratuuf ol kaa'uu qaba.
- Akkaataa moggaasa maqaalee bakkeewwaniirrati manguddooliin aanaa kanaa hubannoo gahaa akka qaban hubatameera. Aadaa boonsaa kabajaafi eenyummaa hawaasa Oromoo waliin hariiroo cimaa qabu kana Waajjirri Aaadaafi Tuurizimii aanaa kanaa, qorannoo yeroo yerootti gaggeessun qindeessee, barreessee dhaloota haaraa barsiisuun itti fufsiisuuu qaba.
- Moggaasni maqaalee bakkeewwanii qabiyyeewwan kanneen akka, seenaa, amantaa, afaan haala teessuma lafaa ibsuu, haala qilleensaa, gootummaa, gosa, siyaasa, qubsumaa, amantaa, biqilootaafi gochaalee adda addaa ibsuun moggaafaman aadaa Oromoo aanaa Tolee kan calaqqisiisanidha. Keessumaa, maqaaleen gandootaa, gareewwaniifi laggenii gosa bu'uureffatanii moggaafaman Waajjirri Aadaafi Tuurizimii aanichaa hubannoo hawaasni dhimma kanarratti qabu cimsuuf jajjabeessuufi dinqisiifachuu qaba.
- Aadaan moggaasa maqaalee bakkeewwanii seenaa uummata Oromoo durii kaasee jiijjiirama adda addaa keessa darbuufi bakka tokko tokkotti kan moggafamaa turanis kan aadaafi seenaa hawaasichaa hinibsane ta'uun isaa sakatta`amee jira. Kanaafuu, Waajjirri Aadaafi Tuurizimii Aanaa Tolee sadarkaa aanaatti gumii kunuunsa aadaa durii hundeessuun kunuunsa aadaa cimsuufi wal makiinsa tokko malee haala wal fakkaatuun hubannoo hawasaa dabaluun tursiisu qaba.
- Akka haala qabatamaa aanaa kanaatti faayidaa moggaasni maqaa bakkeewwanii hawaasa Oromootiif qabu keessaa, hawaasa murtaa`oo hawaasa bal`aa biratti beeksisa. Keessumattuu, maqaan gosa bu`uureffatee moggaafamu saba biroo kan bakka birootii dhufe maqaa gosaa moggasee ofitti dabaluun tajaajila argachuu qabu akka argatu taasisa. Kun immoo hawaasicha waliin tokkummaa, kabaja, jaalala, walgargaarsa, kunuunsa qabeenya uumamaa, tajaajila saffisaafi daangaa kabachiisuu irratti gahee waan qabuuf, Waajjirri Aadaafi Tuurizimii AanaaTolee aadaa kana tursiisuuf gumaacha taasisuu qaba.

## Wabiilee


Abdulsamad Mahaammad. (1994*). Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Bole pirinting press. *Literature studies.* L

Andreas, H. (2005). *The ocio- linguistic of Akian personal name*. KOFAGYEKUM University of Ghana: Logoon.

BATO.(1998).seenaa Oromoo hanga jaarraa16ffaa,Finfinnee:

Berit, S. (2010).*An investigation of the formation and development of Old Norse place names*: Retived from.

Brown, K. (2006). *Encyclopedia of Language and Liguistic. vol. No.3(2nd Ed)* .U.K. Elsever Ltd.

Crystal, D. (1989). *The Cambridge encyclopedia of language*. Cambridge: Cambridge University press.

Dasta D.(2002) . Bu'uura Qorannoo: Yuuniversitii Finfinnee. Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dastaa D.(2013). Bu'uura Qorannoo: Yuuniversitii Finfinnee. Dhaabbata Maxxansa Boolee.

Denscombe, M. (2007).*The good research guide for small scale social research products* (3rd Ed): Open University press.

Dunkling, L. (1977). *First Names.* London: M. Dent and Sons Litd.

Eddy, B. (2005). *New encyclopedia britnica*.volume.*22 (13 Ed)*.USA:Inc

Elias Bahiru.(2004). *Amharic Onomastics*.A class Ethiopia Legecy Concept.vol. J. London: Mellen press.

Eugene, H. (2008*). A comment on Harner*.AE.American ethinologist.vol.9.No.3.Woshington Univrsity.

Getaachoo Rabbirraa. (2009*). Furtuu*.Finfinnee: Dhaabbata Manxxansa Kurraazii.

Helleland, B.and Larsen,T. (2005*).The place names Act of* NORWAY of 1990 with Amendments:Norway.

Hornby, A.(1995*).Oxford advanced learner`s dictionary*.(5th Ed).New York: Oxford University press.

Hurbert.B. (1980).*Sprit and power*: Analysis of shone cosmology. Oxford: Oxfrd University press.

Jane,B.(2003*).Evaluating non randomized intervention studie* Health Technology Assessement;vo1.7No.27.Retrivedfroms.

Kirstin, M .(2002). *Organizational Research Methods*, volume.5 No.4, Cornell University: Sage Publicatios

Marsanii Bobbaasaa (2008*). Duudhaa*. Barruulee Ayyaana Irreechaa, Finfinnee D.G.printing Enterprise

Naomi, K. (1993). State of the world`s Indigenous peoples: UNICEF.Bakkimaxxansaa kan hin beekamne

Nettle, D and Romaine,S. (2000).*Naming and Linguistic Africanismsin African American Culture* .Lunphanda Ohio state Univrsity.Lingref

Nunan, D.(1992). *Research Methods in language learning*. Cambridge: Cambridge University press.

Powell . M..(1990).Biblography of place naming Litrature,Canada:Canada.

Smith, E..(1969). *Theory of name lore*. New York:Harper and Raw publisher.

Stewart, G ..(1967).*Name of the land. A historical account place naming in the United state*. Boston:Houston Milton Company

Tafarii Ayyaanaa. (1988) Caasluga Afaan Oromoo.Finfinnee:Asteer Naggaa publisher.

Takele Abdeta . ( 2008 ) . Essential English For Grades 9 & 10 .Addis Ababa :

Thomas, Th..(1988). *Australian Aboriginal place names research*. Retrived fromfacualty.washington.edu/hun/vitae/

Victor, D..(2009). *Research Design and Methods for studying cultures*. NewYork:Altamaria press.

Zalaviz, Z. .(2001).*Road name address notifications government of South Australia*, Hangary UK.

## Dabalee A: Gaaffilee Afgaaffii Manguddoolii Aanaa Toleetii Dhiyaatu

**GaaffileeAfgaaffii Manguddoolii/Jaarsolii Aanaa Toleetii Dhiyaatu**
**Yuunivarsiitii Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa,Qo'annoo Afaanotaa,**
**Jornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo**

**Hubachiisa:**

Kaayyoon gaaffilee kanaa Yunivarsiitii Finfinnee sagantaa digrii lammaffaatti qorannoo "Xiinxala Moggaasa Maqaa Bakkeewwaniifi Laggeen Aanaa Tolee" jedhuuf qofa kan oolu ta'a.

**Qajeelfama:**

**Gaaffilee armaan gadii haala qabatamaa aanaa kana keesa tureefi Muuxannoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftanan isin gaafadha.**

1. Moggaasni maqaa bakkeewwanii akka aanaa Toleetti akkamitti adeemsifamaa as gahe?
2. Akka aanaa Toleetti moggaasni maqaa bakkeewwanii maalirratti hundaa'uun moggaafama?
3. Akka aanaa kanaatti maqaa bakkeewwanii moggaasuu keessatti qooda kan fudhatan eenyu fa'i ?
4. Bakkeewwan aanaaTolee keessa yeroo ammaa kana jiran hundaaf jaarsolii Oromootu maqaa itti moggaasee? Deebiin keessan' lakki' yoota'e,eenyutu itti moggaase?Maaliif ?
5. Hawaasni Oromoo aanaa kanaa moggaasa maqaa bakkeewwaniifi laggeeniirraa faayidaa maalii argata?
6. Adeemsi moggaaasa maqaa bakkeewwaniifi laggeenii aanaa Tolee kan duriifi kan si'anaa garaagarummaa qabaa? Yooqabaate maal maal fa'i laata ?
7. Gaaffiiwwan dhiyaatan kanaa alatti moggaasa maqaa bakkeewwanii ilaachisee yaanni hafe yoo jiraate mee natti himuu dandeessuu ?

## Dabalee B: Gaaffilee Afgaaffii Garee Maree Xiyyeeffannoo Manguddoolii

## Aanaa Toleetii Dhiyaatu

**GaaffileeAfgaaffii Manguddoolii/ Garee Maree Xiyyeeffannoo AanaaToleetii Dhiyaatu**

**Yuunivarsiitii Finfinnee,Kolleejjii Namoomaa,Qo'annoo Afaanotaa**

**Jornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo**

**Hubachiisa:**Kaayyoon gaaffilee kanaa Yunivarsiitii Finfinnee sagantaa digrii lammaffaatti qorannoo "Xiinxala Moggaasa Maqaa Bakkeewwaniifi Laggeen Aanaa Tolee" jedhuuf qofa kan oolu ta'a.

**Qajeelfama:**

Gaaffilee armaan gadii haala qabatamaa aanaa kana keesa tureefi Muuxannoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftanan isin gaafadha.

1. Moggaasni maqaa bakkeewwanii kan aanaa Tolee akkaamitti adeemsifamaa ture ? Yeroo Si'anaa kan hoo akkamitti adeemsifamaa jira ?
2. Hawaasni Oromoo aanaa Tolee maqaa bakkeewwanii yemmuu moggaasu maalirratti bu'uureffatee moggaasaa as gahe ?

3. Akka anaa kanaatti moggaasa maqaa bakkeewwanii keessatti eenyufaatu qooda fudhata ture ? Yeroo si'anaa kana hoo ?

3.1 Namni moggaasa maqaa bakkeewwanii keessatti qooda fudhachuu qabu ulaagaaleen inni guutuu qabu maal maal fa'I ?

3.2. Akkaa odeeffannoo qabdanitti bakkeewwan kan akka magaalaawwan, ganddoota, araddaaw-Wan, laggeeniifi kanneen kana fakkaatan hundaaf jaarsoliidhuma Ormoo qofatu maqaa mog-Gaasaa turee ? Deebbiin keessan 'lakki'yoota'e, eenyu fa'itu dabalataan huirmaachaa ture ? Maalliif barbaachise ?

4. Faayidaan moggaasni maqaa bakkeewwanii hawaasa Oromoo aanaa Toleef qabu maal fa'i ?

5. Moggaasa maqaa bakkeewwanii aanaa kanaa ilaalchisee waanti marii kana keessatti hinkaaneYoojiraate mee naaf ibsaa .

**Dabalee C: Manguddootaafi Qorattoota Aadaa Aanaa Tolee Af-gaaffii irratti hirmaatan.**

| T.L | Maqaa | Saala | Umrii | Aangoo | Ganda |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Angessaa Kootuu | Dhi | 82 | Guula | Koocee maaramii |
| 2 | Damaamuu Bajigaa | Dhi | 59 | Qorataa Aadaa | Xummee Yaayyaa |
| 3 | Daani'eel Baqqalaa | Dhi | 48 | Itti gaafatamaa Waajjira Aadaa fi Turizimii Aanaa Tolee | Baantuu |
| 4 | Fatansaa Kootuu | Dhi | 86 | Guula | Koocee Maaramii |
| 5 | Goljaa Fatansaa | Dhi | 55 | Jaarsa | Koocee |
| 6 | Gowwomsaa Bayyanaa | Dhi | 85 | Guula | Koocee |
| 7 | Lidatuu Lammeessaa | Dhi | 73 | Jaarsa | Baantuu |
| 8 | Nigaatuu Daammanaa | Dhi | 45 | Qorataa Aadaa | Baantuu 01 |
| 9 | Rafuu Tulluu | Dhi | 75 | Guula | Koocee |

## Dabalee D: Manguddootaa Aanaa Tolee Maree Garee Xiyyeeffannoo

| T.L | Maqaa | Saala | Umrii | Sadarkaa Barnootaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Angessaa Kootuu | Dhi | 82 | | Koocee maaramii |
| 2 | Damaamuu Bajigaa | Dhi | 59 | Digrii Tokkoffaa | Xummee Yaayyaa |
| 3 | Daani’eel Baqqalaa | Dhi | 48 | Digrii Tokkoffaa | Baantuu |
| 4 | Fatansaa Kootuu | Dhi | 86 | - | Koocee Maaramii |
| 5 | Goljaa Fatansaa | Dhi | 55 | - | Harmuufoo Soolee |
| 6 | Gowwomsaa Bayyanaa | Dhi | 85 | - | Koocee |
| 7 | Lidatuu Lammeessaa | Dhi | 73 | - | Baantuu |
| 8 | Nigaatuu Daammanaa | Dhi | 45 | - | Baantuu 01 |
| 9 | Rafuu Tulluu | Dhi | 75 | - | Koocee |

**Dabalee E: Gabatee Bu'uura Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii**

| T.L | Bu'uuraalee Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii | Fakkeenyota kennaman |
|---|---|---|
| 1 | Guyyoota torbanii | Lafa gabaa jimaataa,Lafa Gabaa Sanbataa |
| 2 | kan siyaasa waliin wal qabatan | Koocee Maariyam,Lidataa,Biyya Dajjaazmaach Baalchaa Abbaa Nabsoo,Biyya Giraazmaach Kaasayee,Biyya Giraazmaach Habta Maariyam Nigaatuu |
| 3 | Kan qomoo waliin wal qabatan | Tum'ee, Daaccii, Bacho, Boodhaa, Baantuu, Harmuufoo Bilii, Corree, Basii, Biliidaa, Abukeekkoo, Aallee, Laga Koocee, Laga Bottionnee, Aallanuu, Yaayyaa, Garee Siibaa, Holqa Koocee, Dhagaa dhaabbii Harmuufoo Soolee, Dhagaa Dhokaat |
| 4 | Kan iddoowwan gootummaa b'uureffatan | Siidaa Baalchaa Abbaa Nabsoo,laga Waatiraa, Awwaala Tufaa Daadhii, Awwaala Ingidoo |
| 5 | Kan haala teessuma lafaa ibsan | Ilaala Daalattii, Laga Tamsa'aa, Gololee, Laga Ulaandhulaa, Ganda Jijjigaa, Golba Lalisaa, Daandii ashaboo, Laga Carii, Laga Mata Hidhaa, Garee Qarsaa,Laga Qallaa, Migiriddii |
| 6 | Kan seenaa adda adda ibsan | Baddaa Qeerroo, Tulluu Tolchaa, Hawwaala Hrmuufoo Soolee |
| 7 | Kan bakka amantaa bu'uureffatan | Malkaa Irreechaa, Malkaa Amanii, Tulluu Jaarfii, Malkaa Ilmaan Odaa, Malkaa Tolchaa Garbii Ateetee, Maaramii Koocee, Mikaa'ela Baantuu, Adaadii Maaramii |
| 8 | Kan haala qubsama bu'uurfeffatan | Maallima,Tum'ee, Leeqaa, Bilii, Allanuu, Kuraa |
| 9 | Kan maqaa namaa bu'uureffatan | Abeebee, Lalisee, Laga Tagabaa, Laga Tajii, Gibsaa |
| 10 | Kan biqiloota bu'uureffatan | Laga Qacaa, Laga Somboo, Laga Leemman, Ganda Kusaayee, Hadaafi Qoree, Qarree Ejersaa, Ganda Arangamaa, Agamsa Jilaa, Garee Alaltuu |
| 11 | Kan haala qilleensaan walqabatan | Ganda Bubbisaa,Ganda Dagaa(Baddaa) |
| 12 | Kan Mudannoo Bu'uureffatan | Dhagaa Saddeeqaa, Holqa Huummoo, Daandii Guraagee, Hurufa Garmaamtuu |

## Dabalee F : Gandoota Aanaa Tolee

1. Baantuu
2. Lukkuu Kuraa
3. Abeebee
4. Kusaayee
5. Aallee
6. Soobboo Caancoo
7. Basii Abu Keekkoo
8. Migiriddiifi Wasarbbii
9. Jawwaaroo Koraa
10. Basii Biliidaa
11. Tulluu Tajii
12. Qursittiifi Araddaa Leeqaa
13. Bilii Maallimaa
14. Tummee Yaayyaa
15. Allanuu
16. Gololeefi Tamsaa
17. Dhokaat
18. Armuufoo Tajii
19. Armuufoo Soolee
20. Baantuu Boodhaa
21. Koocee Maaramii
22. Maallimaa Tummee Cirfaa
23. Gonnaaniifi Bubbisaa
24. Tummee Waayyuu
25. Maallimaa Sadan Bottonnee

## Mirrkaneessa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame qorannoo mata duree Xiinxala Moggaasa Maqaa Bakkeewwan Aanaa Tolee jedhuun qophaa'e kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaafi haala qabatamaa dirree qorannoo sanaa qofarratti kan xiyyeeffate ta'uufi madda raga koos sirnaan kanan wabeeffadhe ta'uu isaa nan mirkaneessa.

Maqaa______________________________________________

Mallattoo____________________________________________

Guyyaa,Sadaasa, ____________